**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKILOORII**

# TAPHA IJOOLLEE OROMOO BULCHINSA MAGAALA SHAGGARITTI KUTAA MAGAALA FURII AGARSIISA CAACCULEE BARUU BARSIISUU AFAAN OROMOO AKKA AFAAN DHALOOTAAF OOLCHUU

**AYYAANTUU DIRRIBAA DACHAASAATIIN**

**HAGAYYA, 2016/2024**

**ADDIS ABABAA/ FINFINNEE**

# TAPHA IJOOLLEE OROMOO BULCHINSA MAGAALA SHAGGARITTI KUTAA MAGAALA FURII AGARSIISA CAACCULEE BARUU BARSIISUU AFAAN OROMOO AKKA AFAAN DHALOOTAAF OOLCHUU

**QORATTUUN: AYYAANTUU DIRRIBAA DACHAASAA**

**GORSAAN: TAADDASAA JAALATAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI HOG-BARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKILARIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKILOORII**

**HAGAYYA, 2016/2024**

**ADDIS ABABA/FINFINNEE**

**YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA**

**DHAABBATA DIGIRII DURAATIIN BOODAA**

Waraqaa Qorannoo Ulagaa Digirii Lammaffaa (Ma) Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisuu guuttachuuf *Ayyaantuu Dirribaa Dachaasaatiin*, mata duree "***Tapha Ijoollee Oromoo Bulchinsa Magaala Shaggaritti Kutaa Magaala Furii Agarsiisa Caacculee Baruu Barsiisuu Afaan Oromoo Akka Afaan Dhalootaaf Oolchuu"*** jedhuun dhiyaate /qophaa'e/ sadarkaa yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qorataa alaa …………………………………….. mallattoo ……………… Guyyaa ………..…

Qoraa keessaa …………………………………… mallattoo ……….. Guyyaa ………………

Gorsaa …………………………..…..…. …….Mallattoo ……………. Guyyaa …………….

---

Itti Gaafatamaa Muummee Yookiin Qindeessaa Digirii Lammaffaa (MA)

## *Axareera*

*Kaayyoon qorannoo kanaa, "Tapha Ijoollee Oromoo Bulchinsa Magaala Shaggaritti Kutaa Magaala Furii Agarsiisa Caacculee Baruu Barsiisuu Afaan Oromoo Akka Afaan Dhalootaaf Oolchuu." Jedhu xiinxaluudha. Sababiin daa'imman abdii boruu ta'aniif aadaa, safuu, seenaa fi duudhaa saba isaanii afaan dhaloota isaaniin barsiisuun qabiyyee fi yaada barnoota baratanii karaa salphaa ta'een akka hubatan taasisuu isaa qorannoon adda adda waan mirkaneessuufidha. Adeemsa qorannoo kana tarkaanfachiisuu keessatti barruuleefi qorannoowwan mata-duree kanaan walfakkaataan sakatta'amaniiru. Kaayyoo kana galmaan gahuuf ragaan duudhaa hawaasaa yoomessa dhugaafi namtolchee keessaa: daawwannaa, af-gaaffii, marii gareefi sakatta'a dokumentiiddhaan funaanamee jira.Malli iddatteessuu qorattuun dhimma itti baates mala idatteessuu akka kaayyoofi miti-carraa yoo ta'u, odeeffannoowwan haala kanaan funaannamanis mala akkamtaatiin qaacceffamee bifa addeessuun dhiyaateera. Haaluma kanaan, qorannoo kana keessatti tapha ijoolleetti gargaaramuun akka caaccuulee baruu barsiisuu Afaan Oromoo akka afaan dhalootaaf oolchuuf , gosoota taphoota ijoollee kutaalee magaalaa Furii kanaa, faayidaa isaanii, akkaataa taphichi itti qophaa'uufi haala taphni kun ittiin taphatamu, yoomessa taphichi kun keessatti taphatamuufi wantoota yeroo ammaa tapha ijoollee kanarraan dhiibbaa geessisaa jiran fa'atu qaacceffame. Yaadxinoota fookiloorii, ogummaa afaaniifi kalaqaan xiinxalameera. Qaacceffama kana, giddugaleeffachuun, gosoonni tapha ijoollee, afaaniiniifi sochiifi afaaniin dhiyaatan,yoomessa garagaraa keessatti taphatamuu danda'aniifi taphoonni haala kanaan aadaa hawaasaa calaqqisiisan kun yeroo ammaa xiyyeeffannoo argachuu dhabuurraan kan ka'e taphoota ammayaatiin bakka buufamuun dagatamaa jiraachuun bu'aa qorannoo kanaan bira gahameedha. Afoollan taphoota ijoollee naannoo qorannoo kanaatti beekaman kanneen qooda fudhattootni manneen barnootaa Afaan Oromoo keessatti baratamuu Mootummaa naannoo Oromiyaa,hawaasni Oromoo, barattootniifi barsiisotni Afaan Oromoo cichanii irratti hojjechuun hudhaalee gama kanaan mul'atan furuufi hundeerraa dhabamsiisuuf kutannoo akka barbaadu addatti ifoomeera.Miidiyaalee hawaasaa, Televizhinoonni, raadiyooleen, barruuleefi kitaabilee Afaan Oromoon maxxansamanillee miidhagina yookiin bareedina aadaa,afoola, safuufi duudhaa Oromoo daran beeksisuuf cimsanii gadfageenyaan irratti hojjechuun barbaachisaadha. Kana malees, Qophiileen kitaabilee sirna barnootaa Afaan Oromoo sadarkaa daree garaagaraa keessatti yeroo ammaa kana haammatamanii jiran seecca'amanii madaalamuun barbaachisaadha. Kanarraa ka'uudhaan, rakkoolee kanneen hir'isuuf dhimmoonni akka: tapha ijoollee suuraafi sagaleen waraabanii dhalootaaf hambaa godhanii kaa'uu, hawaasni sadarkaa sadarkaan jiran dhimma tapha ijoolleef akka bakka kennan gochuuf, waajjirri Aadaafi Tuuriizimiifi Dargaggoofi Ispoortiillee kanneen aadaa keessatti hammatamuu qaban irratti ogeeyyiin qorachiisee osoo bakka argachiisee, qorattoonni dhimma tapha aadaa ijoollee kanarratti qorannoo kana ka'uumsa godhachuun kallattii garagaraan akka ilaalaniifi yaada gara fuulduraatiif furmaata barbaaduun yaboo qorannoo kanaati.*

## Galata

Hunda dura waaqayyo isa najalqabsiisee naxumursiiseen guddaan galateeffadha. Waan hundumaan yeroo qaalii isaanii fudhatanii, osoo na hin hifatiiniifi hin nuffiin gorsaafi yaada bilchaataa naaf kennuun waraqaan qorannoo kootii kun haala kanaan akka qophaa'u kan taasisan gorsaa koo, Dr. Taaddasaa Jaalataaf galanni ani qabuuf daran ol'aanaadha.

Akkasumas galma ga'iinsa qorannoo koo kanaatiif bu'uura ta'uudhaan ragaa qulqulluu naaf kennuun kanneen naaf tumsan ijoollotaafi namoota gandoota Bulchiinsa Magaalaa Shaggar kutaa magaalaa Furii keessaa filataman, akkasumas, Kutaa bulchiinsa Magaalaa furiitti Biiroo Aadaafi Tuuriizimii, barsiisota Afaan Oromoo buleeyyii Manneen barnootaa Kutaa Magaalaa Furii keessatti hojjetaa jiran miti-carraaan filatamanii odeeffannoo bilchaataa naaf kennaa turan baayyeen galateeffadha.

Dabalataan barsiisaa Afaan Oromoo kan ta'e barsiisaa Tamasgeen Tuulii galma ga'iinsa qorannoo kootii kanaaf sababa ta'an kan yeroo isaanii osoo hinqusatin kallattii barbaachisu hundaan na deeggaran keessumaa, abbaa Warraa koo obbo Immiruu Margaaf kabaja, jaalalaafi galanni ani dhiyeessu guddaadha.

## Jibsoo

Fkn………………..……..……….. Fakkeenyaaf

Kkf ……………….…….…………Kanneen kana fakkaatan

Agarsiisa…………………………. Kan ittiin ilaalamu, kan keessatti ilaalamu

Bareedina………………………… simboo, waan nama hawwatu tokko

Caaccuu ………………………… ruqoo, qabiyyee waan tokkoo

Ceepha'uu: ……………….……… qeequu, mudaa waan tokko qabu

Fufsiisuu…………………………..Akka addaan hincitne gochuu

Furii………………………………..Tapha ijoollee gareen taphatamu

Hurufa……………………………..dirree, lafa ciisaa

Maalaluu……………………………Hawwachuu, jaallatamuu

Mara………………………………..Hunda, waliigala

Miidhagina…………………………Bareedina, simboo

Mudama……………………………itti gaafatamummaa fudhachuu

Muuduu……………………………. Dhadhaa dibuu, aangoo kennuu

Namtolchee…………………………..kan namaan tolfame, uumee kan hintaane

Qaqqabummaa………………………Waliigahummaa, akka waliin gahu gochuu

Qondaalaa……………………………Itti gaafatamaa, hoogganaa,dursaa

# BAAFATA QABIYYEEWWANII

MATADUREE FUULA


Axareera ........ ii

Galata ........ iii

Jibsoo ........ iv

BOQONNAA TOKKO: .SEENSA QORANNICHAA ........ 1

1.1. Seen- duubee Qorannichaa ........ 1

1.2. Ibsa Rakkoo Qorannichaa ........ 2

1.3. .Ka'umsa Qorannichaa ........ 2

1.4. Kaayyoowwan Qorannichaa ........ 4

1.4.1.Kaayyoo Gooroo ........ 4

1.4.2. Kaayyolee Gooree ........ 5

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 5

1.6. Daangaa Qorannichaa ........ 5

1.7. Hanqina Qorannichaa ........ 6

1.8. Seen-duubee Haala Waliigalaa Iddoo qorannichaa ........ 7

1.9. Qindoomina Qorannichaa ........ 8

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A OG-BARRUU QORANNICHAA ........ 9

2.1. Maalummaa fi Faayidaa Afoola Oromoo ........ 9

2.1.1. Aadaa fi Duudhaa Hawaasaa Jabeessuufi Cimsuuf ........ 11

2.1.2. Dhaloonni Akka Afaan Itti hiikkatan Ittiin Barsiisuuf ........ 11

2.1.3. Amala Fudhatamaa Ta'e Ittiin Dagaagsuuf ........ 12

2.2.Gahee Ijoolleen Fookloorii Keessatti Qaban ........ 12

2.3. Akkaataa Ijoolleen Gareen Fooklooriitti Hirmaataniin ........ 14

2.3.1.Sadarkaa Maatiitti ........ 15

2.3.2. Sadarkaa Ollaatti ........ 16
2.3.3. Sadarkaa Mana Barumsaa Idileetti ........ 16
2.4. Maalummaa Tapha Ijoollee Oromoo ........ 17
2.5. Gosoota Tapha Ijoollee Oromoo ........ 18
2.6. Yoomesssa Raawwii Tapha Ijoollee ........ 19
2.7. Barbaachisummaa Afaan Dhalootaan Barachuu ........ 20
2.8. Faayidaa Afaan Dhalootaan Barachuu ........ 21
2.8.1. Dandeettii Hubannaa Dagaagsuu ........ 21
2.8.2 Ilaalcha ofiif Qaban Gabbisuu ........ 21
2,8.3. Barnoota Qulqullina Qabu Kennuu ........ 22
2.9. Yaaxxinaalee Qorannoo Fookiloorii ........ 22
2.9.1. Yaaxxina Faayidaa ........ 23
2.9.2. Yaaxxina Haalaa ........ 24
2.10. Gahee Afoolaa Yaaxxina Ogummaa Afaanii keessatti ........ 27
2.10.1. Gahee Afoolaa Ogummaa Dhageeffachuufi Dubbachuu Keessatti ........ 28
2.10.2.Gahee Afoolaa Ogummaa Dubbisuufi Barreessuu Keessatti ........ 28
2.11. Qorannoowwan Hojii Kanaan Walitti Dhufeenya Qaban ........ 31
BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNOO ........ 35
3. MALLEEN QORANNICHAA ........ 35
3.1 Irraawwatama Qorannichaa ........ 35
3.2 Iddattoo Qorannichaa ........ 35
3.3. Madda Ragaalee ........ 36
3.4. Malleen Funaansa ragaalee ........ 36
3.4.1. Af-gaaffiin, ........ 36
3.4.2 Sakatta’a dookumntii/Harshamee ........ 37

3.4.3. Marii garee Xiyyeeffannoo (FGD) ........ 37
3.5. Mala Qacceessa Ragalee ........ 37
3.6. Naamusa Qorannoo ........ 37
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA QORANNICHAA ........ 38
4.1. Afoollan Taphoota ijoollee caacculee Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barsiisuuf gargaaran ........ 38
4.1.1. Afoollan Gareen Taphataman ........ 38
4.1.1.1. Eebba Oromoo Godinaalee Garaagaraa ........ 38
4.1.1.2. Afoollan Tapha ijoollee Qareeyyii ta’an ( Witicisms ) ........ 45
4.1.1.3. Taphoota Af-Walaloodhaan Dhiyaatan ........ 47
4.1.1.3.1. Geerarsa Garagaraa ........ 47
4.1.1.3.2. Faaruu/sirba Gadaa ........ 49
4.1.1.3.3. Faaruu Loonii ........ 50
4.1.1.3.4. Urursa Daa’immanii ........ 52
4.1.1.3.5. Faaruu Ateetee ........ 53
4.1.1.3.7. Faaruu Yeroo Birraa ........ 54
4.1.2. Taphootas Ijoollee Sochiifi Jechaan Taphataman ........ 56
4.1.2.1. Tapha Ijoollee Tokkooyyee Lamooyyee ........ 56
4.1.2.2. Tapha Maarrabee koo argitanii? /Shaashii koo argitanii?/ ........ 60
4.1.2.3. Tapha Furii Ijoolleen taphatan ........ 61
4.1.2.4. Tapha ijoollee Qaaxee ........ 62
4.1.2.5. Taphoota ijoollee Sirbootaafi Shubbisa aadaa ........ 64
4.1.3.Taphoota ijoollee Koornayaa addaan Baasuun Taphataman ........ 66
4.2. Rakkoolee Afoola Tapha ijoolleen Afaan Dhalootaa Barsiisuu Keessatti Mul’atan ........ 66
4.3. Malleen Afoolaan Afaan Barsiisuu ........ 67

4.3.1.Mala Dhiheenyaa Afaanii Bu'uurreffate ( Language Based Approach) ....................... 67
4.3.2. Mala Dhiheenyaa Ogummaa Afaanii Bu'uurreffate ( Language Skill Based Approach) ........................................................................................................................ 68
4.3.3. Mala Dhiheenyaa Kalaqaa ( Creative Methology) ..................................................... 68
4.4. Haala Afoolli Caaccuu Barnoota Afaaniitiif Filatamuuf Ittiin Dhiyaatu......................... 69
4.5. Gosoota Gilgaalota Afoola Afaan Oromoo Tokko Keessaa Qophaa'uu Danda'anii ...... 71
4.6. Qooda Fudhattootaafi Haalota Mijachuu Qaban............................................................... 72
4.6.1. Barsiisota Afaan Oromoo Gahumsa Qaban ............................................................... 72
4.6.2. Kaka'umsa Barattoota Afaan dhalootaa baratanii ..................................................... 73
4.6.3 Maatii Barattootaa ......................................................................................................... 73
4.6.4. Qaqqabummaa Teekinooloojii ..................................................................................... 74
4.7. Rakkoolee /Hudhaalee Miidiyaa Hawaasummaatti gargaaramuun Mul'atan.................... 74
4.8. Taphoota ijoolleen yeroo hundaa Yeroo isaanii ittiin dabarsan...................................... 75
4.8.1. Taphoota yeroo ammaa kana ammayyeeffamaa dhufan ijoolleen taphatan................ 76
4.8.2. Geemota garaagaraa Daa'immaniif Dhiyaatan .......................................................... 76
BOQONNAA SHAN: YAADA GOOLABAA, ARGANNOO FI YABOO ............................ 77
5.1. Yaada Goolaba .................................................................................................................. 77
5. 2. Argannoo Qorannichaa .................................................................................................... 79
5.3. Yaada Furmaataa Qorannichaa ......................................................................................... 80
Dabalee A................................................................................................................................ 84
Dabalee B................................................................................................................................ 86
Dabalee C................................................................................................................................ 88

# BOQONNAA   TOKKO: .SEENSA QORANNICHAA

## 1.1. Seen- duubee Qorannichaa

Sabni Oromoo aadaa eenyummaa isaa ibsu qaba. Aadaa nyaataa, aadaa uffataa, aadaa faaruu, aadaa ayyaaneffachuu qabu (Abarraa, 1995). Uummanni Oromoo akkuma saba kanneen biroo aadaa mataa isaa ni qaba. Kitaabni Wiirtuu Jildii 6ffaa (1993) akka ibsutti, “Aadaa fi haala sochii waliigalaa kan hawaasni tokko jireenya ofii gaggeessuuf raawwatuu fi akkaataa ittiin raawwatu hunda kan qabudha. Aadaan mul’istuu eenyummaa fi mallattoo sabichaati. Saba biroo saba tokko haala jiruu fi jireenya uummatichaa kan calaqqisiisuu fi seenaasaa kan mul’isudha. Akka Warqinaa (2008: III) ibsutti, “Aadaan mallattoo eenyummaa saba tokkooti,” jedha. Kana jechuun aadaan saba tokko kan iddoo bu’u ta’ee sabicha ibsuu kan danda’u ta’uudha.

Agarsiistuu fi ibstuu eenyummaa saba oromoo keessaa inni tokko ammoo tapha ijoolleedha. Gosoota tapha ijoollee baay’eetu jiru. Isaanis: mammaaksa, hibboo, geeerarsa, jechama, sheekkoo, walaloo,baacoo, faaruu fi kanneen biroodha (Geetaachoo, 2003). Xiyyeeffannoon qorannoo kanas gooroowwan afoolaa keessaa qaaccessa qabiyyee tapha ijoollee Oromoo Bulchinsa Magaala Shaggar, Kutaa Magaala Furii irrattidha. Haaluma kanaan Aadaan tapha ijoollee agarsiisa caacculee baruu barsiisuu Afaan Oromoo akka afaan dhalootaaf oolchuun walqabatu kunis hawaasa naannoo kanaa biratti kan beekamuudha. Taphni ijoollee gosoota afoolaa keessaa isa tokko. Ummani Oromoo ol adeemaa (daa’imman isaa taphoota adda addaatiin aadaa, seenaa, duudhaa, safuu fi jireenya hawwaasummaallee ittiin barsiifata. Taphni ijoollee naannoo irraa gara naannoo biraatti gosaan, ergaa dabarsuu fi haala yeroon itti taphatamu garaagarummaa qabaachuun isaa beekamaadha. Taphni ijoollee Bulchinsa Magaala Shaggar, Kutaa Magaala Shaggaritti taphatamus akkuma isa kan biraa amala of danda’e qaba.

Ummanni Oromoo aadaa tapha ijoollee kan ummaticha keessatti ijoollee tajaajilaa turaniifi har’as tajaajilaa jiran hedduu qaba. Aadaan tapha ijoollee ummanni Orommoos ijoollota abdii borii ta‘an kana haala gaariin guddisuuf aadaa kanattis dhimma bahee dhaloonni akka wal irraa hin citne, tooftaafi mala jireenyaa kan ittiin barsiisuudha.   Haaluma kanaan, gorsuu kan barbaadu gorsuuf. barnoota dabarsuun beekumsaafi dandeettiiwan yaadachuu fi yaaduu isaanii gabbisuu kan barbaadu tapha kanatti dhimma bahee ittiin barsiisa. Kallattii barsiisuu keessattuu dhaloota haaraa

ittiin barsiisuuf, qajeelchuufi ittiin guddisuuf aadaan tapha ijoollee baay'ee murteessaadha. Ummanni Oromoo Bulchinsa Magaala Shaggar, kutaa Magaala Furii akkuma Oromoota biroo tapha ijoollee gosa adda addaan dhimma bahuun jiruufi jireenya isaanii ni ibsatu. Seenaa darbes karaa wanta aadaa kanaan dhalootaa dhalootatti ittiin dabarfatu..

Jechi afoola jedhu kunis yeroo jalqabaatiif (1946) Joornaalii, "The Anthenaeum" jedhamu irratti jechi Afoola (folklore) jedhu mul'achuu isaa hayyuu Ingiliizii William John Thoms jedhamu ibse, Misgaanuu (2002:4). Karaa biraatiin afoolli saba afoola qabu sanaaf faayidaa adda addaa kenna. kunis: karaa qoramaata aadaatiin eenymmaa fi ilaalcha saba sanaa ibsuu yoo danda'u, akeeka qormaata afaanii immoo uummanni sun haala beekumsa afaaniif faayidaa guddaa qabu. Isaanis dhaloota barsiisa, dandeettii waa qabachuu ni dagaagsa, arraba nihiika, seeraa fi midhagina afaanii ni barsiisa fi beekumsa jechootaa ni babal'isa." jechuun ibsa.

## 1.2. Ibsa Rakkoo Qorannichaa

Mata-dureen tapha ijoolleen caaccuulee baruu barsiisuun dhaloonni akka Afaan Oromoon itti hiikkatuuf oolchuun faayidaa ummata oromootiif qabu jedhu kun qorannoo irratti gaggeesse sooft kooppii "Afaan Oromoo On line.com" barachuu jedhu keeessatti afoolli faayidaa jireenya ilma namaatiif qabu, amaloota afoolli qabuu fi akaakuu afoolli qabu jireenya hawaasummaaf qabu bal'inaan haa ibsamuyyuu malee agarsiisa caaccuulee baruu barsiisuun akka afaan oromoo afaan dhalootaaf oolchuu danda'uutti hin ibsamne. Aadaan mul'istuu eenyummaa fi mallattoo sabichaati. Akka Warqinaa (2008: III) ibsutti, "Aadaan mallattoo eenyummaa saba tokkooti," jedha. Kana jechuun aadaan saba tokko kan iddoo bu'u ta'ee sabicha ibsuu isaati. Haala walitti fufinsa qabuun Bulchinsi Magaala Shaggar kutaa Bulchinsa magaala Furii hawaasni ijoolleen isaa tapha ijoollee fi afoola qabuun afaan akka hiikkataniif hir'ina mul'atu guutuu yaaluuf qorannoo,"Tapha ijoollee Oromoo bulchiinsa magaalaa Shaggaritti kutaa magaalaa Furii agarsiisa caacculee baruu barsiisuu Afaan Oromoo akka afaan dhalootaaf oolchuu" jedhu irratti gaggefame dha.

## 1.3. .Ka'umsa Qorannichaa

Ka'umsi qorannoo kanaa, tapha ijoollee Oromoo Bulchinsa Magaala Shaggar, kutaa Magaala Furii agarsiisa caaccuulee baruu barsiisuu Afaan Oromoo akka afaan dhalootaaf oolchuudha. Sababiin daa'imman abdii boruu ta'aniif aadaa, safuu, seenaa fi duudhaa saba isaanii afaan

dhaloota isaaniin barsiisuun qabiyyee fi yaada barnoota baratanii karaa salphaa ta'een akka hubatan taasisuu isaa qorannoon adda addaa ni mirkaneessa. Afaan meeshaa guddina hawaasaa, dinagdee, barnootaa, saayinsii fi siyaasaa fiduuf kan gargaaru ta'uu isaa hayyoonni garaagaraa ni ibsu. Wolff (2006) akka ibsetti, afaan dhaloota guddina waliigaltee garee hawaasaafi namoota dhuunfaa jidduutti fiduuf haala kan mijeessudha. Kana malees, Orman(2008) afaan hubannoo sammuu namaa, hawaasummaa, eenyummaa sabummaa daa'immanii guddisuufi aadaa daa'immaanii kunnuusuuf (itti fufsiisuuf) kan fayyadudha. Afaan aadaa fi duudhaa hawaasa keessa jiru irraa dhaalama, muuxannoo fi beekumsa hawaasni horate kunnuunsuu fi dagaagsuuf sabni Oromoo ijoollee isaa afoolaan bifa tapha ta'aniin karaa hibboo, mammaksaa, walaloo, sheekkoo, baacoo fi faaruu adda addaan barsiisuun tajaajilama ture. Kun kan agarsiisu, afaan dhaloota daa'imman saba tokkoo kan murteessuufi dhibbaa guddaa ta'e irraan geessisuu danda'u aadaa og-afaaniin hawaasni ijoollee isaa afaan ittiin taphachiisaa, barsiisaa guddisuu waan ta'eef, taphoota ijoollee Oromoo akka afaan dhalootaaf ooluu danda'utti daa'imman ofii barsiisuun afaan oromoon akka afaan hiikkatan gochuu danda'uuf xiyyeeffannoo kennuun barbaachisaa ta'uu isaati.

Daa'imman sababa adda addaan barnoota isaanii afaan dhalootaan hinbaranne dandeettii karaa uumamaa fi beekumsi karaa afaanii fi aadaa hawaasa isaanii irraa gonfachuu qaban akka hin arganne akka taasisu hayyoonni adda addaa qo'annoo isaaniin ibsaniiru. Kana jechuun rakkoon guddina hawaas-dinagdee biyyoota Afrikaa inni guddaan daa'imman isaanii afaan isaaniin barsiisuu dhabuu dha. Milkeessaa (2015) akka ibsetti, Itoophiyaa keessaatti sirnoota mootota abbaa irree fi gonfoo darban keessatti ilaalchi afaan tokkoo afaan barnootaa gochuun afaan dhaloota saboota biroo ammoo cunqursuu kan turee fi afaan barnootaa akka hin taane taasisaa kan turanidha.

Biyyi keenyi bara 1994 irraa jalqabdee imaammata afaan barnoota qeenxee irraa gara imaammata afdaneetti/Afheddeetti erga geeddaramee waggaa hedduu yoo ta'eyyuu, sabni Oromoo manni barumsaa oolmaa daa'immanii fi sadarkaa tokkoffaa Bulchiinsa Magaala Shaggar kutaa Magaala Furii barnoota tajaajila afaan dhalootaan kennamu haala gahaa ta'een waan hinarganneef dirqamaan mana barumsaa afaan saba qeenxee biyyaa keessaa fi afaan biyya alaan ittiin barsiifamuun guutamaniin barsiifata. Tirusew (2005) Demeke, (2007) akka ibsanitti, daa'imman biyyattii rakkoolee adda addaa irraa kan ka'e ijoolleen carraa barnoota afaan dhalootaa isaaniin

argachuun hamma ammaatti xiqqaadha. Akkasumas,dhalootaan barsiisuu dhabuun harcaatii, irra deebii barattootaa dabaluudhaan qulqullina barnootaarratti rakkoo hamaa qaqqabsiisa jechuudhaan yaada isaa kaa'eera..

Akka waliigalatti xiyyeeffannoon qorannoo kanaas daa'imman afaan dhaloota isaaniin barachuu hafuun rakkoolee fi dhiibbaa adda addaaf akka hin saaxilamneef hawaasnii fi Bulchinsi Magaala Shaggar kutaa Magaala Furii afoola Oromoo tapha ijoollee of keessatti hammatan kanneen akka mammaaksa, hibboo, baacoo, oduu Durii, walaloo fi taphoota adda addaa agarsiisa caacculee baruu barsiisuun akka isaan Afaan Oromoo akka afaan dhaloota isaaniin godhataniif gochuudha. Mata dureen Qorannoo kanaa tapha ijoollee Oromoo agarsiisa caacculee baruu barsiisuu Afaan Oromoo akka afaan dhalootaaf oolchuu Bulchinsa Magaala Shaggar kutaa Magaala Furii irratti kan xiyyeeeffatu dha.

**Gaaffilee Qorannoo**

Waa'ee tapha ijoollee Oromoo caacculee baruu basiisuun Afaan Oromoo akka afaan dhalootaaf oolchuu dandeessisaniif gaaffileen arfan qorannoo armaan gadii qorannoo keessatti deebii argataniiru.

1. Taphni ijoollee Oromoo Bulchinsa Magaala Shaggar Kutaa Magaala Furii keessatti beekaman Maal maal fa'atu jiruu?
2. Taphoonni ijoollee yoomii, eessattii fi akkamiin taphatamuu?
3. Tapha ijoollee Oromoo Afaan Oromoon barsiisuun akka afaan dhaloota isaaniin afaan hin hiikkanneef wanti hudhaa itti ta'an maal maal fa'a?
4. Daa'imman tapha ijoollee barsiisuun Afaan Oromoon akka afaan ittiin hiikkaniif afaan dhalootaaf oolu taasisuun gahee eenyuutii?

## 1.4. Kaayyoowwan Qorannichaa

### 1.4.1.Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa xiinxala tapha ijoollee Oromoo Bulchinsa Magaala Shaggar kutaa

Magaala Furii afaan dhalootaaf oolchuu irratti kan xiyyeeffatee xiinxaludha.

#### 1.4.2. Kaayyolee Gooree

1. Tapha ijoollee Oromoo Bulchinsa Magaala Shaggar Kutaa Magaala Furii keessatti beekaman tarreessuun ibsuu.

2. Taphni ijoollee yoomii, eessattii fi akkamiin barsiifamuu/taphachiifamuu akka danda'amu addaan baasuun ibsuu.

3. Tapha ijoollee Oromoo barsiisuun akka afaan dhaloota isaaniin afaan hin hiikkanneef wantoota hudhaa ta'an addaan baasuu.

4. Daa'imman tapha ijoollee barsiisuun Afaan Oromoo akka afaan dhalootaaf oolchuu keessatti qooda Fudhattootaaf haalota mijachuu qaban addaan baasuu.

### 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun faayidaalee gurguddoo armaan gadii qabaata.

- Duudhaa, safuu fi aadaa hawaasni Oromoo qabu dhalootaa dhalootatti dabarsuu (itti fufsiisuu).
- Daa'immaan hanqina dandeettii fi beekumsa barnoota isaaniirratti qaban guuttachuun
- qabxiifi qulqullina barnoota isaanii ni fooyyeessu,
- Namootni gara fuulduraatti qorannoo dhimma kana waliin wal fakkaatu gaggeessan akka wabiitti gargaaramuu danda'u.
- Guddinaa fi dagaagina Afaan Oromoo keessatti gumaacha taasisa.

## 1.6. Daangaa Qorannichaa

Bara 2022 Kutaan magaala Furii Aanaalee sadii of jalatti hammachiisuun kan gurmeeffamte bulchinsa Magaala Shaggar keessatti argaman keessaa tokko taatee magaalaa Fifinnee irraa gara Kibba Dhihaatti fageenya kiiloomeetira kudha sagal (km 19) irratti argamtu dha. Magaalaan Sabbataa hanga bara 2022/2014tti Godina addaa Naannawaa Finfinnee keessaa isa tokko turte. Bara 2014 booda sababa hundeeffama Bulchinsa Magaala Shaggariin Magaalli Sabbataa kutaa magaala Galaan Guddaa, Magaala Sabbataa fi Furii jedhamuun bakka saditti qoodameera.

Kutaalee magaala sadeen kanneen keessaa tokko kan ta'e kutaa Magaala Furii Aanaalee caffee Karaabuu, Muudaa Furii fi Gadaa Faajjii of jalatti hammachuun gurmaa'e xiyyeeffannoo qorannoo kanaa ta'uun kan filatamedha.

Qorannoon kun kan gaggeeffame hawaasa Oromoo Bulchinsa magaala Shaggar kutaa magaalaa Furii jiraatan irratti yemmuu ta'u, dhimmi qorannichaa xiinxala tapha ijoollee Oromoo mana barumsa mootummaa sadarkaa tokkoffaa akka waliigalatti kan mootummaa ja'a kan dhuunfaa ammoo dhibbaafi afur yoommuu ta'an, manneen barnootaa mootummaa ja'an keessaa sadii warreen afaan oromoon akka afaan dhaloota isaaniitti ittiin barnoota barsiisuu irratti kan xiyyeeffatani hunda isaanii qorannoo irratti gaggeessuuf kan fudhataman dha. Sababni mana barumsaa kutaa magaala Furii manneen barumsaa dhuunfaa dhibbaa fi afur ta'an hundi isaanii afaan birootiin kan barsiisan yoommuu ta'an, manneen barnootaa mootummaa sadan hafan ammoo afaan Oromoon alatti kan barsiisan waan ta'aniif Afaan Oromoo akka afaan dhalootaaf oolchuu irratti kan hin xiyyeeffatne, haalli kennisni barnoota isaanis odeeffannoo qorannoo koof mijataa/bu'aa qabeessa waan hin taaneef dha.

## 1.7. Hanqina Qorannichaa

Akkuma qorannoowwan biroo qorannoon kunis yeroo gaggeeffamu adeemsa keessatti bu'aa ba'ii hedduu keessa darbee sadarkaa dhumaa kanarra gahe. Wantoota akka hanqinaatti adeemsa qorannoo kana keessatti mul'atan keessaa, muraasni isaanii kanneen armaan gadiiti.

- Hundeeffamaafi caaseeffamni kutaa magaalaa kanaa haaraa ta'uu isaarraa kan ka'ee fi manneen barnootaa Afaan Oromoon barsiisaa jiran baay'inni isaaniis xiqqaachuun isaa odeeffannoo argachuuf dhiibbaa narratti uumeera.

- Kutaa Magaalaa Furii kana keessa manneen barnootaa dhuunfaa 90% ta'an, kan mootummaarra heddumina waan qabaniif manneen barnootaa garaagaraa dhiibbaalee garaagaraa keessa kanneen jiran waan jiraniif, Fkn. Mana Barumsaa Turkiifi kanneen biroo keessatti manneen barnootaa Afaan Oromoon keessatti hinbarsiifamne waan jiraniif odeeffannoo funaanuuf kan hin filatamne ta'uu.

Haata'u malee, kaayyoo qorannoo koo qabadhee ka'e galmaan ga'uuf rakkoolee kanniiniif osoo gadi hinjedhiin hanqinaafi hir'ina mul'atan kana tooftaa garagaraa kanneen akka, (odeefkennitootatti iftoominaan itti siquun amansiisuu, yeroo boqonnaa isaaniitti gaaffii

gaafachuun odeeffannoo sassaabbachuufi karaan fagaatus obsaan danda’uufi kkf hunda keessa darbuun qorannoo kana galmaan ga’uu danada’eera.

## 1.8. Seen-duubee Haala Waliigalaa Iddoo qorannichaa

Magaalaan Shaggaar magaalaa haaromsa garaagaraa baroota mootummoota garaagaraa biyya keenya kana bulchaa turaniin akka isaaniif toltutti mimmijeeffachuuf jecha qaqqajeelaa turan keessaa ishee tokkodha. Hundeeffamni kutaalee magaalaa shaggar kana jalatti argamanii hundi isaanii babal’achuu magaalaa Finfinnee wajjiin kan walqabatudha. Irra caalaatti magaalaan Finfinnee giddugala biyyaa ta’uu isheerraa kan ka’e ummata Oromoon alatti sabaafi sabalammootni garaagaraas akka fedhii irraa qaban nimul’ata. Kun immoo siyaasa, hawaas-dinagdee, hawaasummaafi kanneen biroo keessumaa aadaa, afaan fi hariiroo hawaasaa irratti danqaa akka ta’etti baroota lakkoofsiseera.

Haata’u malee, baroota jijjiiramni mootummaa ta’een duratti kaayyoo bulchiinsa mootummaaf jecha godina addaa jedhamu jalatti gurmaa’uun bulaa turte. Kunis mudannoo dhiyoo rakkoolee garaagaraas qaqqabsiisee ture. Yeroo ammaa kana garuu, magaalotni magaalaa Finfinnee marsanii argaman kun kutannoo mootummaa Oromiyaatiin akka magaalaa ‘SMART’giddu gala daldalaa taatee uumamtuuf sochiifi kutannoo agarsiiseen bu’uuressuun danda’ameera. Haata’uyyuu malee ammaas komii lafaafi manneen diiggaatiin ceepha’amtus, seera qabsiisuun mootummaa hawaasa abbootii lafaa duraan dallalaadhaan mookfamaa turaniif boqonnaa kennee dargaggoota fayyadamaa taasiseera.

Akka odeeffannoon Biiroo Aadaafi Tuurizimii Kutaa Magaalaa Furii irraa argame ibsutti Magaalaa Shaggaritti kutaan magaalaa Furii maqaa kana kan argatte bara 2015 yommuu ta’u hundeeffama magaalaa Shaggar waliin kan walqabatudha. Kutaan magaalaa kun kaabaan kutaa magaalaa Malkaa Noonnoofi Finfinneedhaan,Bahaan magaalaa Finfinnee kutaa magaalaa Laaftoodhaan, Kibbaan kutaa magaalaa Shaggar kan ta’e Kutaa magaalaa Galaan Guddaadhaanfi dhihaan immoo kutaa magaalaa Sabbaataadhaan daangeffamtee argamti. Kutaa magaalaa kun bal’ina lafaa heektaara iskuweerii 6809, teessuma lafaa baddaa fi badda daree, baay’ina uummataa 439,245 amantaa garaagaraa hordofan akka qabdu dubbatu.

Sabaafi sablammootni biyya keenyaa garaagaraa Oromoo, Amaara, Tigiree, Sabaafi sablammoota ummattoota kibbaafi kanneen biroon keessaa jiraatu. Kutaa magaalaa kun buufatni Baaburaa

Itiyoo Jibuutille kan keessatti argamudha. Kanaan ala manneen barnootaa mootummaafi miti-mootummaa garaagaraa 114 olta'an afaan garaagaraan idileefi al-idileedhaan kennuutti argamu. Manneen barnoota garagaraa keessattis AfaanOromoo akka afaan dhalootaafi afaan lammaffatti kennamaa/baratamaa jira.

## 1.9. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee shanitti qoodamee kan dhiyaateedha. Boqonnaa tokkoffaa keessatti seendubee, sababa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqina qorannichaafi seenduubee haala waliigala kutaa magaalaa Furiitu argama.

Boqannaa lammaffaa keessatti immoo, maalummaafi faayidaa tapha ijoollee, Taphoota ijoollee kutaa Magaalaa Furiitti beekaman afaan dhalootaa akka caacculee barsiisuutti gargaaranii, fookiloorii, gooroowwan fookiloorii, faayidaa fookiloorii, gahee ijoolleen fookiloorii keessatti qaban, akkaataa ijoolleen gareen fookilooritti hirmaatan, maalummaa tapha aadaa ijoollee kanneen sochii qaamaatiin walqabatanii, gosoota taphoota kanneenii, faayidaa taphoota kanneenii, haala raawwii taphoota kanaa, yoomessa raawwii taphoota kanneenii, yaaxxinaalee qorannoo fookiloorii, sakatta'a barruu yaadrimeefi sakatta'a barruu walfakkiitu dhiyaate.

Sakatta'i barruu yaadrimee maalummaa fookiloorii, gosoota fookiloorii, faayidaa isaanii fa'a of jalatti kan qabatu yoo ta'u, sakatta'a barruu walfakkii immoo qorannoowwan kana dura dhimma kanaan walqabatanii hojjataman garaagarummaafi walfakkeenya isaan qaban kan agarsiisudha. Boqonnaan sadiimmoo mala qorannichaa, adeemsa qorannichaa, maddeen ragaa, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaafi mala qaaccessa ragaa kan hammatudha. Boqonnaa arfaffaan immoo, qaaccessa ragaa hammatee jira.

Odeeffannoowwan bifa daawwannaa, af-gaaffii, marii gareefi sakatta'a dokumantii walitti qabamanis qabiyyee qabiyyeen erga qoqqoodamanii booda bifa addeessaan qaacceffamuun gara barreeffamaatti jijjiiramaniiru, Ibsis itti kennameera. Akkasumas tartiiba kanaan immoo baafatatti aananii kan argamaniidha. Boqonnaa shanaffaa keessatti qorannoo kana ilaalchisee cuunfaafi bu'aan kan bal'inaan itti ibsamaniidha. Gara dhumaatti wabiileen kan dhiyaatan yemmuu ta'u, isaanitti aansuun kan barreeffamee argamu dabaleedha. Dabalee jalatti gabatee qabxiilee daawwannaa, gaaffilee af-gaaffii, gaaffilee marii garee, odeeffannoo kennitootaaf dhiyaatan walitti qabameera.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A OG-BARRUU QORANNICHAA

## 2.1. Maalummaa fi Faayidaa Afoola Oromoo

Georges fi Jones (1995),Afoolli gooroowwan fookloorii keessaa isa tokko ta’ee, dubbannaa afaaniitiin yeedaloon kennameefiis ta’e, osoo hin kennaminiif kalaqaafi ogummaa dhimma hawaasummaa adda addaarratti kan xiyyeeffatu ta’ee, aadaafi duudhaa hawaasni tokko qabu himamsa yookiin dubbii afaaniin dhalootaa dhalootatti kan dabarsudha. Afoolli ogbarruu dubbii afaaniitiin dhiyaatudha. Kanneen keessaa, jecha afoola jedhutu hunda caalaa beekamaadha. Kunis waan lama xiyyeeffachuu isaa mul’isa: Afaaniin dabruu isaafi kan hawaasa baadiyaa fi magaalaa, kan barreessuufi dubbisuu akkasumas kan hin baratiniin kalaqamuu, yookiin qabeenya gamtaa ta'uu gosa ogbarruu kanaati. Georges fi Jones (1995:314) kallattii faayidaa afoolli tokko hawaasaaf qabuun yoo ibsan: “Through folklore people can educate or acculturate each other; perpetuate, challenge or modfy a groups social norms and values; inform others about the basis for or nature of their culture; reveal or display their identity, traditionalist, knowledge, or competence; and entertain or be entertained.”jedhu. Akka yaada armaan oliitti, afoolli hawaasa tokko keessatti kallattii hedduutiin akka waa gumaachu mirkaneessa. Afoola gargaaramee hawaasni wal barsiisa, duudhaa hawaasaa toora qabsiisa, fooyyessa, waa’ee eenyummaa, seenaa addunyaa isaa beeksifata, ittiin bashannana, wal-bashannansiisa. Hawaasni bifa ammayyoomee har’a seeraawwan, amantiifi siyaasaan walbulchuuf bu’uura kan ta’e, beekumsa afoolaa irra dhaabbateeti. Har’as duukaa jira; borus biraa hin hafu. Geetaachoonis (2009:141) waa’ee faayidaa afoolaa yommuu ibsu, ‘Afoolli faayidaalee hedduu qaba. Isaanis haara itti galfachuu, bashannanuu, kabajaafi jireenya hawaasaa ibsa’ jedha. Akka yaada kanaatti, afoolli jiruufi jireenya dhala namaa ibsuu bira darbee faayidaa adda addaatiifillee ooluu akka danda’udha. Akkasumas, afoolli dhaloota darbee fi ammaa riqicha ta’ee walqunnamsiisa. Afoolli waldhabbii ykn garaagarummaa hiikuuf gargaara. Afoolli odeeffannoo fi beekumsa dhalootatti nidabarsa; afoolli tokkummaa hawaasaa cimsa.

Karaa biraatiin, daa'imman osoo mana barumsaa hin deemiin maatii isaaniirraa karaa al-idilee ta'een akkaataa naamusaa, safuu, ittiin walbarsiisan. Akkasumas mana barumsaatti karaa idileen sirni barnootaa qophaa'ee ittiin baratu. Misgaanuu (2011:13-4) Taphni aadaa ijoollees gooroowwan fookiloorii keessaa gosa afoolaa jalatti akka ramadamu ibsuun hayyoonni hedduuniis akka irratti waliigalan mirkaneesseera. Taphoonni kunniin irra caalaatti kanneen dubbii afaanii irratti xiyyeeffatanidha. Yaada kana ilaalchisee Mesfiin (1995:42) keessatti waa'ee tapha ijoollee bal'inaan kaasee jira. Akka ibsa kanaatti, "Afoolli yaaxxina baay'ee bal'aa ta'ee kan hambaa hammatuudha. Durdurii, hibboo, sirboota aadaa, mammaaksa, baacoo, taphoota ijoollee, fi kan kana fakkaatan afoola keessatti hammatamu," jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti taphni ijoollee afoola jalatti kan ramadamu ta'ee jechaan labataa labatatti kan darbu ta'uusaa mirkaneessa.

Karaa kanaan taphoonni af-walaloo ofkeessaa qaban afoola jalatti ramadamuun ibsamuu danda'u. Faayidaa tapha ijoollee ilaalchisee, Masfiin (1995:43) kitaaba jildii-7, mata duree "Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo" jedhu keessatti yommuu ibsu, "Taphni ijoollee immoo ijoolleen aadaadhaan qulqulluudha jedhaman, dandeettii waa yaadachuu,dabaree eeganii dubbachuu fi taphachuutti yeroo akka dabarsaniifi akka ittiin bashannanan faayidaa guddaa kenna." jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu ijoollonni taphoota garaa garaatti gargaaramuun dandeettii waa yaaduu isaanii gabbifachuu bira darbanii muuxannoo hawaasaa akka fudhatan isaan gargaara. Aadaa hawaasa Oromoo keessaa inni tokko immoo, ijoollota tapha garaagaraan qabee gara amala gaariitti akka guddatan gochuun cinatti amala badaa isa hawaasaan balaaleffatamurraa akka of sirreessan gochuuf gahee guddaa taphata.

Kana malees, fooklooriin uummata madda seenaa barreeffamaa qabu biratti akka meeshaa sirna siyaasaa, aartii, barnoota diinagdeefi hawaasummaa kessatti nitajaajila. Akkasumas, gita qabsoo keessatti gahee olaanaa qaba.(Dorson1972;fi Misgaanuu, 2011). Dhalli namaa jiruu fi jireenya isaa guyyaa guyyaan kan gaggeeffatu fookilooriitti gargaarameeti. Akkasumas fooklooriin qubee walbarsiisuu yookiin walhubachiisuu akka danda'u mirkaneessa. Faayidaa fookloorii ilaalchisee kanneen armaan olii haacaqasaman malee kanneen akka waliin mormiif, naamusaafi safuu wal barsiisuu, bashannansiisuuf, ooltee bultee guyyaa guyyaa, mudannoo hawaasaa ibsuufis ooluu nidanda'a. Akka yaada kanaatti, faayidaan fookilooriin dhala namaatiif gumaachu baay'ee ol'aanaadha. Jireenya guyyaa guyyaa keessatti wanti raawwatamu hundi fookilooriin alatti bakka ga'uu hindanda'u. Haaluma kanaan, yaadni hayyuu armaan olii, fookilooriin faayidaa gurguddoo

afran akka qabu ibsa. Isaanis:

### 2.1.1. Aadaa fi Duudhaa Hawaasaa Jabeessuufi Cimsuuf

Bascom, (1954) Asafaa,(2004) akka ibsutti, Aadaan saba tokkoo dhalootaa gara dhalootaatti cimee akka itti fufu gochuuf fookilooriin gahee guddaa qaba. Kun immoo addaan citiinsi aadaafi duudhaa hawaasa tokkoo akka hin mudanneef tumsuu bira darbee seenaafi duudhaawwan hawaasaa umrii dheeraa akka jiraatu godha. Yaada kana hayyuun Bascom, (1954:344) yommuu ibsu, "Folklore is that which is plays in validating culture in justifying its ritual and inistitution to those who perform and observe them," jedha. Aadaafi duudhaan hawaasni duraan qabu cimee, jabaatee, hin eegamu taanaan wantoota ammayaatiin bakka bu'uun isaa kan nama shakkisiisu miti. Haaluma walfakkaatuun, Wasanee, (1990:141) Asafaa, (2004:13)) faayidaa fookiloorii yammuu ibsu, "Folklore serves to strengthen and reinforce cultural tradition," jedha. Hawaasni jiruufi jireenya isaa guyyaa guyyaa keessatti yommuu fookilooriitti fayyadamu aadaan inni qabu cimee dhalootaa dhalootatti akka darbuuf gargaara. Aadaafi seenaa, heeraafi seera, gaddaafi gammachuu, jaalalaafi jibba, argachuufi dhabuu, walumaagalatti jiruufi jireenya hawaasa tokkoo beekuuf aadaa isaanii beekuun barbaachisaadha.

### 2.1.2. Dhaloonni Akka Afaan Itti hiikkatan Ittiin Barsiisuuf

Daa'imman afaan dhalootaan barsiisuu jechuun hawaasa tokko keessatti kan fudhatama qabu isa kam akka ta'e fookilooriin fayyadamanii barsiisuudha. Kun akkaataa jireenya hawaasummaa, aadaa fi duudhaa eeggachuu, haala jiruu fi jireenya ofii akka ittiin gaggeeffataniif k.k.f gochuu irratti gahee guddaa qaba. Karaa birootiin immoo amaloota badaa ta'an yookaan kan hin barbaachisne akka sirreeffataniif kan barsiisudha. Haaluma walfakkaatuun, Boney (1985:285) faayidaa fookiloorii akkas jechuun ibsa, "Folklore is an education tools for the transmission of cultural traditions, values and histories from one generation to the next," jedha. Akka yaada barreeffama hayyuu kanaatti, fookilooriin meeshaa barumsaa hawaasni aadaafi duudhaa isaa dhalootaa dhalootatti yookaan labata tokko irraa labata biraatti ittiin dabarsu ta'uu isaa mirkaneessa.

Ijoolleenis tapha taphatan irraa barnoota guddaa argatu. Aadaa hawaasa Oromoo keessaa inni tokko immoo, ijoollee tapha garaa garaan qabees gara amala gaariitti akka guddatan gochuun cinatti amala badaa isa hawaasaan balaaleffatamurraa akka of sirreessan gochuuf gahee guddaa taphata. Akkaataa taphni ijoollee ijoolleef barumsa kennuu danda'u ilaalchisee, Afaan Oromoo

online https//afaan oromoo .com. ibsetti, faayidaa tapha ijoollee akaakuu afoola ciigoo, hibboo, mammaaksa, jechamaa, baaacoo, oduu Durii fi taphoota adda addaan aadaa, seenaa, duudhaa, safuu, fi jireenya hawaasummaasaa barsiifachuun bu'aaleen irraa argamu: ijoollee ittiin bashannansiisuuf, gaaffii gaafataman hatattamaan deebisuu irraa kan ka'e sammuu isaanii qaruu akka danda'an godha, hubii isaanii ni cimsa, barnoonni afaaniffaan barsiisuuf ni mijata, ergaa fi barumsa dhalootaaf seenaasaa ittiin daddabarsuuf akkasumas, amantii fi kabaja hawaasni tokko qabu agarsiisuudhaaf madda ta'uun ni tajaajila.

Yaada walfakkaatuun hayyuun, Bascom (1954:344) faayidaa fookloorii yoommuu ibsu, "Folklore is that which it plays in education, particularly, but not exclusively, in non-literate societies," jedha. Kun immoo aadaan hawaasa tokkoo osoo addaan hin citiin haala walitti fufiinsa qabuun yeroo dheeraaf akka turu gochuuf gumaacha guddaa taasisa. Walitti fufiinsa qabaachuun aadaa hawaasa tokkoo immoo yeroo dheeraaf utuu hin dagatamiin labataa labatatti cimee akka daddarbu taasisa.

#### 2.1.3. Amala Fudhatamaa Ta'e Ittiin Dagaagsuuf

Hawaasni tokko waan itti gammaduufi jaallatu akkuma qabu, kan jibbuufi balaalleffatus ni qaba. Haaluma kanaan kan of keessatti jibbe tokko akka hin baballanneefi hin dagaagne gochuuf fooklooritti gargaaramnee akka jibbamu calaqqisiisuu bira darbee akka dhabamu taasisa. Faallaa kanaatiin waan jaalatamaa hawaasa keessatti fudhatamaa ta'e akka jajjabaatuu fi cimee akka itti fufu gochuuf gaheen fookloorii olaanaadha. Yaada kana hayyuun Wendy, (1991:233) irratti yommuu ibsu, "Foklore helps to maintain conformity to accept patterns of behavior" Jedha. Yaanni kun kan ibsu, fooklooriin amala qajeelaafi sirrii walqabatee adeemu hawaasa keessatti uumuuf nama gargaara kan jedhudha.

## 2.2. Gahee Ijoolleen Fookloorii Keessatti Qaban

Gaheen ijoollonni fookloorii keessatti taphatan baay'ee ol aanaadha. Kanarraa kan ka'e waa'ee fookloorii ijoollee qorachuun, kan ulfaatuufi dirree qu'annoo baay'ee bal'aa kan nama gaafatudha. Yaada kana ilaalchisee hayyuun Ann Grideo jedhamu (1980:167) kitaaba 'The study of children's folklore' jedhu keessatti yommuu ibsu "The study of children's folklore is a vast, inter disciplinary field," jedha. Haa ta'u malee, akkuma namoota sadarkaafi umrii adda addaa keessa jiranii ijoolleenis fookloorii keessatti gumaacha olaanaa qabu. Hirmaannaafi gumaachi isaan taasisan akka salphaatti kan ilaalamu miti. Kanas yeroo hirmaatan lama lama ta'anii yookaan gurmaa'anii

haala jiruufi jireenya isaanii gaggeeffachuufi guyyaa gara guyyaatti gaheen isaan taphatan bal'inaan mul'ata. Yaada kana ilaalchisee Mechling Joy in Fekede (2003:371) akkas jechuun ibsa.

> "*Children are actively involved in using folklore from the moment their mothers begin to tell them 'Mother Goose' rimes or sing them lullabies. They recite jump*-Rope *jingles, tell jokes and riddles, and try out rap or whatever is popular. It therefore, makes good sense for teachers to take full advantage of the real connection between children and folklore*."

Yaada kanarraa wanti hubatamu, umrii ijoollummaa keessa kan jiran akkuma namoota warra kaanii fookloorii keessatti sirriitti akka qooda fudhatanidha. Haaluma walfakkaatuun, hayyuun Grideo (1980:160) irratti akkas jedhee ibsa, "Children of many cultures share similar games, songs, stories, rymes, jokes, and riddles." Yaanni kun kan mirkaneessu walitti dhufeenyi ijoolleefi fookiloorii (aadaa) cimaa ta'uusaa, keessattuu kan akka:- tapha sirbaa, oduu odeessuu, qoosaa garaa garaa qoosuufi kan kana fakkaatanittti hirmaachuu keessatti qooda ol aanaa qabu. Haata'u malee hawaasa keessa jiraatan keessatti ijoollotaaf ilaalchiifi xiyyeeffannoon hin kennamuuf taanaan, aadaa dhalootaa dhalootatti dabarsuuf jijjiirama fiduun akka hindanda'amne Taaddaseen (2014:136) irratti nidubbata. Amalootaafi aadaa ijoollonni qaban ilaalchisee Mechling Joy in Fekede (2003:376) akkas jechuun addeessa, "Children were among the 1st non peasant groups studied by folklorists at the end of nineteenth centure." jedha. Kunis kan inni ibsu, aadaaafi amalli ijoolleen yeroo ijoollummaa isaanii calaqqisiisan jalqaba kan qoratame dhuma jaarraa 19ffaa ta'uu isaati. Haata'u malee ijoollonni akkuma kutaa hawaasaa isaan biroo amala gareen yookaan lama lama ta'uun fookiloorii keessatti qooda fudhachuu qabu.

Yaada kana ilaalchisee, Mechling Joy in Fekede (2003:378) yommuu ibsu, "Along the way to the adult settings, the children is the member of several folk groups, face to face human groups where in people use stylized communications to creat the sense of ashared, meaningfull world." jedha. Akka yaada armaan olii irraa hubachuun danda‟amutti ijoolleen yeroo xiqqeenya isaanii irraa eegalanii hanga umrii ga'eessa tahaniitti garee garaa garaa uummatanii fookilooiitti gargaaramuun jireenya hawaasummaa dhugaa jiraachaa darbu jechuudha. Kutaa hawaasaa keessaa ijoolleen dhaloota haaraadha. Dhaloota haaraa waan ta‟aniif immoo, wanta haaraa duraan hinbeekne baruuf yommuu isaan carraaqan nimul'ata.

Haaluma walfakkaatuun, waabaruuf waan ariifataniif gaheen isaan fookiloorii keessatti qaban

baay’ee olaanaadha.Yaada kana hayyuun Ann Grideo jedhamu (1980:160) kitaaba ‘The study of children’s folklore‟ jedhu keessatti yommuu ibsu, “The folklore the children’s share is most active during the elementary school years, roughly ages six through twelve,” jedha. Akka yaada kanaatti ijoolleen umrii ijoollummaa isaaniitti keessumaa, naannoo umrii waggaa jahaa hanga waggaa kudha lamaatti (yommuu mana barumsaa sadarkaa tokkoffaa baratanitti) fedhiifi kaka’umsa isaan fookilooriitti hirmaachuuf qaban daran olaanaa akka ta’e dubbata. Yeroo kana ijoollonni sammuun isaanii baay’ee walaba waan ta’eef gammachuu guddaatu itti dhagahama.

Haaluma walfakkaatuun Ann Grideo (1980:161) irrattis dabalee yommuu ibsu “The study of children’s folklore is generally the study of happy, un self-conscious kids,” jedha. Akka yaada waraabbii kanaattis, waa’ee fookiloorii ijoollee qu’achuun, waa’ee gammachuufi waan sirrii qu’achuu akka ta’e mirkaneessa. Ijoolleen warra gaheessotaarraa wanti ittiin adda ta’an amala hedduu qabaachuu isaaniitiin.

## 2.3. Akkaataa Ijoolleen Gareen Fooklooriitti Hirmaataniin

Gaheen ijoolleen fookiloorii keessatti qaban baay’ee olaanaadha. Fookilooriitti hirmaachuuf yookaan hirmaachisuuf hawaasa keessatti gahee qabu. Yaada kana Taaddaseen (2011:270) yommuu ibsu, “Children are olso active participants in the production and re production of culture, especially by means of expressive Performance,”jedha. Ijoolleen umrii isaanii keessatti tapha adda addaafi qoosaa garaagaraa fookiloorii keessa galuun kan ibsatan gareen gurmaa’anii yookaan lama lama ta’aniiti. Amala walitti dhufanii wajjin jiraachuu, wajjin hojjachuufi wajjiin taphachuu hawaasa keessatti dhalatan irraa adeemsa keessa kan baraa adeemaniidha. Aadaan safuu, duudhaa, ilaalcha, amalaafi yaada namootaa kan sirreessudha.

Kunis garaagarummaaa yaadaa namni humna isaatiin qabuufi bifa gurmaa’anii jiraachuutiin karaa ittiin amala walirraa qoqqooddatanidha. Karbon (1989:61) yoo ibsu, “It is culture that binds us together in to group sharing a certain degree of similarity that over comes individual difference…” jedha.Akka yaada kanaatti hawaasa tokko, aadaatu walitti qaba, sababa kanaan afaan tokko dubbata; yoo wanti jeequ hin jiraanne amantii tokkotti amana; falaasamaafi safuu waliin qaba. Haalli kun hunduu kan waliinii waan ta’eef, garaagarummaa namoota gidduu dhuunfaan jiru ni maqsu. Kana jechuun ijoolleen garaagarummaa manaa manatti qaban dhiisanii tokko ta’u; kun immoo waliigalteedha. Fakeenyaaf, taphoota ijoollee Oromoo mala waliin dubbii gargaaramuun waliin taphatan kanneen akka hibboo, mammaaksa, faaruu fi kkf dha. Taaddesee (2011:270) akkas

jedha, “Children learn folk tales from adults at home and share them with other children in school or playground’s” jedha. Yaada kana irraa wanti hubatamu, ijoolleen fookilooriitti kan gargaaraman namoota dullooman / manguddoota/ irraa yommuu ta’u isa kanas mana jiraatan keessatti kan baratanidha. Haaala kanaan isa mana keessatti baratan kana hiriyyoota isaanii wajjin bakka mana barumsaa yookiin bakka taphatanitti yaada irratti waljijjiiruun dandeettii fookilooriitti fayyadamuu dagaagfatu. Akkaataa ijoolleen garee uummachuun fookiloorii keessatti qooda fudhatan ilaalchisee, Mechling Joy in Fekede (2003:379) akka armaan gadiitti bakka sadiitti qooda: -isaanis: -

### 2.3.1. Sadarkaa Maatiitti

Maatiin, bu’uura guddina aadaafi duudhaa daa’immanii yookaan ijoolleeti. Jalqaba ijoolleen maatii isaanii wajjiin garee uumuun bakka isaan fookiloorii itti fayyadamuu eegalanidha. Yaada kana Mechling Joy in Fekede (2003:378) yommuu ibsu,

> *The first folk group is the family and much of the current interest in family folklore is relevant for understanding children’s folk cultures, a child’s first experience with a folk culture of peers may be with the siblings with whom the child shares a system of secret language, nick names, stories, teases, toys, play houses, secret doubts, pets, clothing, riddle, jokes, traditional interaction routines, pranks, taunts, dangerous play, obscene play and forbidden play (eg. Smoking or drinking) jedha.*

Yaada armaan olii irraa akka hubatamutti, jalqaba shaakalaafi itti fayyadama fookiloorii kan akka:- maqaa masoon wal waamuu, itti fayyadama afaan icciitii kan afaan sinbiraa, oduu garaagaraa, mammaaksa, hibboo taphachuu, faaruuwwan, qoosaa adda addaa, abbaa manaafi haadhamanaa, namoota tuttuqanii fedhii isaanii malee kolfisiisuu yookiin aarsuu, horii manaa waliin bashannanuu, wantoota hinbarbaachifne (xuuxuufi dhugaatiirraa) fi kkf irraa akka of eeggatan ittiin baruufi kana hunda bakka itti eegalanidha.Maatiin ijoollee isaanii taphoota garaagaraan qabanii jireenya hawaasummaa jiraachuu akka baran isaan taasisu. Fakkeenyaaf, waan akka oduu durii, sheekoo adda addaa, taphoota garaagaraan maatiin ijoollota ni barsiisu. Haala kana ilaalchisee Taaddesee (2011:269) akkas jedhee ibsa. “Like parent‟s all over the world, adults in Africa use verbal art in order to socialize children; folktales, for example, often dramatize the skills, moral standards and values that are useful for reproducing and successfully navigating customary ways of life.”

### 2.3.2. Sadarkaa Ollaatti

Gareen jiraachuun ijoollee, sadarkaa maatiitti murtaa'ee kan hafu miti. Akkuma umriifi beekumsi isaanii dabalaa deemuun, fedhiin isaaniis guyyaadhaa guyyaatti dabalaa deema. Fedhii isaanii guuttachuuf immoo, daangaa jireenya isaanii bal'ifachuun ijoollota ollaa isaanii jiran waliin hariiroo uumuu jalqabu. Haala kana ilaalchisee Mechling Joy in Fekede (2003:378) akkas jedhee ibsa, "As the child's network of human contracts extends beyond the family, the neighborhood provides settings for additional folk groups," jedha. Ijoolleen yommuu hiriyaa yookiin garee filatan, akka yaadaan waliigalaniifi isaanitti tolutti filatu.Taphoota adda addaa yommuu taphatan akka walii galuu danda'anitti taphatu. Seerri tapha isaaniis aadaafi duudhaa hawaasa ollaa isaanii kan hinfaallessineefi dambii ittiin bulmaata hawaasichaan kan qajeelfame akka ta'e Mechling Joy in Fekede (2003) sirritti lafa kaa'a.

### 2.3.3. Sadarkaa Mana Barumsaa Idileetti

Ijoolleen akkuma jireenya maatiifi jireenya ollaa waliin taasisan keessatti fookilooriitti fayyadaman, sadarkaa mana barumsaattis, garee uummachuun yookaan lama lama ta'uun fookilooriitti gargaaramuun beekamaadha. Mechling Joy in Fekede (2003:379) yaada kana ilaalchisee akkas jechuun ibsa, "The formal school system becomes the next setting for children folk culture," Sadarkaa kanatti gareen yookaan hiriyaan ijoollonni uummatan salphaatti kan jijjiiramu osoo hin ta'in yeroo dheeraaf kan turudha. Itti dabalees, umrii fi saala wal fakkaaturratti kan xiyyeeffatudha. Haaluma walfakkaatuun, Mechling Joy in Fekede (2003:379) yommuu ibsu, "The primary and secondary schools keep together children with in certain age ranges so that even recess has alimited ranges of ages from which the children may re groupthem selves into the folk groups of the playground," jedha.

Haaluma walfakkaatuun bakki oolmaa ijoollee, mana barumsaa sadrkaa tokkoffaa keessatti garee uumanii fookiloorii keessatti hirmaachuuf baay'ee barbaachisaa akka ta'e hayyuun Finnegan (1970:300) irratti yommuu ibsitu, "Schools are becoming increasingly important in the lives of more and more children in Africa, and it's likely that similar singing games from whatever sources are now widespread (and thus accessible to study) among school groups," jetti. Yaada armaan olii irraa wanti hubatamu, ijoolleen mana barumsaa isaanii keessatti yommuu barachuuf walitti dhufan, yeroo boqonnaa isaaniittis ta'ee yeroo argatanitti garee uumanii taphoota garaagaraa akka taphatanidha. Tapha taphatan kana keessatti immoo, tartiiba isaa eeganii dabaree dabareen seera

eegaa taphatu.

Haala kanaan, garee uumanii taphachuun qofa osoo hin taane, akaakuun tapha ijoollee sirna barnoota gulantaa idileen duraa fi sadarkaa jalqabaa sirna barnootaa keessatti hammachisuun akka afaan dhalootaaf tajaajilamuuf fookilooriitti dhimma bahuu isaanii kan agarsiisudha. Walumaagalatti, ijoolleen umrii isaanii keessatti haala idileenis ta'ee al-idileen garee uummachuun gosoota fookiloorii kan ta'an keessatti qooda ni fudhatu. Mechling Joy in Fekede (2003:379) hirmaannaa ijoolleen fookiloorii keessatti qaban akkas jedhee addeessa, "Both within and outside school children belong to arrange of formal and informal folk groups. These may be clubs, school out troops, organized athletic teames, summer camp cabins, bands, cheerleading squads, drama or debate groups, social fraternities or sororities, and even par-time work groups," jedha.

Haaluma kanaan, garee isaanii keessatti hirmaannaan isaan godhan kanneen akka: gareen dhaabbachuu, saala irratti kan hundaa'e (garee warra dhiiraa yookaan warra dubaraa) jedhamanii garee uumachuu, garee atileetotaa, garee yeroo ganna gannaa, dukkanaa yookaan waan akka godoo ijaaruu, garee dura taa'aa qabuun hoogganamuu, garee doo'ii yookaan garee fiilmiifi k.k.f. keessatti qooda akka fudhachuu danda'aniidha.

## 2.4. Maalummaa Tapha Ijoollee Oromoo

ዘሪሁን አስፋው, (1992) ,Akka afaan oromoo online https//afaan oromoo .com gubbaa irratti ibsamee jirutti Ummanni Oromoo aadaa boonsaa kan eenyummaa isaa ittiin ibsatu hedduu qaba. Aadaan isaa kun kan ittiin dhaadatudhas. Aadaa jechuun akkuma beekamu hawaasni walfakkaatu jiruufi jireenya isaa karaa ittiin ibsatuufi muuxannoo horate sana meeshaa dhaloota tokko irraa gara dhaloota itti aanuutti dabarsuudha. Karaa biraatiin aadaan karaa namoota lamaafi isaa ol gidduutti haala jireenyaa, beekumsaafi hubannoo qaban adeemsa hawaasummaa keessa kan walii dabarsaa ittiin jiraatanidha. Akka afaan oromoo online https//afaan oromoo .com. irratti ibsameen, Afoolli bifa 'liitireecharii' ta'ee aadaa, seenaa, duudhaa fi eenyummaa dhalootaa darbee himamsa afaaniitiin gara dhaloota itti aanutti ykn dhufutti kan darbudha. Amalli afoolaa gocha wajjin kan wal qabatu ta'ee: yeroo baay'ee yaada ifa ta'e hubachuuf kan hin rakkisne, jijjiirama yaadaa of keessatti kan qabatu ta'uu, yeroo baay'ee gumiidhaan kan dalagamuu fi waan darberratti kan xiyyeeffatu ta'uun isaa amala afoolaa keessaa isa ijoodha. Taphni ijoollee kan ijoolleen umriin

walmadaalan walitti gurmaa’uun taphoota hawaasa isaanii biratti beekamoo ta’an taphatanidha. Taphni ijoollee, kan ijoolleen haala jireenya naannoo isaanii ittiin adda baafachuuf, ittiin walbaruuf, akkasumas sodaafi yaaddoo isaanii haala nagaa keessatti ittiin ibsachuuf kan gargaaramanidha. Akkasumas, taphni rakkoo hamaa ta’e ofirraa ittisuufi amaloota jiran wajjin kan ijoollee walbarsiisudha. Yaanni kun taphni ijoollee kan ijoolleen sodaafi yaaddoo isaanitti dhaga’amu ittiin ofirraa ittisaniifi kan ijoolleen wantoota naannoo isaanii keessatti argaman wajjin ittiin walbaran akka ta’e ibsa. Akkasumas yaanni kun taphni ijoollee kan ijoolleen rakkoo isaanii karaa salphaa ta’een ittiin ibsatanidha.

Tapha kanaanis tooftaa jiruufi jireenyaa kan ittiin shaakalan yemmuu ta’u, amalaafi aadaa hawaasa kana keessatti fudhatamu kan ittiin jajjabeeffataniifi gabbifatan, akkasumas fallaa isaatiin immoo amala badaa hawaasaan jibbamuufi balaaleffataman immoo akka irraa maqaniif gargaaramaa turaniiru. Har’as akkasuma irraa barachaa ittis gargaaramaa jiru. Yaanni kun kan nama hubachiisu, ijoolleen Oromoo taphatti fayyadamanii xiqqeenya isaaniirraa hawaasa isaaniin qaramanii guddachuu isaaniiti. ዘሪሁን አስፋው, (1992:56) ijoolleen akkuma sadarkaa umrii isaaniitiin tapha adda addaa ni taphatu. Mana barumsaa isaaniitti, Mana maatiitti, naannoo isaaniitti, bakka loon tiksanitti, walitti gurmaa’uun yookaan dhuunfaan taphachuu danda’u. Taphoonni ijoollee baay’een isaanii kan bifa wolalootiin dhiyaataniifi akkuma afoolaa dhalootaa dhalootatti kan daddarbaa turanidha.Taphni kunis seeraa fi akkaataa ittiin taphataman kan qabaniifi ijoolleen sun ofii isaaniif kan uuman, maatiifi ollaa keessatti beektota argamaniin, akkasumas barsiisonni isaanii ijoollee kana taphachiisuudhaaf haalota mijeessuu irratti kan adeemsifamuudha.

## 2.5. Gosoota Tapha Ijoollee Oromoo

Taphni ijoollee gosoota afoolaa keessaa isa tokkodha. Uummanni oromoo ol adeemaa isaa taphoota adda addaatiin aadaa, seenaa, duudhaa fi safuu jireenya isaa barsiifata. Akaakuun tapha ijoolleee Oromoo agarsiisa caacculee baruu barsiisuun afaan Oromoo akka afaan dhalootaaf oolchuun baay’ee murteessadha. Afoola garaagaraa malleen adda addaa fayyadamuun barsiifamuu danda’aman: oduu durii, hibboo, faaruu adda addaa, mammaaksa, sheekkoo, cigoo,baacoo fi taphoota adda addaa fa’a.

Ijoolleen umrii ijoollummaa keessa jiran keessatti akkaataa tapha isaaniitiin gaaffii fi deebiin, wal dhaggeeffachuun,waliin dudubbachuun, faarfachuun ogummaa afaan isaanii guddifatu. Amalli

wal isaan fakkeessu kun ammoo irra caalaa akka wal fakkaatanitti walitti siqanii taphachuufi tapha jaallachuu isaaniiti. Yaada kana ilaalchiftee, Finnegan (1970:295) irratti yommuu ibsitu, " Like children elsewhere, African children seem to have the familiar range of games and verse for their own play, non-sense songs, singing games, Cath rhymes and so on. They also engage in riddle asking and other game and dance," ti jetti. Akka yaada hayyuu kanaatti, ijoolleen Afrikaa walaloo mana rukuttaa qabu walitti qindeessanii ittiin taphatan kan akka: weedduu, sochii sirbaa, yeedalloo, sammuutti qabachuu, hibboo wal gaafachuufi sochii qaamaa kan of keessatti qabate akka ta'e ibsiti.

Taphni ijoollee qabiyyee isaa bu'uura godhachuun kutaa garaagaraatti qoodamuu danda'a. Yaada kana ilaalchisee, Zawudee (2001:64-72) gosoota tapha ijoollee qabiyyee isaa irratti hundaa'uun bakka afuritti qoodeera. Isaanis: tapha ijoollee kan gochaafi jechaan hurruubamu, tapha ijoollee gaaffiifi deebiin taphatamu, tapha ijoollee lakkoofsa irratti bu'uuree taphatamuufi tapha ijoollee gareedhaan taphatamu jechuun qoqqooda. Haalli kun immoo kan nama hubachiisu taphoonni ijoolleen taphatan gosa qabaachuu isaati.

## 2.6. Yoomesssa Raawwii Tapha Ijoollee

Aadaa oromoo keessatti ilaalchi ijoollotaaf kennamu bakka olaanaa waan qabuuf hawaasni kun immoo ijoollota guddatanii abdii borii ta'an kana yoomessa adda addaa keessatti taphatan qabee guddisuun hambaa borii godhee qaree isaan dhaaba. Kana gochuuf immoo tapha taphatamu faana ykn duukaa seera akka eegan gochuun amala waa yaadachuufi tartiiba garaagaraa qabaachuu shaakalu. Haala yoomessa tapha ijoollee kana ilaachisee, Namarraa Bashaa (2007:30) Dafaa Jamoo (1974:123) wabeeffachuun yoo ibsu, "Aadaa oromoo keessatti taphni ijoollee kan taphatamu yoomessa mataa isaa qaba. Kana jechuun taphni hundi yeroo tokko keessatti kan taphatamu osoo hinta'in yoomessa mataa isaa eeggatee kan taphatamuudha," jedha. Akka yaada kanaatti taphoonni ijoollee hundinuu yeroo itti taphatamu qaba. Jechuun yeroo isaa malee taphni kamuu hin taphatamu jechuudha. Itti dabalees yoomessa tapha ijoollee irratti hundaa'uun yeroo taphni ijoollee itti raawwatamu akka armaan gadiitti qoodama. Innis, tapha ijoollee yeroo gannaa taphatamu, kan yeroo birraa taphatamu, kan yeroo bonaa taphatamu, yeroo arfaasaa taphatamu, kan yoomessa adda addaa keessatti taphatamuufi tapha ijoollee halkan taphatamu jechuun qooda. Akka yaada Namarraatti, taphni ijoollee yeroofi iddoo itti taphatamu kan mataa isaa akka qabu agarsiisa. Karaa biraatiin ijoolleen naannoo murtaa'aa tokko keessa jiraatan akka taphoota sochii

qaamaatiin walqabatan kanatti hirmaataniif wantootni sababa ta'an baay'etu jiru. Isaanis: naannoo hawaasni keessa jiraatan wajjiin kan walqabateedha.

Kunis hawaasichi naannoo keessa jiraatutti aadaa isaa haala itti calaqqisiisu ta'a. Fakkeenyaaf: ijoolleen naannoo lagaa yookaan haraa jiraatan bishaan daakuu shaakaluu aadaa godhatu. Akkasumas namni kun itti dabalee, iddoofi bakka meeshaaleen taphaaf barbaachisan murteessoon itti argaman wajjinis walqabata. Karaa biraatiin ijoolleen tapha kana kan taphatan mana barumsaatti  yeroo boqonnaa yookiin hojiin alaa, yeroo qophiilee ayyaanota garaa garaa, waqtiilee wajjiin (taphoonni kun irra caalaa manaan alatti kan raawwatamu ta'ee, erga roobni roobee caamee booda, keessattuu ji'oota Muddee-Eblaa giddutti kan gaggeeffamu),yeroo morkii ispoortii qabaniifi akka aadaa ta'ee hawaasicha keessatti fudhatama qabaachuu isaa fa'aan wal qabata.

## 2.7. Barbaachisummaa Afaan Dhalootaan Barachuu

Beson (2004) Afaan dhalootaa daa'imman daa'imummaa isaaniin warra isaanii irraa baruudhaan hawaasa keessatti dhalatan waliin dubbachaa beekumsa, dandeettii, naamusaa fi muuxannoo kan ittiin horatan ta'uun beekamaadha. Dandeettii kanas, ogummaa, aadaa, duudhaa, fi muuxannoo hawaasaa barnootaa dareetti barataniin walsimsiisuun hubatu. Afaan dhalootaa kan namoonni bu'aa aadaa isaanii ittiin ibsataniifi leensii addunyaa Kana ittiin hubatanidha. Akka yaada kanaatti afaan dhalootaa meeshaa daa'imman beekumsa naannoo isaaniin alaa kan addunyaa ittiin barataniif sadarkaa gaarii ittiin horatani. Kana malees,daa'imman bu'uura irraa afaan dhalootaan barsiisuun dandeettii hubannoo cimaa qabaachuun akka dansatti guddatan isaan taasisa.

Afaan dhalootaan barsiisuun afaan daa'imman beekumsa, dandeettiiwwan fi muxannoowwan hawaasa irraa dhalatan irraa ittiin horataniin barsiisuu ta'uu ibsama. dandeettiiwwan fi muxannoowwan kana kan horatan ogummaa, aadaa, barsiifataa fi bu'aa aadaa hawaasaan walsimsiisaniis qalbeeffatu. Benson (2009) fi Heugh (2010) akka ibsanitti, afaan dhalootaan barachuun aadaa fi hambaalee seenaa dubbattoota afaanichaa kunuunsuu fi guddina hawaasni walitti fufinsaan qabu fiduuf fayyada, akka yaada kanaatti, afaan dhalootaa barnootaaf oolchuun lammiilee guddina biyyaa keesssatti, humnaa fi ofitti amanamummaa dhimma guddina hawaas-dinagdee biyyaa irratti qooda akka fudhatan taasisa. Haaluma walfakkaatuun, Beson(2004) akka ibsetti daa'imman afaan dhalootaan barsiisuun reeshoo kufaatii barattootaa xiqqeessa,  irra deebbii fi harcaatii barattootaa hir'isa. Afaan dhalootaa barnootaaf oolchuun daa'imman gara

fuuladuraatti guddina hawaasi-dinagdee, siyaasa uummataa fi saba isaanii irratti si'aa'inaan akka hirmaatan isaan taasisa. Dabalataan, daa'immaan afaan dhalootaan barataan qabiyyee fi yaada barnoota baratnii salphaatti qalbeeffatu. Afaan dhalootaan barsiisuun qulqullina qabu walitti fufiinsaa kennnuuf gargaara. Akka yaada kanatti, afaan dhalootaa dandeettii beekumsa daa'immanii ni dagaagsa, hirmaannaa daa'imman barnoota irratti qaban dabaluun, baruu barsiisuuf haala mijeessa.

## 2.8. Faayidaa Afaan Dhalootaan Barachuu

Afaan dhalootaan barachuun faayidaa hedduu dagaagina afaanii, hawaasummaafi siyaas dinagdee keessatti akka qabu beektotni garagaraa kallattii garaagaraan ibsuuf yaalaniiru. Kana keessas gama afaan dhalootaa keessatti akka caacculee barsiisuutti oolan , akka armaan gadiitti ilaaluun nidanda'ama.

### 2.8.1. Dandeettii Hubannaa Dagaagsuu

Beson (2004) akka ibsutti, afaan dhalootaa afaan barnootaa gochuun filatamaa fi murteessaadha. Sababni isaa, adeemsa baruu barsiisuuf haala mijeessa, dandeettii barachuu bu'uuraa daa'immanii cimsa. Dabalataan, daa'imman afaan dhalootaan barsiisuun harcaatii, kufaatii fi irra deebbii barattootaa hir'isuun bu'aa qaba. Kana malees,daa'imman afaan dhalootaan barsiisuun, maatiin barsiisotaa waliin walitti dhufeenya gaarii ni uuma, hawwii fi fedhii barnoota idilee afaan dhalootaa barachuu bu'aa qabeessa taasisa, akkasumas, daa'imman seenaa fi guddina dubbattoota afaanichaa miidhaa irraa hambisuun aadaa, duudhaa, fi hambaalee seenaa hawaasichaa kunnuunsuuf fayyada.

### 2.8.2 Ilaalcha ofiif Qaban Gabbisuu

Afaan dhalootaan barnoota kennuun kabaja eenyummaa, olaantummaa sabaa fi lugaa mirkaneessa. Dabalataan, Beson(2004) akka ibsitetti, afaan dhalootaa afaan barnootaa yoo taasisan daa'imman gara mana barumsaa yommuu deeman ofitti hin qaana'an, ofitti amanamummaa guutuun eenyummaa ofii ibsatu. Haala Kanaan daa'imman afaan dhalootaan barachuun miira abbummaa fi eenyummaa isaanii guddisa. Daa'imman afaan dhaloota isaaniin barachuun akka of ta'an, sansakaa gaarii qabatanii fi beekumsa horatanii akka guddatan isaan taasisa.

### 2,8.3. Barnoota Qulqullina Qabu Kennuu

Biyyoonni addunyaa hedduun biyyoota sab-daneefi afheddee dha. Ta'us,ummata tasgabbiidhaan gara fuula duraatti tarkaanfachiisuuf, imaammata afheddee dhiisuun imaammaata af- qeenxee barnoota ittiin barsiisu. Kun immoo, daa'imman afaa isaanii hin taaneef rakkisaa dha. Sababa Kanaan bu'aan barnoota isaanii gadaanaa ta'a. kana malees, Beson(2004) akka ibsitetti, reeshoon kufaatii fi barnoota addaan kutuu isaanii akka dabalu taasisa, qulqullina barnootaas akka gadi bu'u godha. Akkasumas, dandeettii dubbisuu fi barreessuu, qabiyyee barnootaa waliin wal qabanii daa'imman afaan dhalootaan barsiisuun qulqullina barnootaa eegsisuuf faayidaa hedduu qaba. Dabalataan, daa'imman suuta suutaan waan beekan irraa gara waan hin beeknetti barachuutti ce'u. afaan dhalootaan barsiisuun immoo, dandeettii barachuu akka argataniif guddifatan isaan taasisa.

## 2.9. Yaaxxinaalee   Qorannoo Fookiloorii

Qorannoon afoolaa irraa jalaan gaggeeffamaa babal'achaa haadhufu malee, haala qorannoon afoolaa gaggeeffamu irratti hayyoonni yaada walfakkaataa hinqaban.Yaanni hayyoonni irratti walii hingalles, afoolli akkamiin walitti guurama? Qaacceffamaafi k.k.f dha. Rakkoolee kana furuudhaaf yaaxxinoota hayyoota garaagaraatiin kennaman ilaaluun barbaachisaadha.Yaada kana ilaalchisee, Addunyaa (2011:58) yaaxxina fookiloorii ilaalchisee yommuu ibsu: "Sakatta'a barruu jalatti qabxiin dhiyaachuu qabu inni biraan yaaxxina qorannoon sun irratti bu'uurudha. Dhimmi kun karaa biraatiin qorannichaaf dallaa ijaaruudha" jedha.Kunis qorataan fookiloorii tokko mata-duree qorannoo isaaf yaaxxina sirriifi bu'uura qorannoo isaaf mijaa'u hinbeeku taanaan, qorannoon gaggeeffame firii gaarii argamsiisuu hin danda'u. Daayessi fokiloorii garaa garaa yeroo adda addaafi beektota adda addaan bu`uureffamaniiru. Qo`annoon fokiloorii tokko waan bu`uureffachuu qabu haala niwayya jedhaniin yaada jiru agarsiisu.

Hunduu kalattii isaaniin, qo`annoon fokiloorii dhimma siyaasaan walqabatee xiinxalamuu qaba, aadaa bu`uureffachuu qaba, haala keessatti raawwatu bu`uura godhachuu qaba, faayidaa giddu galeessa godhachuu qaba,   seenaa bu`uura godhachuu qaba, xiinsammuu itti fayyadamaa gidduu galeessa godhachuu qaba, akkasumas seenessaafi hurruubaa bu`uura godhachuu qaba yaada jedhuufi kan kana fakkaatan lafa kaa`a. Haaluma kanaan mata dureen qorannoo kanaas   afoola tapha ijoollee aadaa hawaasaa ta'e qorachuudhaaf waan ta'eef qabatamaan bu'aan gaariin akka galmaa'u gochuuf yaaxxinaalee lamaan armaan gadiifi yaaxxinaalee gahee afaan ogummaa afaanii keessatti qabuun wal unachiisuun   kan gaggeeffamedha.

### 2.9.1. Yaaxxina Faayidaa

Addunyaa (2011) ,Akka daayessa kanaattii afoollii (fookilooriin) faayidaan inni uummataaf qabu maali? isa jedhu ilaaluun hundarra murteessaadha yaada jedhutu ol aantummaan mul`ata. Akaakuu yaaxxinaalee fookiloorii yookaan qorannoo mata duree fookiloorii keessaa isa tokko yommuu ta'u, kallattii fookilooriin tokko faayidaa hawaasaaf kennu irratti hundaa'uun kan qoratudha. Kunis waa'een fookiloorii tokko yommuu qu'atamu faayidaan inni qabu hinxiinxalamu taanaan faayidaan isaa osoo hinbaramin hafa jechuudha. Daayeessi kun gama waanta aadaa (material culture) akkasumas, gooroowwan afoolaa biroon hojiirra ooluu nidanda`a.Yaaxxinni faayidaa akkaataa ijaarsa afoolaa osoo hintaane tajaajila afoolli hawaasa keessatti qabu irratti xiyyeeffata. Isa kanarratti Bascom (1992:175), yemmuu ibsu, "… as folklorists, we examine the verbal customary way and how it is important to the people sharing it," jedha. Wanti yaada kanarraa hubannu qorataan fookiloorii yaaxxina faayidaatti yoo fayyadame wanti afaaniin himamaa barsiifamuufi akka meeshaa aadaafi akkamitti akka tajaajilaniifi raawwataman qu'achuun akka irra jiraatu ibseera.

Kanaan walqabatee taphoonni ijoollee afoolaafi sochii qaamaatiin walqabatanis, dandeettii, ciminaafi dorgommii of keessaa qabu keessatti, kan mo'ate kanaa boodas injifannoo isaa itti fuufuuf yommuu dhaadatu, kan mo'atame immoo, mudaa isaa haqee injifannoo haaraadhaaf sammuufi qaama isaa akka qopheessu taasisa. Ijoolleen tapha afoollaniifi sochii qaamaatiin walqabatu kana taphataa guddatan qaamniifi sammuun isaanii jabaachuu waan danda'aniif hojii itti hirmaatan hunda irratti bu'aa gaarii argamsiisu. Itti dabalees ijoolleen afoolaafi taphoota aadaan guddatan hoodaafi safuu hawaasaatiin waan guddataniif filmaata gaggeeffamu tokko keessatti bakka guddaa qabu. Aadaa sirna gadaa keessatti ulaagaaleen filmaataaf gahaa nama taasisan jabina hamileefi obsa akkasumas beekumsa aadaafi dandeettii haasaati. Kun hundi kan horatamu ijoolleen taphoota aadaa adda addaa keessa yoo hulluuqan qofa. Kanaafuu ijoolleen tapha aadaa keessa injifannoon darban filmaata keessatti injifachuufis carraa gaarii qabu jechuudha.Yaadonni kun kan nama hubachiisan, ijoolleen tapha taphataa yoo guddatan waan hunda keessattuu hirmaachuu akka danda'aniidha.

Faayidaa tapha ijoollee ilaalchisee, Masfiin (1995:43) kitaaba jildii-7, mata duree "Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo" jedhu keessatti yommuu ibsu, "Taphni ijoollee immoo ijoolleen aadaadhaan qulqulluudha jedhaman, dandeettii waa yaadachuu,dabaree eeganii

dubbachuu fi taphachuutti yeroo akka dabarsaniifi akka ittiin bashannanan faayidaa guddaa kenna.” jedha. Yaada kanarraa kan hubatamu ijoollonni taphoota garaa garaatti gargaaramuun dandeettii waa yaaduu isaanii gabbifachuu bira darbanii muuxannoo hawaasaa akka fudhatan isaan gargaara. Aadaa hawaasa Oromoo keessaa inni tokko immoo, ijoollota tapha garaa garaan qabee gara amala gaariitti akka guddatan gochuun cinatti amala badaa isa hawaasaan balaaleffatamurraa akka of sirreessan gochuuf gahee guddaa taphata.

Haaluma kanaan qorannoon kunis yaaxxinni kun mata duree qorannoo koof mijaa’aa waan ta’eef yaaxxina kana irratti hundaa’uun qorannoo koo gaggeesseera. Kunis mata dureen qorannoo kanaa qaaccessa afoola tapha ijoollee akka caaccuulee afaan dhalootaa barsiisuuf oolchuu jedhu waan ta’eef taphoonni kunniin immoo akka kaayyoo tokkootti faayidaa tapha ijoollee kaasanii jiru. Haala kanaan yaaxxinni kun mata duree koo waan tuquuf anis yaaxxina kanatti dhimma baaheen jira.

### 2.9.2. Yaaxxina Haalaa

Addunyaa (2011) Kaayyoon yaaxxina kanaa qorannoon fookiloorii aadaa hawaasa tokkoo calaqqisiisu yoomessa uumamaa keessatti qoratamuu qaba amantaa jedhudha. Kunis bakka wanti sun itti raawwatamu seenanii wanti qoratamu maal akka fakkaatu, akkamitti akka raawwatamu, yookaan akkaataa itti hurruubamu, yoomessa uumamaa keessatti qorachuudha.Yaadrimeen dayeessichaas afoolli hafee keessaa osoo hin ta`in yoomessa hurruubummaa keessa jira yaada jedhudha. Afoollan dargaggoo ta`an kanas kan adda taasise, yaada kanarratti amantaa isaan qabani cimaa ta`uusaati. Akka fakkeenyaatti yaada isaanii kallattiin yoo ilaalle, “ the folklore concept apply not to a text but to an event in time in which a tradition is performed or communicated.” (Dorson, 1972: 45).

Akka yaada armaan olii kanaatti, afoola tokko qu’achuun kan danda’amu, waan raawwatamee taa’eeru irraa osoo hinta’in, waan raawwachaa jiru bu’uura godhachuudhaan. Kunis haala qabatamaa afoolli yookaan fookilooriin sun keessatti hurruubamu, akkaataa itti hurruubamu, wantoota yeroo hurruubummaa sana dhimma itti bahan, walumaa galatti yoomessa sana keessatti argamuun waan afaaniifi gochaan raawwatu faana bu’anii kan gaggeeffamu ta’uu nu hubachiisa.Yaaxxinni haalaa yoomeessaafi haalawa kam keessatti akkaataa kamiin fooklooriin akka dhiyaate irratti kan xiyyeeffatuudha. Kanumaan walqabatee taphni aadaa ijoollee yemmuu taphatamu achi keessatti ga’een hirmaachisaafi hirmaattotaa maal akka ta’e, akkaataa raawwiin

achi keessatti barbaachisu itti mul’atu, yeroofi iddoo taphni kun itti dhiyaatu ibsuuf yaxxina haalawaa fookloorii bu’ureeffachuun xiinxaluun nidanda’ama.

Fakkeenyaaf akkaataa haala raawwii tapha ijoollee ilaalchisee, ዘሪሁን አስፋው (1992:56) akkas jedhee ibsa. Taphni ijoollee akkuma aadaa biyyaattiifi taphichaatti, akkuma umrii ijoolummaatti garaagarummaa qabaatuyyuu baay’een isaanii jechaan walaloo, geerarsa, ciigooniifi sochii qaamaatiin kan deeggaramaniidha. Ijoolleen yeroo baay’ee kan taphattu, qajeelfama yookiin ajaja walii kennuun, utaaluun, fiiguun, taa’uun, ka’uun, waltuttuquun, harka walqabatanii ija isaanii dunuunfachuun, miilaafi harka diriirsuun, geengoo uumanii taa’uun ykn dhaabbachuun, hiriiruun, akkeessuufi fakkeessuun, jilbeeffachuufi sochiiwwan garaagaraatiinidha. Yeedalloon isaan yeroo taphatan jedhanis sochiiwwan kana waliin walqabatanii kan deemanidha. Akka ibsa kanaatti taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatu, sochiiwwan adda addaatiin deeggaramee kan dhiyaatu akka ta’e ibsa. Akkasumas taphoonni ijoolleen taphataniifi yeeddalloon isaan ittiin taphatan walmadaalaa kan deemu akka ta’e nuu ibsa.

Walumaagalatti mata duree “Tapha Ijoollee Oromoo Bulchinsa Magaala Shaggaritti Kutaa Magaala Furii Agarsiisa Caacculee Baruu Barsiisuu Afaan Oromoo Akka Afaan Dhalootaaf Oolchuu. jedhu kana qorachuuf yaaxxina kanatu barbaachisa jedhamee wanti adda bahee taa’e jiraachuu baatus, yaaxxinaalee garaagaraa jiran keessaa isaan lamaan armaan olitti ibsamaniifi gaditti kanneen eeraman  mata duree qorannoo kanaa waliin walitti dhiyeenya qabu jedhee waanan filadheef akkasumas, yaaxxinni tokkichi kaayyoo qorannoo mata duree kanaa ta’uu waan hin dandeenyeef itti gargaarameera. Ragaa mata duree kanaa madaaluuf akkaataan itti fayyadama fookiloorii, faayidaa fookiloorii, gooroowwan fookilooriifi daayessaalee fookiloorii haala itti aanuun ibsamaniiru.Fookilooriin bal’inaan aadaa, amantaafi duudhaa hawaasaa irratti kan hundaa‟uufi isaanumaan uumamee yeroo baay’ee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbudha. Taphni ijoollees gosoota fookiloorii jalatti kan hammatamu ta’ee, aadaa hawaasaa dhalootaa dhalootatti jechaafi gochaan kan ittiin dabarsaniidha.

Taphni ijoollee dubbii afaanii, lakkoofsaafi jechoota garaagaraa baasuun, sochii qaamaatiin walqabatu immoo aadaa hawaasaa fookiloorii jalatti ramadaman keessaa isaan tokkodha. Kanaaf ijoolleen taphatti gargaaramanii kan jibbaniifi morman ittiin balaaleffachuufi kan fedhan immoo ittiin faarsuu danda’u. Karaa biraatiin tapha ijoolleetti gargaaramanii aadaafi duudhaan hawaasni qabu cimeefi jabaatee akka itti fuufu gochuun akka danda’amu faayidaan fookiloorii kun ni

agarsiisa. Ammas tapha ijoolleetti gargaaramnee aadaan hawaasaa walitti fuufiinsa qabaachuun yeroo dheeraaf osoo hindagatamiin yeroo dheeraaf labataa labatatti cimee akka daddarbu taasisuun waan danda'amuuf faayidaan fookiloorii kun ragaa tapha kanaa madaaluuf gahee qaba. Hawaasni Orommoo ijoollee isaa taphaan qabee waan ofkeessatti jibbe akka hin babal'anneefi hindagaagne gochuu bira darbee akka jibbamuufi dhabamu taasisa. Sababa kanaaf faayidaan fookiloorii kunis ragaa mata duree kanaa madaaluuf barbaachisaadha.

Hayyuun Dorsan (1972:3-5) irratti gooroowwan fookiloorii bakka gurguddoo afuritti qoodeera. Gooroowwan isaa kana keessaa tokko, aartii sochii qaama hawaasaati. Aartiin sochii qaama hawaasaa kun dalagaa sochii qaamaatiin deeggaramee mul'atudha. Mata dureen qorannoo kanaas tapha ijoollee sochii qaamaa irratti xiyyeeffate qaaccessuudha. Tapha ijoollee kana keessatti immoo jechoota afaanii yookiin afoolaafi sochii qaamaatu mul'ata. Haala kanaan taphni ijoollee kun damee fookiloorii kana jala galuu waan danda'uuf ragaa kana madaaluu keessatti dameen fookiloorii kun gahee guddaa qaba. Afoollis gooroo fookiloorii keessaa tokko ta'ee kan afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti lufuufi hambaa hawaasaa hammatudha. Taphni ijoollees aadaa hawaasni qabu keessaatti kan ramadamuufi gochaafi afaaniffaan labataa labatatti kan darbu waan ta'eef karaa kanaan gooroo fookiloorii kana keessattis ni argama.

Dabalataan meeshaaleen aadaa dameewwan fookiloorii keessaa gooroo isa biraafi kan hawaasni fedhii isaanii ittiin guuttachuufi dandeettii ogummaa isaanii itti agarsiifachuuf itti gargaaraman ta'anii aadaa wajjiin walitti hidhamiinsa cimaa kan qabanidha. Taphoonni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatanis yemmuu taphatamaniifi qophaa'an meeshaalee aadaa irraa qophaa'an kan mataa isaanii qabu. Fakkeenyaaf: uleen, funyoo (haada) aadaa fa'a fudhachuun nidanda'ama. Karaa kanaan taphni ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan damee fookiloorii kana wajjiin walitti hidhatiinsa qabu. Ammas hayyuun Dorsan (1972:40) yaaxxina ykn daayessaalee qorannoo fookiloorii hedduun akka jiran ibseera. Isaan keessaa yaaxxini faayidaafi yaaxxini haalaa kanneen mata duree kanaan walitti hidhata qabanidha. Sababni isaas xiyyeeffannoon mata duree qorannoo kanaa haala raawwiifi faayidaa tapha ijoollee kanneen sochii qaamaatiin walqabatan qaaccessuu kan jedhurratti waan ta'eefiidha. Yaaxxini faayidaa fookilooriin ykn afoolli saba tokkoo akkamitti akka tajaajilu kan qu'atu yoo ta'u, yaaxxini haalaa immoo, afoola ykn fookiloorii tokko qorachuun wanta raawwatamee lafa taa'e osoo hintaane, waan raawwatamaa jiru akkamitti akka raawwatu, maaliin akka raawwatuufi yoomessa hurruubummaan sun keessatti raawwatu fa'a

irratti hundoofneeti jedha. Taphni ijoollee kunis kanneen afoolaafi sochii qaamaatiin walqabatan waan ta'aniif qoratamuu kan danda'an yemmuu raawwatamaa jiranittidha. Kanaafuu ragaa mata duree qorannoo kanaa madaaluuf yaaxxinoonni kunneen lamaanis kallattiidhaan barbaachisu. Walumaagalatti ragaa mata duree qorannoo kanaa madaaluuf qorannoo koo yemmuun fookilooritti fayyadamu, faayidaawwan fookiloorii,gooroowwan fookilooriifi daayessaawwan fookiloorii akkaataa armaan olitti ibsameen walsimsiisee itti gargaarameera`

## 2.10. Gahee Afoolaa Yaaxxina Ogummaa Afaanii keessatti

Ogummaa afaanii gurguddoo afran barsiisuu jechuun ogummaa dubbachuu, dhaggeeffachuu, dubbisuufi barreessuu cimsuudhaan gahumsa dandeettii barnootaa (academic achievement)fi gahumsa dandeettii walqunnamtii hawaasummaa (communicative proficiency for social pupose) gabbifachuudha. Waa'ee afaan barsiisuu ilaalchisee Hill .(1986:11-12) yemmuu ibsu, kaayyoon afaan barsiifamuuf dhaloonni haaraan afaanicha akka meeshaa walii galteetti akka itti fayyadamaniif, saayinsiifi teknoloojii hammayyaatti akka ittiin ofmadaksan, ogummaa aartiifi bashannanaaf yookaan fedhii dhuunfaa jireenya hojii isaanii keessatti akka ittiin ibsataniif kan gargaaru ta'uusaati.

Qorannoon kun yaaxxinaalee (theories) afaan barsiisuu sadan jiran (structural view, functional view & interactional view) keessaa ilaalcha tajaajilaa (functional view) hordofa. Akka hayyoonni Richards& Rodgers (1986), Lyster (2007:51-59) ibsanitti xiyyeeffannoon ilaalcha tajaajilaa kunis kalattiiwwan adda addaatiin afaaniin waliigaltee uumuuf ergaa dabarsuurratti. Adeemsi kun immoo ergaa afoolaan darbu gara garaatti hubannoo calaqqisiisuudhaan karaa barreessuufi dubbachuus ta'ee, dubbisuufi dhageeffachuurratti hirmaannaa taasisuuf haala mija'aa kan uumuudha. Akkaataa afaan ittiin baratamuu keessaa afoolaan dandeettiiwwan dubbachuufi barreessuu yemmuu barsiifamu,afoolli haala jireenya hawaasaa isa dhugaa ta'e calaqqisiisa: barattoonni waan jireenya isaanii keessatti qabatamaan beekan ogbarruu keessatti waan arganiif irratti hirmaatanii dubbachuuf, barreessuuf akkasumas dammaqinaan dubbisuuf ta'e barachuuf miira kaka'umsaa isaan keessatti uuma jedhu.

Itti dabaluudhaanis, barsiisonni ogummaa afaanii yemmuu barsiisan haala hunda galeessa ta'een qabiyyee fayyadamuudhaan tooftaa afaan ittiin barsiisan filachuudhaan barnooticha hawwachiisaa taasisuuf yaalii akka taasisan ibsu. Haala kana keessattis qabiyyeen barsiisonni ittiin ogummaa afaanii barsiisuuf filatan kunniin daran murteessoo ta'uusaa lafa kaa'u. Adeemsi afoolaan

fayyadamanii dandeettiiwwan afaanii barsiisuu kun mala barnoota qabiyyee bu'uureffate kan hordofudha. Barnoonni afaanii qabiyyee bu'uureffatu kun barattoonni xiyyeeffannoo isaanii qabiyyeewwaan barruu sanaa irratti gochuu isaanii osoo hin beekiin ogummaa afaanichaa shaakalu.

### 2.10.1. Gahee Afoolaa Ogummaa Dhageeffachuufi Dubbachuu Keessatti

Afoolli ogummaa dhageeffachuu keessatti gaheen inni qabu guddaadha.Ogummaa dhageeffachuu gabbisuuf barnoota afaanii keessatti iddoo olaanaa qabaachuusaa hayyoonni hedduun ibsaniiru. Andrzejeniskifi kanneen biroo (1985:38) "…the prime function of oral literature is to provide aesthetic pleasure and entertainment for the listeners". Faayidaan afoolaa inni guddaan dhageeffattoota bashannansiisu jedhu.Haaluma walfakkaatuun hawaasa afoola ittiin bashannanuuf gargaaraman keessatti afoolli dhageeffattoota heddu akka qabaatuuf gahee calaqqisiisa.

Dabalataanis,afoolli aadaa hawaasaa ofkeessatti hammatee waan jiruuf,qabiyyeewwan barnoota afaaniitiin walitti hidhamiinsa qabachuusaa agarsiisa.) Lauritzen (1980:787 " Since oral literature was transimatted through the medium of story-teller,it reflects the devices that used to retain the story in memory and to capture the attention of the audience". Hojiilee jireenya dhala namaa keessatti rawwataman afoolatti fayyadamuun kan ibsamaniif, sababa afoolaan gochaawwan adda addaa ibsuun qalbii dhageeffattootaa kan hawwatu ta'uu bira darbee dhimmi afoolaan ibsame sun yeroo dheeraaf akka hin irraaffatamne gochuun kan gargaaru waan ta'eef ,kan biroos afoolli jireenya ilmaan namaa wantoota adda addaatiin walbira qabee midhaagina itti uumee waan dhiyeessuuf qalbii dhageeffattootaa haalaan kan ofitti harkisu akka ta'e mul'isa. Haalli kun immoo barnoota Afaan Oromoo keessatti kanaa ol mul'achuu danda'a. Sababni isaas ummanni Oromoo afoolaasaa afaaniin (orally) dhaloota irraa darbaa dhufeen daran waan badhaadhaa ta'eef.

### 2.10.2.Gahee Afoolaa Ogummaa Dubbisuufi Barreessuu Keessatti

Afoolatti gargaaramuun ogummaa dubbisuu barsiisuu ilaalchisee Lauritzen (1980:787) yoo ibsu, caasaan afoolli hawaasaa ittiin qindaa'u mataan isaa fedhii dubbisuu kan hawwatu ta'uusaati. afoolli dhiyaatu ergaa kan dabarsuufi bashannansiisaa yoo ta'e dubbisni sun kan hin nuffisiifneefi kan barattoonni beekumsa aadaatiifi dandeettii xinqooqaas irraa gabbifatan ta'uu akka danda'u ibsu.

> “*Stories which have been handed down generation to generation by repeated telling are the stories of oral tradition.In many cultures,these stories are now recorded and can be read rather than heard.Literature in oral tradition can be identified by its special features.Of these many have to which cultural content of the tales,the type of plot structure,the types of charecters and typical themes and motifs “(Lauritzen,1980:787).*

Durduriin seenaa jireenya dhala namaa waliin bara durii jalqabee dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan dhufe ta’uun beekkamaadha. Haaluma walfakkaatuun afseenaawwan (legend) adda addaa yeroo ammaa barreeffamanii waan dubbifamaniif ogummaa dubbisuu ittiin gabbifachuuf mijatoo akka ta’an agarsiisa.Kun immoo afoolaawwan qindeeffamanii barreeffamaan taa’san kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo keessa galchuun ogummaa afaanii gurguddoo afran ittiin gonfachiisuudhaaf kan gargaaru ta’suusaa mul’isa. Hayyichi kun ammas yaada isaa itti fufuun caasaan seenaa afoolaa dhiyaatu,qabiyyeen aadaa hawaasaa calaqqisiisu,fakkattonni seenichaafi ergaan afseenichaan darbu faayidaa afoolaa adda kan taasisu ta’uusaa ibsa. Qabxiin guddaan yaada armaan olii irraa hubatamu afoolli akkuma ogbarruu hammayyaa jaargocha, fakkaattota,yoomessa,waldiddaafi ergaa qabaachuu akkasuma immoo aadaa saba tokkoo akkuma jirutti kan calaqqisiisu ta’uusaa mul’isa.

Barreessaan tokko mata duree kamirrattuu yoo barreessu akka ofii yaadetti waliigaltee uumuuf haaldubbiifi jechoota/jechamoota filatamoo ta’an fayyadamuun baay’ee filatamaadha. Ogummaan barreessuu ogummaalee afaanii gurguddoo afran jiran keessaa xiyyeeffannoo guddaa kan barbaadudha. Sababiin isaas, akka dubbachuu fuulaa- fuulatti waan dogongora sirreeffachuun rakkisaa ta’eefidha. Waa’ee ogummaa barreessuu ilaalchisuun McMahanfi kanneen biroo (1986:7) yoo ibsan, “ Writing for diverse group about whom you know little is more difficult than writing writing for a specific audience whom you know well”.Namni waa barreessu tokko namoota seenduubee (background) isaanii sirritti hin beekneef barreessuurratti baay’ee kan rakkatu akka ta’e ibsa. Sababiin isaas,aadaa,barsiifata,safuufi eenyummaa namoota dhimma wayii itti barreessu sanaa osoo hin hubanne yoo barreesse rakkoo uumuudhaan walitti bu’uu danda’a.

> “*You seldom sitdown to write without some aim in mind,and this purpose affects your whole approach to writing .More frequently,though,you will be writing for several others people, and the response you want from these prespective readers will determine your purpose. If, for inistance,you want your audience to be amused by your writing purpose is*

*to intertain. If you want your readers to gain some kwoledge from your writing ,then you are writing to inform. If you want your readers to agree with an opinion or accept an idea,then you are writing to persuade" ( McMahan,1986:8)*

Ogummaan barreessuu nama tokkoo kan ittiin madaalamu inni guddaan kaayoo barreeffamuuf sana galmaan gahuu irratti.Kunis kaayyoo odeeffannoo kennuuf, bashannansiisuuf ykn amansiisuuf ta‟uu mala. Kanaaf kaayyoon barreessaa kun akkaataa ittiin barreessan irratti jijjiirama nifida jechuudha.

Barnoota Afaan Oromoo keessatti kaayyoo barreessuu yaada keessa galchuudhaan ogummaa barreessuu haalaan shaakalsiisuuf gosoota afoolaawwanii keessaayyuu, durdurii, afseenaawwan, afwalaloowwaniifi mammaaksotatti gargaaramuun akka barattoonni fedhii horachuun yaada isaanii maddisiisuun barreessan taasisa. Afoolli Oromoo odeeffannoo waa'ee jiruufi jireenya hawaasichaarratti bifa midhaagina qabuun mammaaksaan, hiibboon, afwalaloon, sirbaan, weedduu, geerarsaafi kkf barreessuun dhiyeessuun dubbistoota ni hawwata. Afoolli irra caalaan kan bashannansiisaa barsiisu waan ta'eef, ogummaa barreessuu ittiin shaakalsiisuuf haalaan filatamaadha.

Kana malee yaada ofii namoota ittiin amansiisuudhaaf durdurii, afseenaawwaniifi mammaaksonni gahee addaa waan qabaniif,barattoonni yemmuu ogummaa barreessuu shaakalan afoolatti akka gargaaraman taasisuun filannoo jechootaafi yaada gabbisanii barreessuu akka danda'an godha. Finnegan (1976:11) waa‟ee dhageeffattoota afoolaa yoo ibsitu, namoonni dubbii afoolaan dhiyaatu tokko calluma jedhanii gurratti hin fudhatan. Itti hirmaatu.Yaada isaanii irratti kennu.Kanarraa kan hubatamu afoolli dhiyaatu muuxannoofi mudannoo akkasuma jiruu jireenya dhageeffattootaa wajjiin waan walqabatuuf callisanii dhageeffachuu caalaayyuu itti akka hirmaataniidha.Faayidaan mammaaksaa beekumsi qabiyyee mammaaksaa muuxannoo barattootaaf daran kan dhiyaatu ta'uusaa agarsiisa. Haaluma walfakkaatuun Mammaaksi akaakuu ogafaanii (oral literature) keessaa warra hundarra gabaabbinaafi amala dhaabbataa ta'e qabaachuun beekaman keessatti ramadama. Akaakuu ogafaanii keessaa gosa hedduu jaalatamudha.Kanarraa kan ka'e haasaan saba Oromoo mammaaksaan yoo deeggarame jaallatama.Nama dubbiisaa mammaaksaan mi'eessee dubbachuu jaalatuufi danda‟uun „abalu haasa beeka jedhu‟ jedhu. Namni dandeettii akkasii qabu ogummaa afaanii qaba jedhama.

Oromoon nama mammaaksa danda’ uun„dubbii ni danda’a‟ jechuun barbaachisummaafi walitti dhufeenya ogummaa mammaaksaafi ogummaa afaanii jidduu jiru ni cimsa.

Maammaaksi afaaniif baay’ee barbaachisaafi faayida qabeessa akkasumas dubbiin mammaaksa malee hin mi’aayu (Finnegan,1976:415). Dabalataanis aadaa ummata Afrikaa hedduu keessatti fedhiin ogummaa afaanii yaada miira dhabeessa (abstract) ta’e tokkoof waan qabatamaa ta’een bakka buusanii fakkii sammuu (imagery) isaa uumuun akka salphaatti hubatamu gochuuniifi jechoota agarsiisa alkallattii (indirect reference) filachuun mammaaksarraa akka maddu ta‟uusaati (Finnegan,1976:390). *Proverbs are short witty or epigrammatic sayings which embody tradional wit and wisdom. They are spices with which we flavor our speech.It is worth learning some of those proverbs for they are beneficial particularly to students of language and literature.”*

Mammaaksi afwalaloo gabaabaafi hawwataa ta’e kan dubbii bal’aa waa’ee jireenya hawaasaa tokko gabaabsee dhiyeessuudha. Mi’eessituu dubbiitis. Mammaaksonni barattoota afaaniitiif faayidaa guddaa qaba Dabalataanis ogbarruun hunda galeessa, fedhii nama dhuunfaa kan calaqqisiisu,garaagarummaa namoota gidduu jiru yaada keessa galchuu,yaada bal’aa jechoota muraasaan kan dhiyeessuufi humna qabeessa waan ta’eef,kutaa barnoota afaanii keessatti itti gargaaramuun filatamaa ta’uusaati. Yemmuu kanas fedhii dubbachuu isaan keessatti uumuun ogummaa afaanii afran akka fooyyeffataniif gargaara.

## 2.11. Qorannoowwan Hojii Kanaan Walitti Dhufeenya Qaban

Qorannoofi qu’annoon hojjatamu tokko, kanneen kanaan dura hojjataman wajjiin walfakkeenyaafi garaagarummaa qabaachuu danda’a. Akkasumas mata duree qorannoo gaggeessan tokko irratti qorannoo isa fakkaatu, kan duraan qoratamee lafa taa’e argatanii dubbisuun, kallattii qoratichi ittiin ilaale adda baasuun fooyyessuun,waan dabalamuu qabu itti dabaluun ilaaluun adeemsa qorannoo tokkooti. Qorannoon kunis qorannoo namoota biroo wajjiin walfakkeenyaafi garaagarummaa qaba. Haaluma kanaan qorattuunis, barruu walfakkii hanga yaadame argachuun rakkoo ta’ee mul’atus, kanneen armaan gadii argattee sakatta’uuf yaaltee jirti.

1. **Namarraa Bashaa (2015)** mata duree qorannoo „Qaaccessa Raawwiifi Tapha Ijoollee Godina Wallagga Lixaa Aanaa Boojjii Dirmajii” jedhurratti ulaagaa digirii lammaffaa (MA) guuttachuuf hojjatanii jiru. Qorannoo isaa kana keessatti waa’ee tapha ijoollee ilaalchisee yaadonni ka’an kan akka: gahee ijoolleen fookiloorii keessatti qaban, gosoota tapha ijoollee, faayidaa isaaniifi haala

taphoonni kunniin ittiin raawwataman fa'aadha. Qorannoon isaa kun ciminaafi hanqinas niqaba. Ciminni qorannoo Namarraa akaakuufi faayidaa tapha ijoollee ibsuufi isaan kun kaayyoo gooree ta'anii qaama qorannoo keessatti ibsamuu isaaniiti. Hanqinni qorannoo isaa keessatti mul'atu immoo, kaayyoo isaa keessatti akaakuu tapha ijoollee jedhee bakka tokkotti kaayuu isaati. Karaa biraatiin daangaa tapha ijoollee qabaachuu dhabuu isaati. Qorannoon Namarraa qorannoo kanaan bakki inni itti walfakkaatu, qorannoon isaas tapha aadaa ijoollee iratti gaggeeffamuufi ijoolleenis tapha kanatti gargaaramuun aadaafi safuu hawaasaa dhuunfataa akka guddatan, akkasumas yommuu gosoota taphaa tarreessu taphoonni aadaa ijoollee sochii qaamaatiin walqabatus tokko tokko tuquun isaa fa'a isaan muraasa.

Garaagarummaan mata duree isaafi mata duree kana gidduu jiru immoo, mata dureen qorannoo isaanii tapha ijoollee gosa kamiiyyuu ta'ee bifa garagaraatiin kan taphataman qaaccessuu yoo ta'u, mata dureen qorannoo kanaa immoo, tapha aadaa ijoollee ta'ee afoola tapha ijoolleee akka caaccuu afaan dhalootaa barsiisuuf oolchuu irratti xiyyeeffatee kan xiinxaalame ta'uu isaati. Karaa biraatiin bakki qorannoon lamaan kunniin itti gaggeeffame bakka garaagaraati. Akkasumas isaan taphoota kanniin kaasanii ibsanis, mata duree qorannoo kanaa jalatti immoo, haalli raawwiifi faayidaan taphoota kanniinii bal'inaan ibsameera. Mata-duree kana kan adda taasisu garuu xiyyeeffannoon isaa xiinxala taphoota ijoollee kanneen akka agarsiisa Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barsiisuu jedhudha.

2. **Lachiisaa Birruu(2011**) Mata duree qorannoo "Haala dhiyeenyaafi qabiyyee tapha ijoollee godina Shawaa lixaa Aanaa Jalduu" jedhu irratti waraqaa qorannoo ulaagaa digrii tokkoffaa guuttachuuf hojjatanii jiru. Cimini qorannoo Lachiisaa keessatti mul‟atu, qorannoo isaa boqonnaa shanitti qooduun dhimmoota jiran hanga tokko kaasuu isaa yoo ta‟u, dhimmi inni akka qabiyyeetti kaase faayidaa tapha ijoollee waan ta'eef gama faayidaafi qabiyyee gargar baasuu dadhabuutiin dadhabina qaba. Qorannoon isaa Qorannoo kanaan bakki inni itti walfakkaatu gama haala dhiyeenyaafi gosoota tapha ijoollee ibsuu isaatiin. Garaagarummaan mul'atu ammoo, mata dureen qorannoo isaanii tapha ijoollee kanneen bifa gaaffiifi deebiitiin, bifa wolalootiin, haala waljalaa qabuutiiniifi bifa seeneffamuutiin dhiyaatan irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, qorannoon koo kun immoo tapha ijoollee ta'ee kanneen afoolaan taphataman afaan dhalootaa barsiisuuf oolchuu jedhu akka bulchiinsa Magaala Shaggar Kutaa Bulchiinsa Magaalaa Furiitti jiran haala raawwiifi faayidaa isaanii akkasumas hudhaalee hojiirra oolmaa irratti xiyyeeffatee qaaccessuun

dhiyeessuun garaagara. Karaa biraatiin iddoowwaan qorannoowwan kunneen itti adeemsifame adda adda ta'uun isaanii garaagarummaa isaan qabaniidha.

3.**Abdulmaliik Abdurahamaan (2003)** mata duree "Akaakuu tapha ijoollee ibsuu Godina Harargee Lixaa Aanaa Masalaa" jedhu irratti waraqaa qorannoo ulaagaa digirii tokkoffaa guuttachuuf hojjatanii jiru. Qorannoon Abdulmaliik ciminaafi hanqinas qaba. Cimini isaa maalummaa taphaafi maalummaa tapha ijoollee, faayidaa tapha ijoollee, akaakuu tapha ijoolleefi bifa tapha ijoollee jedhee bifa bifaan taphoota tokko tokkoon kaayuu isaati. Akaakuu tapha ijoollee jedhee ka'ee tapha ijoollee kanneen seeneffaman bira darbuun isaa immoo dadhabina isaati. Walfakkeenyi qorannoo isaafi qorannoo kana gidduu jiru akaakuu tapha ijoollee ibsuufi faayidaa tapha ijoollee fa'a irratti xiyyeeffachuu isaaniiti. Haata‟uumalee qorannoowwan kunneen garaagarummaas qabu. Garaagarummaan isaan qaban, qorannoon Abdulmaliik akaakuu tapha ijoollee gaaffiifi deebiifi wolaloo of keessaa qaban qofa irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, qorannoon kun immoo tapha ijoollee akka agarsiisa caacculee baruu barsiisuu Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barsiisuun hojiirra oolmaa isaa xiinxaluurratti kan xiyyeefate ta‟uu isaatiin garaagarummaa qabu.

4. **Masfiin Tashoomee (1995:42-75)** Kitaaba mata duree"Barruulee Qormaata WaaltinaAfaan Oromoo" Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaan maxxanfame keessatti, Tapha Ijoollee Godina Shawaa Dhiyaa Aanaalee: Amboo, Daandii, Calliyaa, Dawoofi Ada'aa Bargaa irratti gosoota taphaa tokko tokko fuula muraasaan (42-75) irratti ibsuuf yaalee jira. Ciminni qorannoo Masfiin keessatti mul‟atu, taphoonni walitti qabaman ijoollee hammamiin akka taphataman ibsuu isaati. Fakkeenyaaf: taphni ijoollee lama gidduutti adeemsifamu, kanneen nama tokko qofaan taphatamaniifi kanneen biroos baldhinaan agarsiifamaniiru. Hanqinni qorannoo isaa immoo, kaayyoon qorannichaafi wanti qorannoo keessatti agarsiifame haala walsimateen hinteenye.

Akkasumas taphni ijoollee yoomiifi eessatti akka taphataman osoo hin ibsamiin bira darbaman nimul'atu. Fkn, tapha Jimma jimmiyyoo jedhu. Walfakkiin kitaaba kanaafi qorannoo koo gidduu jiru gosoota tapha ijoollee ibsuu qofa irrattidha. Garaagarummaan jiru garuu, barreeffamni kun bifa kitaabaatiin kan qophaa'e ta'uu isaatiifi barreeffamichi haala raawwiifi hojiirra oolmaa irratti kan xiyyeeffate miti. Qorannoon kun immoo tapha ijoollee afaan dhalootaa barsiisuuf akka agarsiisa caacculee hojiirraa oolmaa isaa irratti kan xiyyeeffatedha.

5. **Jilee Goobanaa (2012)** mata duree "Qabiyyee Tapha Ijoollee Oromoo Gujii Aanaa Bulee Horaa Godina Boorana" jedhu irratti waraqaa qorannoo ulaagaa digrii tokkoffaa guuttachuuf hojjatanii jiru. Qorannoon Jilee iddoo, yeroo, ergaafi akaakuu tapha ijoollee ibsuun isaa cimina isaa yoo ta'u, gosoota tapha ijoollee osoo hindaangessiin amala tapha ijoollee muraasaan amala tapha ijoollee hunda bakka buusee ibsuun isaa dadhabina isaati. Fakkeenyaaf, ergaa gosa tapha muraasaatiin tapha ijoollee hunda ibsuu fa'a.

Walfakkeenyi qorannoo isaafi qorannoo kanaa tapha ijoolleerratti gaggeeffamuu, haala adeemsaa, akaakuufi idddoofi yeroo tapha ijoollee ibsuu kan jedhurratti yoo ta'u garaagarummaan isaan qaban immoo, qorannoon isaanii tapha ijoollee af-wolaloo irratti xiyyeeffate ta'ee, tapha gaaffiifi deebii of keessaa qabuufi tapha bifa waljalaa qabuutiin dhiyaatedha. .

Kanaafuu, akkuma waliigalaatti qorannoo koo kana immoo adda kan taasisu yoomessaafi tapha ijoollee afoola Oromoo akka agarsiisa caacculee Afaan Oromoo akka afaan dhalootaa barsiisuu wajjin walqabsiisuun xiinxaluudhaan kan gaggeeffame ta'uusaati.

# BOQONNAA SADI: MALLEEN QORANNOO

## 3. MALLEEN QORANNICHAA

Gosni qorannichaa akkaataa ijaarama yookiin caaseffamni qoraannichaa gaggeeffamuunidha. Gosti qorannicha kana keessatti hojiirra oole gosa qorannoo ibsaa/addeessaa (descriptive research) dha. Yaada kana kan deeggaru Dastaa (2002:21) “Qo’annoo addeessaa nama tokorraa seensa argatu sanaan waa’ee seenaa nama sanaa gadi fageenyaan argata. Odeeffannoon qorannoo gosa kanaa afoola fa’a ta’uu danda’a” jedhee ibsa. Gosni qorannoo kanaa taateewwan ta’aniifi ta’uu danda’an sammuu dubbisaa keessa galchuun, addeessa bal’aa irraatti xiyyeeffata. Kana malees ragaawwan argamanis kan addeessudha.

## 3.1 Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo kanaa hawaasa Oromoo Bulchinsa Magaala shaggaritti Kutaa Magaala Furii, keessa jiraatan irrattidha. Mata dureen qorannoo kanaa Tapha ijoollee Oromoo agarsiisa caacculee baruu barsiisuu afaan oromoo akka afaan dhalootaaf oolchuu yemmuu ta’u, namoota beekumsaafi muuxannoo gahaa qaban irratti xiyyeeffachuun qoratamuuf barbaadamee gaggeeffamedha.

## 3.2 Iddattoo Qorannichaa

Namni qorannoo gaggeessu tokko kaayyoo isaarraa ka’uun qaama hawaasaa kam osoon filadhee odeeffannoo barbaachisaa ta’e irraa argamuu danda’a? gaaffii jedhu hubannoo keessa galchuun iddattoo isaa filachuun barbaachisaadha. Adeemsi iddatteessuu ani qorannoo kootiif na gargaara jedhee filadhe iddatteessuu dhaabbataa (non- probability sampling) dha. Gosoota iddatteessuu miti-carraa keessaa iddaattoo itti yaadee (purposive sampling) filadhe. Kuniis sababni manneen barumsaa Jamaa kunneen afaan barnootaa isaanii Afoon Oromoo fi Afaan Amaaraan wal duuka waan barsiisaa jiraniif hawaasa kutaa Bulchinsa magaalichaa kana mara irraa mala iddattoo carraan odeeffannoo barbaadamu argachuun rakkiisaa waan ta’eef namoota odeef-kennitoota barbadaman karaa mti-carraan filachuun halaa salphaa fi sirnaawaa ta’een ragichan barbaadu argachuuf mijataa waan ta’eefi. Akka Dastaa (2013) kitaaba bu’uura qorannoo jedhu keessatti ibsetti, mala iddattoo itti yaadee yoommuu filannuu odeef-kennitoota keenya gidduu galeessa gochuun murteessadha. Kanaafuu anis kutaa Bulchinsa magaala Furii keessaa manneen barnootaa qabu hunda (Mana barnootaa Gursee Koree, Mana barnootaa Qorkee fi mana barnootaa Abdii

Dhalootaa/Ajanbaa ) sadan fudhadhee, barsiisota damee Afaan Oromoon barsiisan keessaa barsiisota umuriin 40 ol ta’an keessaa 10 (kudhan), barattoota kutaa 1-6 jiran keessaa 10 (kudhan) filatamaniiru. Sababani isaas kutaan Bulchinsa Magaalaa kun aanaalee sadan manneetti barnootaa mootummaa ja’an jiran keessaa sadii afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti kan barsiisan, manni barnootaa irra guddaan 90% kan ta’an ammoo mana barnoota dhuunfaa immoo afaan oromoo akka afaan lammaffatti ykn afaan oromoon kan hin barsiifne waan ta’aniif warreen manneen barnootaa sadii kanaan olitti ibsaman ani qorannookoo irratti gaggeessuuf duraan dursee kaayyoo qorannoo Sanaa kan galmaan gahuu dandeessisu waan murteessuuf daanga’eera.

## 3.3. Madda Ragaalee

Qorannoo gaggeeffamuuf ragaaleen walittii qabaman dhugummaan qorannichaa fudhatama akka argatuuf maddi ragaa irraa funaaname murteessaadha. Kanaaf maddi ragaa qorannoo kanatti Ani gargaarame (maayii ba’e) maddoota ragaa sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaadha. Maddii ragaa sadarkaa tokkooffaa barsiisota, barattootaa fi maanguddootaa iddattoo keessatti filataman odeeffannoo irraa funaannadheera. Maddi ragaa sadarkaa lammaaffaa ammoo Kitaabilee wabii Afoolaa maxxanffamanii fi barruullee adda addaa gargaaramuun qaaccessee dhiyeessuun bifa qorannoo addeessaan dhiyeesseera..

## 3.4. Malleen Funaansa ragaalee

Qorannoo kana gaggeessuuf raagalee funaanuuf qaamoolee armaan oliitti tuqaman irraa odeeffannoo bu’uuraa gadii fageenyaan fudhachuudhaf meeshaaleen Af-gaaffii, daawwaannaa, Mariigaree xiyyeeffannoo (FGD), Dookumantii garaagaraa xinxaluutti gargaaramuun odeeffaannoo guuruun ittiin fayyadameera.

### 3.4.1. Af-gaaffiin,

Tooftaa fuaansa ragaalee keessaa tokko kan ta’ee fi bifa barreeffamaa fi barreeffamaan hin taaneen namoota dhimmi ilaallatu waliin gaaffii afaaniin odeeffannoo funaanuuf waan na gargaaruufiin filadhe. Yaada kana Dastaa (2002:48) yoo ibsuu, “af-gaaffiin gosa odeeffannoo qorannoo ittiin funaanamu keessa tokko ta’ee kan qorataa fi odeeffattootni fuulleetti wal arganii odeeffannoo walii kennaniidha” jedha. Anis tooftaa kanatti garagaaramee odeeffannoo madda tokkoffaa irraa guureera.

### 3.4.2 Sakatta'a dookumntii/Harshamee

Malli kun mala qorattuun barreffamoota mata duree kanaan wal qabatan sakkata'uun odeefannoo barbaachisaa funaanuuti. Dastaa (2002:101) akka ibseetti "Barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootti nama fayyadan hedduutu jiru. Isaan keessaa: kitaabilee, xalaayoota, barruulee, baruulee addaa fi kkf ta'uu danda'u" jedha. Kanaaf Anis kitaabilee Biiroon Aadaa fi Turiizimii Oromiyaa Maxxansisee Jildii 4 fi 5 Dilbii, Bu'uura Afoola og-afaaniifi af walaloo Oromoo, bu'uura qorannoo akkamtaa, Daawitii, Durdurii jildii V fi kitaabilee qorannoowwan afoollan tapha ijoollee akka meeshaa lee yookiin dandeettiiwwan afaan dhalootaa barsiisuuf malleen ittiin gargaaramu irratti dhiyaatan mata-duree kana waliin walqabatan k.k.f gargaaramee qorannoo gaggeesseera.

### 3.4.3. Marii garee Xiyyeeffannoo (FGD)

Marii garee xiyyeeffannoo meeshaa funaansaa ragaalee keessaa tokko ta'ee gareen tokko dhimma tokkorratti marii taasisuudha. Kanafuu Anis fayidaa taphini ijoollee jireenya haawasummaa keessatti qabu irrattii hojjattoota waajjiraa Aadaa fi Tuurizimii Aanaa Mudaa Furii mariisiseera.

## 3.5. Mala Qacceessa Ragalee

Akka hayyoonni ibsanitti qorannoon yeroo adeemsifamu mala adda addaa irratti hunda'ee dhiyaata. Dastaa (2002:19), " Qorannoon tokko haala odeeffannoo itti funaanamuu fi odeffannoon funaaname sun haala itti hiikamu irratti hundaa'ee" Qorannoo qulqullaa'inaa (qualitative research) fi qorannoo lakkoofsaa (quantitative research)" jechuun ibsa. Kana irraa ka'uun Anis qorannoo kiyya kaniin qaaccessu mala qacceessa qulqulla'inaa (qualitative research) ykn mala qorannoo al-lakkoofsawaadha. Sababni isaas qorannoo qulqullaa'inaa yookiin al-lakkoofsaawaa qorannoo aadaa haawasaa ibsu waan ta'eefi jechuun, Adduunyaa Barkeessaa (2011:60) Moon (2004:3) waabeffachuun ibsa. "Qualitative data is descriptive data from abservation or un structured interviews". Kunis dhimmaa qorannichaa gadii fageenyaan xiinxaluuf isa bu'uurati.

## 3.6. Naamusa Qorannoo

Qorattuun ragaalee yookiin odeeffannoowwan odeeffannoo kennitootaa icciitiidhaan eeguun kan qaaccessiteefi dhugaalee qorannichaa irraa otoo hin hir'isiiniifi itti otoo hindabaliin dhiyeessiteetti. Kanaafis, ragaaleefi suuraan jiranis akka dhugaa daawwannaa keessa, af-gaaffiifi kkf kan argaman ta'uu hubachiifti.

# BOQONNAA AFUR: QAACCESSA QORANNICHAA

Boqonnaa kana jalatti xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta'e "Tapha Ijoollee Oromoo Bulchinsa Magaala Shaggaritti Kutaa Magaala Furii Agarsiisa Caacculee Baruu Barsiisuu Afaan Oromoo Akka Afaan Dhalootaaf Oolchuu" jedhu haala raawwiifi faayidaa tapha ijoollee Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barsiisuun walqabatanii Bulchiinsa magaalaa Shaggar kutaa magaalaa Furii ilaalchisee akaakuu taphoota ijoollee hojiirra oolanii, akkaataa taphoonni kunniin ittiin dhiyaatan, qaama tapha kana qopheessu, yoomessa taphoonni kunniin keessatti raawwataman, haala raawwii taphichaa, faayidaan inni qabuufi rakkoolee hojiirra oolmaa tapha ijoollee kanaan walqabatan keessatti kan qaacceffamee dhiyaatedha.

Qorannoo kanaaf anis qorannoo qulqullee (qualitative) waanan dhimma itti baheef akkaatuma qorannoo qulqulleen addeessa (descrptive) gargaaramuun haala kanaaf toluun odeeffannoowwan karaa garaagaraa walitti dhufan yookiin guuraman rog-sadeessuun/triangulate/gochuun gulaaluun qaacceesseera.Qaaccessa dookimantiilee/harshammee kitaabilee garaagaraafi odeeffannoowwan af-gaaffii, daawwannaafi marii garee irraa argaman walitti qindeessuun addeessuun akka armaan gadiitti dhiyeesseera.

## 4.1. Afoollan Taphoota ijoollee caacculee Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barsiisuuf gargaaran

### 4.1.1. Afoollan Gareen Taphataman

Afoolonni gareen dhiyaatan amala hurruubummaa qabu. Gareen waan dhiyaataniif qaama dhiyeessuuf jalaa qabus nijiraata jechuudha. Afoollan kun dandeettii afaanii dhaggeeffachuufi dubbachuu akkasumas, fayyadama jechootaa afaanii dhalootaaf nidagaagsu. Kana malees, safuu, seeraafi duudhaa hawaasichaa barsiisuuf gaheen qaban ol'aanaadha. Afoollan gareen dhiyaatan akka armaan gadii ta'u.

#### 4.1.1.1. Eebba Oromoo Godinaalee Garaagaraa

Akka hayyuun abbaa Gadaa Ayyaantuu Burqaa Waayyuu jedhanitti "Eebbi eebbadha! Eebbi Ayyaantuufi kan eebba fudhatu walitti fida. Eebbi eebbisaafi qaama eebba fudhatu walitti dhufanii jennaan gaggeeffama. Eebbi araara, dhiifama,nagaa, jaalala waloo, hawwii, waaqaan walarguu, safuufi duudhaalee hawaasni qabu, hariiroo hawaasni waliin qabu kan cimsu; abaarsa maatii,

biyyaa kan uummataaf kkf fageessuuf /hambisuuf yeroo walgeettii abbootii Gadaa, waltajjii uummataa, nagaafi araaraaf yommuu taa'aamu,waldhabdee biyyaa hiikuuf kkf gargaarudha" Kunis,akka afoola Oromoo tokkootti afaan dhalootaa barsiisuu keessatti gahee ol'aanaa qaba. Godinaalee Oromiyaa garaagaraa keessattis baniisaafi cufiinsa waltajjii garaagaraa irratti nidhiyaata. Barattootnis waltajjii mana barnootaa isaanii keessatti yeroo baniisaafi cufiinsa eebba ummata Oromoo godiinaalee garaagaraa akka shaakalan gochuun mala akkeessuufi fakkeessuu kanaan seerluga, jechoota, safuufi duudhaa afaan isaanii akka baratan gochuun barbaachisa.

Haata'u malee, Oromootni godinaalee Oromiyaarraa dhufan kutaa magaalaa kana keessa waliin jiraatanis, haala walfakkaatuun manneen barnootaa qorannoon kun keessatti gaggeeffame keessatti hojiirra yommuu oolu hin argamne. Hanqinootni baayyee gama eebba Oromoo kanaan mul'atan akka ammayyummaa of-ilaaluu, Kana maleees, amantoota biroo akka Ortoodoksii, kan Musliimaafi Piroteestaantii waliin walbira qabanii duudhaafi safuu Oromoo dhiyeessuuf yaaluu,qaaniifi sodaa namoota eebba sirriitti hin beekne biratti mul'atuuf kkf kaasuun nidanda'ama.

Harki caalaan isaas, akka waliigalaatti yommuu ilaalamu sabboonummaa aadaa,safuufi duudhaa ganamaa dagachuun kan ormaatti rarra'uun ija baasee mul'ata. Fakkeenyaaf, akka agarsiistuutti afaan makanii dubbachuu,afaan dhalootaa ofii caalaatti afaan lammaffaan of-ibsuuf carraaquuf kkf eeruun barbaachisaadha.

**Eebba Oromoo Booranaa**

Oromootni Booranaa akka armaan gadiitti eebbifatu.

Ardaan nagaa …………………………………….…..nageen

Bobbaan nagaa …………………………… …….. nageen

Barri nagaa …………………………………….……..nageen

Waareen nagaa ……………………………...….. nageen

Waariin nagaa ……………………………………..nageen

Reeriin nagaa …………………………………….. nageen

Dheedi nagaa …………………………………….. nageen

Yaa’iin nagaa …………………………………….. nageen

Kuubiin nagaa …………………………………….. nageen

Raabi nagaa ………………………………..….. nageens

Kuusaa gosee nagaa ………………………………..nageen

Ijoolleen kuchuu nagaa ……………………………nageen

Dirreen nagaa ……………………………..…...nageen

Dirreen dirri liiban nagaa …………………………...nageen

Liiban golbaa diidii nagaa ……………………….. nageen

Tulaa sallan nagaa …………………………………nageen

**Eebba Oromoo Gujii biratti beekamu**

Ee….ati Waaqi Ardaa

Waaqi abbaa

Ka Mi’ee Bokkuu

Ka Dibee Dhugoo.

Ka Garbaa Aannoo

Waaqa Gujii Gurraachaa ati nu’dhagahi

Dhageettu nuuf owwaadhu

Ta’olii olitti nu hanqisi

Ta gadii gaditti nu hanqisi

Tadallaa lammanii achumatti nuhanqisi

Barri nagayaa

Bariin nagayaa

Jaarsi nagayaa

Jaartiin nagayaa

Ilmi nagayaa

Intalli nagayaa

Kan fuudhu nagayaa

Ka heerumtu nagayaa

Uchumti nagayaa

Bobbaan nagayaa

Tissi uleen nagayaa

Araddaan yaa’aa nagayaa

Elmaa gaadiin nagayaa

Me’ee Bokkuun nagayaa

Duddaa daawwaan nagayaa

Sababa oddoon nagayaa

Gooroo Doolaa nagayaa

Gooroon Oromoo teennaa

Maartinuu nagayaa

**Eebba Ituu**

Abbaa badhaasii abbaa dhaas ………………….……… lee

Taadhii ……………………………………………… lee

Taadhii yoobaa ………………………….………… lee

Bohaarsii barii …………………………………… lee

Haadha nagayaa ……………………..………….. lee

Biyyi nagaa ………………………………………. Lee

Maatiin nagaa ………………………..………….. lee

Hoo waaqni jedhe , yoo waaqni jedhe

Horaa bulaa deebanaa !!

**Eebba Oromoo Tuulamaa**

Hayyee …. Hayyee…. Hayyee ….. hayyee!

Waaqa uumaa ,waaqa uumamaa

Waaqa Burqaa Haroo Walabuu

Waaqa sagaltama Garbaa

Waaqa salgan Garbaa

Waaqa Torban Baarentummaa

Waaqa Bokkuu Gurraachaa

Waaqa Caffee Tumaa

Waaqa Shanan Gadaa Oromoo

Kan nagaan nu’oolchite nagaan nubulchi

Kan nagaan nu’oolchite nagaan nubulchi

Irraa gora nu’oolchi

Dogoggora nu'oolchi

Hamaa nurraa qabi

Tolaa nutti qabi

Xiqqaa nuuf guddisi

Guddaa nuuf mul'isi

Rooba nagayaa nuuf roobi

Bara nagayaa nuuf baasi

Gadaan roobaa nagayaa

Barri quufaa gabbina!

**Eebba Oromoo Arsii**

Dhiltee dhinnaa …………………………………… hobba'aa

Dhiltee dhinnaa …………………………………… hobba'aa

Dhiltee dhinnaa …………………………………….. ijarraa nuhanbisaa

Faatee waaqni dhagayi ………………..……………. dhagayi

Laftis dhagayi ……………………….………………..dhagayi

Dhibbi dhagayi …………………………………….. dhagayi

Dhibaayyuun dhagayi ………………………………. dhagayi

Gadaan dhagayi …………………………………… dhagayi

Gadamoojjiin dhagayi ……………………………. dhagayi

Gadabitti nuuf galchi ……………………………….galchi

Gadaa nuuf hulluuqsi …………………………………hulluuqsi

Doloolloo yaasi ……………………………………yaasi

Yaa'aa gabbisi …………………………………… gabbisi

Waraana qaqeessi ………………………………... qaqeessi

Oromoo qaqaatti nuuf bulchi ………………………. bulchi

Bokkaa sii roobi …………………………………… roobi

Bokkuu sii moosisi ……………………………….. moosisi

Laftana ititi …………………………………………. Ititi

Itittuu nu'obaasi ……………………………………. obaasi

Sun toltuu, sun toltuu ……………………………… haaqabattu .

**Eebba Oromoo Maccaa**

Na ' ofkolchaa …………………………………….. ofkalaa

Na'ofkalchaa ………………………………………. ofkalaa

Na'ofkalchaa ……………………………………….. ofkalaa

Waaqni nagaan nubulchite nagaan nu'oolchi…………nu'oolchi

Hamaan gargar nu'oolchi ……………………………nu'oolchi

Dogoggora nu'oolchi ………………………….….nu'oolchi

Citiin sadii ,citiin sadan nu'oolchi……………….….….nu'oolchi

Citiin waraana nu'oolchi ……………………………….. nu'oolchi

Kan caamee goggogsu nu'oolchi ……………………….nu'oolchi

Kan roobee tortorsu nu'oolchi …………………………. nu'oolchi

Walbira oolchii nubulchi ……………………..……... nubulchi

Waliigaltee nuuf kenni …………………………….……… kenni

Sonii nuuf roobi ………………………………..…… … roobi

Waan rooba keessa jibban nubaasi ……………..………. nubaasi

Waan caama keessa jibban nu'oolchi…………………….nu'oolchi

Egaa nagaya ……………………………………………….. nagaya

Barri quufa ………………………………………………… quufa

Gadaan gabbina gabbisi waaqi!

#### 4.1.1.2. Afoollan Tapha ijoollee Qareeyyii ta'an ( Witicisms )

A. **Mammaaksa:** "Mammaaksi dubbii fida ykn dubbii fixa; ittoon soogidda malee, dubbiin mammaaksa malee, hin mi'aayu; gamnatti ni fuulchu, gowwaatti ni himu" jedha Oromoon. Chinua Achebe "proverbs are the palm oil with which words are eaten" (in Things Fall Apart 1962:6). Mammaaksi baay‟ee jaalatama. Beekumsa garee tokkoo mul'isa. Gabaabinaafi miidhaginaan beekama. Jechoota muraasa filachuun fayyadama. Qiyyaafannoofi xiyyeeffannoo dandeettii qooqaa mul'isu fayyadama. Himamsa iddeessaa waan ta'aniif raawwii ykn muuxannoo tokkoon wal qabsiisanii dhugaa mul'isu. Haaluma walfakkaatuun Gaaddisaan (1991:90) yoo ibsu: Mammaaksi gabaabina saatiin,qalbii namaa fudhachuu saatiin ,dhageettiitti toluu saatiin,bifaan walfakkaachuu saatiin hundarraayyuu dubbii cimtuu ibsuu saatiif ummata biratti hima baay'ee jaalatamuufi beekamu. mammaaksi akkam yoo gabaabbate jechoota lamaan himama.Kanaafuu mammaaksi jecha tokkoo hin jiru.Mata dureen murtaaye yoo hin barbaachifnellee mammaaksi waayeen haasayan jiraatu malee hin himamu.Waayeen irratti haasayanis kan qalbii nama fuudhu ta'ee yoo wal caqasaa haasa'ani ta'uu ni mala.Yeroo kana namoonni waldhaban kana amansiisuuf mammaaksa dubbii saanii laalu kan filatan waan ta‟eef jaarsummaan kun mata duree gaarii ta‟a. Falaasama hawaasaa kan yaada gad fageenyaa qabuufi dhimma cimaaf fayyada. Keessumaa lola araarsuu keessatti iddoo guddaa qaba. Odeeffannoo kennitootnis, dhimma kana ilaalchisee yaaduma kana cimsaniiru.

B**. Ciigoo**/ **Soorgoofi sookoo/:** Miidhagina ogbarruu amma hiibboofi mammaaksaa gahu qabaachuu dhiisuu danda'u. Yaada sammuu keessatti uumamu shaakaluuf garuu carraa namaa

kennuun beekamoodha. Akkuma hiibboo salphaatti bashannansiisuuf bu'aa qaba. Kunis sagaloota ykn jechootarratti ciminaafi saffisa tokko agarsiisuun. Kun yeroo hedduu tapha ijoolleeti. Soorgoofi sookoon jechi tokko sagalee wal fakkaatuun dubbifamee hiika lama takkaatti qabaachuurraa madda. Innis jechootaan taphachuu agarsiisa. Arrab-qajeelchituun sagalootaan taphachuudha, birsagaaleen jechootaa haala adda addaan dubbifamuun hiika adda addaa qabaatu. As irratti, yaanni guddaan nama sagaloota sana ariitiin dubbisuu danda'uu beekudha.

C. **Hiibbootti gargaaramuun :**Odeeffannoo walitti qabamerraa akka hubachuun danda’amutti,Hiibboon hibbisaa(hiibboo gaafataa)fi hibibsaa (gaafatamaa) kan qabu ta’ee ,yoomessa galgalaa irratti kan dhiyaatudha. Haata’u malee, yoomessa namtolchee uumuun hiibboo daree keessaatti afaan dhalootaa ittiin barsiisuuf baayyee gargaara. Taphini hiibboo ijoolleen dandeettiiwwan jechoota tarreessuu, yaaduufi xiinxaaluu akkasumas yaadota walitti firoomsuu irratti qaban guddisuu keessatti gahee daran ol’aanaa ta’e qabudha. Kanaaf, barsiisotni afaan dhalootaa barsiisan afoola kana daree keessatti seera isaa eeganii itiin dhimma bahuufi akka caaccuu baruu barsiisuutti hojiirra oolchuun gaariidha. Hojiirra oolmaa isaas akka armaan gadiitti ilaaluun nidanda’ama.

Gaafataa (hiibbisaa): Hibboo!

Gaafatamaa (Hibibsaa): Hibibi! Hibbaka!

Gaafataa (hiibbisaa): Godoon gama sanaa balballi ishee lamaa.

Gaafatamaa (Hibibsaa): hiibboo gaafatamanis jechoota garaagaraa tarreessuun tilmaamuu nidanda’a. Fkn. Ija, gurra, harka, mana , godoo simbiraafi kkf jechuu danda’a.

Gaafataa (hiibbisaa): Hibbisaanis deebiin sirrii ta’uufi dhiisuu erga mirkaneeffatee booda Hin argannee, hindeebine jechuun deebii kennuu mala.

Gaafatamaa (Hibibsaa): maalitti akka galu gaafachuu danda’a. Fkn. Nidhiigaa? Nifiigaa? Mana galamoo

Ala gala ? namatti galamoo mukatti galaa? hin soorataa? Hin sooratuu? Jechuun gaaffii dhiyeessaaf.

Gaafatamaa (Hibibsaa): hindhiiga ,hinfiigu, namatti gala, kkf jechuudhaan deebisa.

Gaafatamaa (Hibibsaa): Ammas irra deebi'uun deebiiwwan biroo xiinxaluufi tilmaamuu yaaluun Itti fufa. Haaluma kanaan, gaafatamaan yoo deebii hiibboo isaa dhabe biyya akka kennuuf gaafata. Biyya kana qabaadhee maalan dhabee jechuun wanta biyyaa tokkorraa argatan mara hanga danda'ame tarreessuun erga abaaree booda deebii isa sirrii itti hima.

Hiibboon afoola Oromoo yeroo baayyee yoomessa galgalaa keessatti taphatamu jedhamee amanamu keessaa isa tokko waan ta'eef, ijoolleen guyyaa hiibboodhaan taphachuuf akka qaaniifi sodaatti ilaaluun mul'ata. Kana malees,naannoo qorannoon kun itti gaggeeffametti afaan Amaaraa caalaatti waan dubbatamuufi baroota darban keessa Afaan Oromoo sirriitti hojiirra oolchuun laafaa waan ta'eef ijoollee baayyeen Afaan Oromootti gargaaramuun hagas mara shaakalan hinmul'atan.Akka agarsiiftuutti yeroo boqonnaa daawwannaan yommuu gaggeeffametti manneen barnootaa Afaan Oromootiin baratamu keessatti hiriyoota waliin harki caalaan isaanii kan taphatan afaan Amaaraan akka ta'e daawwatameera. Kun immoo ijoollee akka ofitti qaana'an taasisa. Gama biraatiin ijoolleen Afaan Oromoon afaan hiikkatanis yoo ta'e waan baayyee beekan fakkaatanii laaffisanii ilaaluun sirnaan gargaaramuu dhabuun hudhaalee afaan dhalootaan barachuu ta'ee argma.

#### 4.1.1.3. Taphoota Af-Walaloodhaan Dhiyaatan

Faaruun tapha ijoollee yookiin daaa'immanii yeroo baayyee walaloo miira mararfannaan guutamee dhiyaatudha.Namni waan faarsu sana jaallatee mararfata. Wanti faarsamu sunis biyya,hiriyaa,haadha,abbaa,loon,dachee,waaqa,gootota,kkf ta'uu danda'a.Ilmi namaas wantoota kana keessaa tokkoof miira jaalalaa qabu faaruun mul'isa.Qabiyyee irratti hundaahuunis faaruu waaqaa,dachee, hiriyaa,jaalalaa biyyaa, loonii ,haadhaa,abbaaf kkf jechuun gosoota garaagaraatti qoodamuu danda'a. Kanneen af-walaloon dhiyaatan biroo irraa wanti adda taasisus miira mararfannaan kan guutameefi sochii barbaachisaa kan mataa mataa isaatiif ta'u qabaachuudha. Faaruu salphaatti daree keessatti warabuun,yookiin raadiyoodhaan dhiyeessuun qofa salphaatti afaan dhalootaa barsiisuuf oola. Faaruudhaan jechootni, safuun,of-eeggannoon,rukkuttaa muuziqaa, kkf barsiisuun nidada'ama. Faaruutti gargaaramuun barattoota barnoota bashannansiisaa, hunda hirmaachisaa dhiyeessuun danda'ama.

##### 4.1.1.3.1. Geerarsa Garagaraa

Odeeffannoo manguddoota af-gaaffiif dhiyaatan irraa argameen, geerarsi "haala jiruufi jireenyaa

keessatti kan namootni jaalala biyyaa, quuqqaa, aarii, jaalala maatii, gadda, gammachuu, abdii, gootummaa, mo'ichaafi kkf karaa bifa af-walaloon ittiin dhiyeeffatan dha" jedhu. Geerarsi godinaalee Oromiyaa garaagaraa keessatti haala garaagaraan akka dhiyaatu beekamaadha. Fakkeenyaaf, Harargeetti mirrisa jedhamee beekama. Geerarsa muraasa akka fakkeenyaatti akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

Geerarsi yommuu eegalamu

Geerar geerar naan jedhu

Geerarii maal nagorsuu

Naanuu garaan nan obsuu

Yaa ijoollee biyya keenyaa

Yaa ijoollee Oromiyaa

Yaa ijoollee Itoophiyaa

Jedhi naan jettaniiree

Booddee waa hinjettaniiree

Jaalala haadhaaf kan geeraramu

Harmee luuccaan walmaraa

Akka muujjaa balbalaa

Yaa harmee harma dachaa

Yaa obboleettii eessumaa

Kee naguba keessumaa…

Aadaa hojii cimaa agarsiisuuf

Arfaasaa qotan malee birraa maal aramatuu

Qeerrummaan kuusan malee

Niitii fuudhan maal nyaatuu

Birraa bubbisee caamee

Kan harree qabutu caalaa

Arfaasaa gungumee darbee

Kan sangaa qabutu caalaa…… kkf

jechuudhaan namootni bakka sababa daboo, jigii, walgeettii garaagaraa keessatti argamuun geeraruun taphoota dhiyaatanidha. Kunis, dandeettii walaloon yaada ofii ibsuu, yeedaloo, fayyadama jechootaa, ciigoowwan garaagaraaf kkf afaan dhalootaa keessatti argaman barsiisuuf gahee ol'aanaa qaba.

#### 4.1.1.3.2. Faaruu/sirba Gadaa

Sirbi Gadaa caasaa sirna Gadaa hunda keessattuu kan sirbamudha. Haata'u malee caayaa caayaatti yookiin lubaa lubatti kan garaagarummaa qabaatudha. Sirba Gadaa yeroo maqbaasuu naannoolee Oromiyaa garaagaraa keessatti kan faaydaarra ooludha. Kanas,jaarsoleen filatamanii odeeffannoo kennaniin hubachuun danda'ameera. Godinaalee Oromiyaa akka Gujii, Booranaa, godinaalee Shawaa hunda keessatti akka hojiirraa oolaa jiru itti dabalataan addeessaniiru.

**Sirba Gadaa**

Saayyilee yaa baddaa sayyoo…………………………hee! Sayyoo

Bara Gadaa ree yaa sayyoo………………………….. hee sayyoo

Bara kattaaree sayyoo ………………………….. hee sayyoo

Yaa Birmajjiiree yaa sayyoo ……………………. hee sayyoo

Yaa sirba ishiree yaa sayyoo ……………………. hee sayyoo

Maaliifuu yaa jaranaa

Bara Gadaatu akkanaa x2

Yaa Roobaleeree yaa sayyoo …………………… hee sayyoo

Yaa rooba isheeree yaa sayyoo …………………. hee sayyoo

Yaa Horataaree yaa sayyoo ………………………. hee sayyoo

Maal godhataareee yaa sayyoo …………………... hee sayyoo

Maaliifuu yaa jaranaa

Bara Gadaatu akkanaa x2

Yaa Michillee   yaa sayyoo………………………. hee sayyoo

Michuu duulaa ree yaa sayyoo ……………………. hee sayyoo

Guddaa ofiiree yaa sayyoo …………………………hee sayyoo

Maaliifuu yaa jaranaa

Bara Gadaatu akkanaax2 ….

kkf jechuudhaan kan itti fufu yoo ta'u, Adeemsa  kana keessatti odeeffannoo kennitootni akka ibsanitti ,safuu hawaasaa keessa jiraatanii akka afaan dhalootaatti jiran , jechoota haaraa, kkf baratu. Shaakalli daa'imman Sirna Gadaa keessatti qabaatanis daran dabalaa waan adeemuuf baayyee barbaachisaadha. Maatiifi ollaanis as irratti ofii keessatti hirmaachuudhaan daa'imman aadaa hawaasa isaanii akka beekan gochuun miidhaginsa safuufi duudhaa akka jajanitu irraa eegama.

#### 4.1.1.3.3. Faaruu Loonii

Faaruun uummanni Oromoo kabajaafi jaalalaa looniif qabu kan ittiin ibsatudha. Faaruun loonii yeroo loon bobbaasan, galchaniifi oofan kan faarfatamudha.Akkasumas, yeroo midhaan dhahan, baraayii baraayessan, qotaniifi dalagaalee qonnaafi kan biroo keessatti gahee qabanii faarsuun ibsatu.Bu'aalee qaamota loonii:Fkn. Gaafa,gogaa. Faltii/dhoqqee, kottee, aannaniifi bu'aalee aannaniifi kkf faarsu. Kana daree barnootaa afaan dhalootaa keessatti dhiyeessuun immoo hariiroo bu'aafi caaseffamaa,jechoota,mararfannaa/jaalala kkf akka afaaniitti akka barataniif gahee guddaa akka qabu oddeeffannoo kennittootni ibsaniiru.

Hurrisi yaa loonii

Saayya dirra foonii

Makarri galuu gahee

Margi siif gahuu gahee

Saayyaa kottee xiyyoo

Keessattuu qotiyyoo

Sumaan cidii dhahuu

Loon ulfina jaarsaa

Loon ulfina jaartii

Dibatan coonnessoo

Dhugan qabbanneessoo

Faltii kee bobeessuu

Gondor duulattillee

Waa'ee kee odeessu

Saayyaa yaa loonii

Saayyaa dirra foonii

Gogaan kee itilleedha

Kan irra bulanii

Gaafni kee waancaadha

Kan ittiin dhuganii

Mataan arfaasaadha

Namaa dabarsaadha.

Loon haala kanaan tikeen faarsite .Akka aadaa Oromootti tikeen yeroo baayyee ijoollee umriin isaanii sadarkaa manneen barnootaa giddugaleessaa (1-6) jiran kanaa akka ta'etu amanama. yeroo kanatti afoollan akkanaa shaakalaa guddatu jechuudha. Sadarkaa dareettis yoo dhiyaate aadaa isaanii ganamaa akkas bareeduufi midhagaa kanaan barnootni afaanii yoo dabalame Afaan Oromoo guddisuu keessatti akka qooda fudhatan nigargaara.

#### 4.1.1.3.4. Urursa Daa'immanii

Afoollan akka tapha ijoolleetti afaan dhalootaa ittiin barsiisuuf oolan keessaa tokko urursa daa'immaniiti. "Urursa jechuun sossoobuu,akka callisu/tu gochuu, cal jedhi jechuu akka ta'e ,"Manguddootni af-gaaffiif filataman ibsaniiru. Aadaaleen akkasii immoo duudhaa ganamaa waliin walqabatan kun barnoota afaan dhalootaa keessatti yommuu dhiyaatan akka hayyootni sirna barnootaafi xiinsammuu jedhanitti miidhagina yookiin bareedina aadaa hawaasaa isaanii barattootni akka jajanii keessatti akka hirmaatan gargaara jedhanii jajjabeessu. Kunis, jaalal, mararfannaa, maalaluu yookiin jaalala gadfageenyaan lapheerraa ta'e ibsachuu waliin walqabata. Kanas,daree keessatti dhiyeessuu fayyadama jechootaa, gaarummaafi kkf barsiisuun nidanda'ama . Innis akka armaan gadiitti dhiyaata.

Ururuu yaa mucaakoo

Ururuu siin jedhinnaa

Garaa jala sikaawwadhinnaa

Boossu aannanii dhugi

Qabeen qammana hinqabu

Qoraasee siif naqeeraa

Hirriba jettus rafi

Ittiilleen huuba hinqabu

Haxaayee siif afeeraa

Ururuu yaa mucaakoo

Harmeen kee eessa dhaqxee

Agamsa   guuruu dhqxee

Agamsi dheedhii qaba

Mormi kee meetii qaba

Ururuu yaa mucaakoo

Mucaa koo xinnaayyoo koo

Haati mucaa simbiraa

Obboroo baatee wacci

Barii kaatee dubbatti

Haadha mucaa nagodhi

Obboroo nadammaqsi

Warra guddaa nagodhi

Warra natti dheeressi

Baddu barbaada hindhabduu

Duutus awwaala hindhabduu

jedhanii faarsuun tokkoo daa'ima boossu cal jechisiisu. Achumaan afaan dhalootaa barsiisaa adeemu. Kun haadha daa'imaa yookiin miseensa maatii yookiin guddistootaan ta'uu mala.

### 4.1.1.3.5. Faaruu Ateetee

Ateeteen godinaalee garaagaraa Oromiyaa keessatti kan beekamuuf dubartootni qofti ayyaana kabajanidha. Ateeteen yeroo gannaa , birraaf akkuma barbaachisaa ta'etti ijoollee dubaraa irraa

kaasee hanga hanga haadholiitti kan jiran waliin kabaju. Haata’u malee sababa babal’achuu amantaaleef jecha yeroo ammaa kana laaffachaa dhufuun isaa immoo odeeffannoo kennitootni nibsu. Dubartootni ateetee naqatan akkuma barbaachisaafi qabeenyaa maatii sanaa irratti hundaa’uun dhangaaleen garaagraa qophaahuun erga nyaatamee booda dubartootni keessumaa shamarran haadholii isaaniitiin dhadhaa akka muudaman taasifamu. Erga dhadhaa muuduun raawwatee booda immoo eebbi nigaggeeffama.Eebbichatti aansuun sirbi ateetee itti fufa.Sirbi/faaruun ateetee mirgaafi gahee dubartootaa, ofitti amanamummaafi dhimmoota dubartootni qabaachuu qaban caalaatti kan mul’sudha.

#### 4.1.1.3.7. Faaruu Yeroo Birraa

Faaruun yeroo birraa ijoolleedhaan taphatamu hurrubummaan/gareen kan dhiyaatudha. Faaruun yeroo birraa faarfatamu waqiticha kan ilaallatu ta’ee faarsitootaaf jalaaqabdoota qaba.Birraan waqitiilee biroo irraa wantoota adda isa taasisan addatti niqaba. Yeroo kana sirbootni goolee,goobee,taaboree(buhee), shinooyyee kan dubartootaan sirbamuufi irreechi malkaas ni irreeffatama, dacheen lalistuuf abaaboowwan garaagaraa mukkeenii, midhaaniifi kkf miidhagdee argamuun qalbii hawaasaa yeroo hawwatudha. Iji namootaas wanta lafatti mul’atu kanaan boohaaruun dadamaqiinsa argata. Midhaan waqtii gannaa faca’ees asheetee yommuu nyaatamuuf dargaggoonnis hurufa lafa cafiirra fardeen garmaamsuun yerootti walmorkanidha. Yeroo kanatti sirbootniifi faaruuwwan naannoo qorannoon kun itti gaggeeffametti beekaman goobee, shinooyyee, ingiccaa,sirboota yeroo irreechaafi kkf dha. Kanneen keessaa faaruun Birraafi Goobee akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Ishoo ishoo yaa birraa ……………………………….…. ishoo

Birraan nuuf bariitee………………………….…...…. ishoo

Asheenni asheetee……………………………..…….. ishoo

Dhibeenis fagaattee…………………………………. ishoo

Abaaboo daraartee……………………………..……. ishoo

Dachee lafaa guuttee…………………………………. ishoo

Beellis nidheessitee……………………………….…. ishoo

Rafuunis nuuf geessee…………………………….…. ishoo

Midhaanis bilchaatee …………………………….…. ishoo

Kunoo nuuf asheetee…………………………..…. ishoo

Agadaan bilchaatee……………………………….…. ishoo

Daa'immanis quuftee……………………………..…. ishoo

Birraa nuuf bariitee………………………………….…. ishoo

Baayyee nugammaachiistee…………………………. Ishoo

**Sirba Goobee**

Goobileho goobilehoo …………….…. goobe goobaa ahaaye

Goobeen geese jedhanii…………..… goobe goobaa ahaaye

Yoo dandeessee jedhani………… … goobe goobaa ahaaye

Gandi gamaa eelee dhaabe………. … goobe goobaa ahaaye

Sassattuu seexanni same………… … goobe goobaa ahaaye

Dureessi hinkooru jedhanii…… …… goobe goobaa ahaaye

Maaloo natti hinkooriinii…… ..…… goobe goobaa ahaaye

Dullattii gaafa qarattee………….. … goobe goobaa ahaaye

Adaraa gaafa dhalattee…………..…..… goobe goobaa ahaaye

Gooba liyyuu……………………..…. goobe goobaa ahaaye

Gooba liyyuu………………………... goobe goobaa ahaaye

Akka afoola daa'immaniitti yoomessa birraa yookiin waqtii birraa kan taphatamu ta'uus ijoolleen kanarraa waqtii kana keessatti maaltu akka raawwatamu addaan bafatu. Fakkeenyaaf, irreechi malkaa akka kabajamu,agadaan akka nyaatamu, asheetni akka gahu, taphoota biroo yeroo kanatti

taphatamanillee addaan akka baafataniif gargaara. Kanarraa ijoolleen dhaggeeffachuudhaan, ofii keessatti hirmaachuudhaan dalaganii agarsiisuun, akkeessuun, fakkeessuun, daree barnootaa keessatti afaan dhalootaa akka baratan carraa ni uuma. Kanas,odeeffannoo kennitootni dhugaa bahaniiru.

### 4.1.2. Taphootas Ijoollee Sochiifi Jechaan Taphataman

#### 4.1.2.1. Tapha Ijoollee Tokkooyyee Lamooyyee

Taphni tokkooyyee tapha ijoollee afoolaafi sochii qaamaatiin walqabatan keessaa tokko ta'ee, akkaataa itti qophaa'uufi meeshaa irraa qophaa'u kan mataa isaa kan qabuudha.Taphni kun karaa biraatiin maqaa "Dibiyyoo Dibii" jedhamuunis nitaphatama. Jechi dibiyyoos ta'ee tokkooyyee jedhame maqaa taphichaaf ijoolleen moggaasanidha. Taphni kun bakka ijoolleen loon itti tiksanitti taphatama. Taphni kun garee ijoollee afurii hanga torbaatiin taphatamuu akka danda'uudha. Akkaataan itti taphatamus, ijoolleen taphichaaf qophaa'an fuulaan walitti naanna'anii harka isaanii fuulduratti diriirsuun garaa isaaniitiin lafatti gadi garagalanii gadi ciisu. Kana jechuun bakka ciisanitti miila isaanii gara duubaattiifi harka isaanii immoo walitti dhiyeessuun gara fuula duraatti akka lakkaa'uudhaaf isaaniif tolutti diriirsanii lafa gahanii ciisu.

Tapha kana kan dura bu'aa ta'ee taphachiisu isaanuma keessaa inni tokko waliigalteen filatamee ka'ee dhaabbachuun ulee yookaan harcummee qalloo harkatti qabachuun isaan harka diriirsanii ciisan harka harka isaanii irra xixiqqeessee rurrukutaa lakkaa'uu itti fufa. Namni taphachiisu kun jechoota yookaan walaloo itti gargaaramee lakkaa'u qaba. Haata'uu malee bakkaa bakkatti garaagara..Kan taphachiisu walaloo armaan gadii fayyadamuun taphachiisa. Odeeffannoo argame irraa akka hubatametti jechoonni kunneen akka lakkoofsaatti isaan gargaara malee hiika biraa hinqaban.

| | |
|---|---|
| Diibiyyo | Diiboo |
| Diboo | Diibiyyo |
| Diboo | Nooraa |
| Nooraa | Isgooraa |
| Isga | Quurxii |

| | |
|---|---|
| Qurxii | Salaalee |
| Salaale | Leemboo |
| Leemboo | Kulleentaa |
| Killa | Waaqaa |
| Shawwanne | Waagaa |

Ijoolleen harka isaanii lamaanuu gara fuulduraatti diriirsanii ciisu. Namni taphachiisu tartiiba eeggachuun osoo irra hin utaalin, diibiyyoo diiboo, dibo nooraa, nooraa isgoraa, isga quurxii, quurxii salaalee, salaale leemboo, leembo kulleentaa, killa waaqaa, shawwanne waagaa jechaa lakkaa'a.Abbaan 'shawwanne waagaa' jedhameen harka isaa dursa jedhame sana dhungachuun qabata. Haaluma kanaan, kan taphachiisu hanga ijoolleen taphaaf qophaa'an harka isaanii ol dadachaafatanii hanga nama sadiitti galanitti itti fuufee taphachiisa. Isaan harka isaanii lamaanuu dachaafatan bakka ciisanii ka'anii bakka biraa taa'u.

Dhumaratti ijoollee sadiin hafan ammoo, haala adda ta'een lakkaa'uun addaan baasuuf lakkoofsi itti fufama. Haalli addaa kunis ijoollee sadiin boodarra hafan kanniin akka yeroo duraa osoo hintaane kan taphachiisu ulee yookaan harcummee qabatee lakkaa'u sanaan yeroo rurrukutu sirriitti jabeessee rurrukutuun lakkaa'uu itti fufa. Kaayyoon isaa nama tokko dhuma irratti hanbisuudhaan inni ammoo ijoollee duraan carraan jalaa baasee bakka ciisanii ka'anii deeman yoo isaan dhokatan barbaadee akka arguufiidha. Haala kanaan ijoollee sadii keessaa mucaan dhumarra 'shawwanne waagaa' jedhameen kun hanga ijoolleen deeman jalaa dhokatanitti ija isaa harkaan yookiin immoo huuccuu/wayyaa haphiin qabatee ciisa. Yeroo kana ijoolleen dhokachuuf jedhan akka hanga isaan dhokatanitti inni hinilaalleef akkana jedhanii kakachiisuun waadaa galchu:

| | |
|---|---|
| Ijoollee : | Killeen maali? |
| Mucaa : | duudaadha. |
| Ijoollee: | yoo ilaalteef hoo? |
| Mucaa : | duudee du'a. |

Jedhee innis waadaa galaaf. Haala kanaan mucaan ija qabatee rafe sun sagalee isaa ol fuudhee

ka’uu yoo jedhu, ijoolleen dhokachaa jiran ammoo, yoo hindhokatin ta’e, hinka’in, yoo dhokatanii jiraatan ammoo waan cal jedhaniif mucaan ija isaa qabatee ciiseeru yeroo kana bakka ciisuu ka’ee isaan barbaaduutti qajeela. Mucaa barbaadus ta’ee, kanneen barbaadaman kaayyoon isaanii waldursanii waldhokatanii bakka mucaan rafe sana gayanii harka isaanii lafaan rukutaa dhungachuudha. Kana jechuun mucaan dursee bakka sana gaye harka isaan lafa sana rukutaa harkuma isaa kana dhungatachuudhan ‘Minnee! Minnee!’ jedha.. Maqaan taphichaas mine minneesoo kan jedhamuuf sababuma kanaaf. Jechi minneessoo jedhu maqaa minnii jedhamurraa dhufe. Minniin immoo raammoo garaa namaa keessatti argamuudha. Akka isaaniitti siminneesse jechuun minniii garaa keessaa waan qabduuf fiigdee nama barbaaduufi arguu hindandeessu jechuudha. Kanaafuu bakka sana gayanii dhungachuuf fiigichaafi tooftaa dhokachuu waan isaan barbaachisuuf dandeettii fiigichaa qabaniif tooftaalee adda addaa hunda fayyadamanii bakka sana qaqqabuu yaalu. Mucaan barbaadu immoo mala garaagaraa fayyadamee barbaadee yoo arge maqaa nama sanaa waamuun abalu si argeera kuunnoo bakka sanaa koottuu bayi jechaa akka mucichi dursee bakka hingeenyeef gara bakka rafee ka’eetti deebi’ee bakkicha dhungata. Osoo inni hinargiin mucaan barbaadamu, bakka dhokate sanaa ka’ee fiigee bakka sana yoo dhungate immoo, isatuminneesse yokaan injifate jedhama.Kanaaf inni barbaadus ta’ee, kan barbaadamu injifachuuf tooftaafi dandeettii fiigichaa qabaachuun dursanii bakka sana gahuutu isaan irraa eegama.

Akkaatuma kanaan tapha kana keessatti, mucaan barbaadu sun ijoollee barbaadu keessaa walakkaa isaaniitii gadi yoo minneesse, “harma haadha teetii lammeeffadhu,”jedhamee isumatu deebi’ee rafuun taphichi itti fufama. Harma haadha keetii lammeeffadhu jechuun harmi haadhaa lama waan ta’eef atis tapha kana yeroo lama taphsiisi jechuudha. Yoo akkas gochuu baatte immoo harmi haadha keetii lama osoo hintaane tokkodha jedhuun. Yeroo kana mucaan sun kana dheessaaf irra deebi’ee taphsiisa. Ijoollee dhokatan keessaa walakkaa isaaniitii ol yoo minneesse yookaan arge immoo, mucaa isa jalqaba irra argametu rafuudhaan barbaachaa isaanii ta’a. Bakka garaagaraatti daawwannaa taasifameen immoo, walaloon taphichaa akkana jedha.



Suuraa :Tapha Tokkooyyee

Takkooyyee lamooyyee

Lamarraan kuleenaa

Kulakkuu waadoo

Daabboo daraboo

Siilee sililii

Kaarruu karaamaa

Fiittoo fittiriqi. jechuudhaan lakkaa’aa taphatu. Yookiin

Tokkooyee lamooyee

Lammaffaa daraakuu

Silee sililii

Sakaluu fitiriqi. jechuunillee nitaphatamu odeeffannoon gurameera hubatameera.

Jechoota kana immoo akka lakkoofsaatti itti gargaaramu. Tapha kana keessatti kan mo’ataa ta’u, isa yoo barbaadus ta’ee dhokatu malagaraagaraa fayyadamee arguufi kan yeroo barbaadamus

sirritti jalaa dhokachuun minneessuu danda'u yoo ta'u, faallaa isaa inni akkuma salphatti argamuu danda'uufi barbaadee baasuu dadhabuun irra deddeebi'ee minneeffamu immoo, moo'atamaa ta'a jechuudha.

#### 4.1.2.2. Tapha Maarrabee koo argitanii? /Shaashii koo argitanii?/

Taphni kun yeroo baay'ee ijoollee baadiyyaa loon tiksan biratti bakka guddaa kan qabu yommuu ta'u, magaalaatti ijoolleen mana barumsaatti yeroo boqonnaa isaaniifi barnoota aadaa,boqonnaalee garaagaraa qaban kan taphatanidha. Taphini ijoollee akkanaa saalaafi umrii otoo addaan hinbaasiin baadiyyaafi magaalaatti kan taphatamudha. Dursa ijoolleen tapha kanaaf walfilachuun sarara geengoo uumanii kubbaa xiqqaa yookiin shaashii maranii kubbaa fakkeessuun qopheeffatu. Itti aansuun gurbaan/intalli tokko qabachuun duuba duuba ijoollee gadi jedhee akka nama tokkoo tokkoo isaanii jala kaayuu fakkeessaa akkas jedhaa isaan irra naanna'a."Maarrabee koo argitanii/shaashii koo argitanii?" Mucaa Tun maali ishiin?" jedhee yommuu gaafataa duuba isaanii fiigu  Ijoollee: kubbaadha. Yookaan ammo, Mucaa: kubbaa agartanii? Jedhee yoo gaafatu, Ijoollee: hin agarre. jedhanii deebisuuf.



***Suuraa: Tapha maarrabee/shaashii koo argitanii yeroo jalqaban***

Yeroo kana osoo isaan of irratti hinbeekin mucaan  maarrabee yookiin kubbaa harkaa qabu, mucaa tokko jala kaayee, naanna'ee dhufee bakka sanatti yoo deebi'e inni kubbaan jala kaayame sun "gubateera/ gubatteetti" jedhama. Namni sun ammoo bakka sanaa ka'ee gidduu walakkaa ijoollee akka taa'u taasifama. Faallaa kanaa ammoo namni kubbaan jala kaayame akka jala kaayame beekee dafee kubbicha butatee mucaa fiigaa jiru sanaan yoo rukute kan rukutametu gubate jedhama. Akkasumas kubbaa sana darbatee rukutuu dadhabnaanis akkuma gubatetti

lakkaa’amee gidduu seenee taa’a. Kanaaf yeroo taa’anii jiranitti hundi isaaniituu akka hingubanneef ofeeggannoo taasisu. Akka seeraatti tapha kana keessatti kan ilaalamu, bakka jedhame qofa taa’uu, ofeeggannoo gochuufi yoo gubatan fa’a gidduu seenanii taa’uudha. Haaluma kanaan hanga dhumaatti adeemuun gubataa ta’u.

#### 4.1.2.3. Tapha Furii Ijoolleen taphatan

Taphini Furii tapha ijoollee yeroo loon tiksituufi walitti qabaman gareedhaan taphatanidha.Taphini ijoollee Furii jedhamu kun saala addaan hinbaasu. Taphini kun dursa ijoolleen erga walgahanii booda qondaalaa /hoogganaa tokko filatu. Itti aansuun waanta mallattoo isaaniif ta’uu danda’u tokko margarraa.hiddii yookiin quncee garaagaraa walitti maruun hundi akka addaan baafatu taasifama.Wanti akka mallattootti irratti waliigalan kunis “Furii” jedhama. Achii booda,miseensi hundi akka dunuunfatu yoo danda’ame immoo akka ija isaanii hidhatan godhama. Kanas, qondaalichi sirriitti hordofuun to’ata. Qondaalichi seerota kana keessatti hojiirra oolan: Fakkeenyaaf, ija sirriitti dunuunfachuu, yookiin hidhachuu,waldaddarbachuun,walharkaabutuu, wal kuffiisuuf yaaluu, ariitiidhaan barbaaduufi kkf nito’atamu. Kunis miidhaa akka walirraan hingeenyeefidha.

Qondaaltichi erga kanneen hunda mirkaneeffatee booda, garaatiin akka ciisan ajaja kenna. Miseensotnis, hanga danda’ametti mataa isaanii gadiqabatu. Mataa ol-qabachuun seeraan ala waan ta’eef, miseensi mataa olqabatee argame akka adabamuun taphicha keessaa bahu taasisama.Qondaallis ,”Furii” mallattoo duraan irratti waliigalan sana akka miseensotni hundi arguu hindandeenyetti kallattii isaan faallaa isaan galagalanii ciisanii otoo irraa baayyee hinfageessiin darbatee akka ka’anii barbaadaniif “Furii!” jedhee ajaja. Kana jechuunis miseensotni ija dunuunfatan yookiin hidhatanii jiran ka’anii akka barbaadanii furii sana argatan ajaja kennuudha..

Miseensi hundi barbaacha itti fufuu. Miseensi“furii”argatees dafee “furii!” jechuun mallaattoo kennuu qaba. Kana jechuun miseensotni kaan akka barbaacha itti hinfufne taasisuuf gargaara .Kana keessatti waldaddarbachuu, walkuffiisuu,waldhaansoo walqabuufi tooftaalee biroon furii walirraa fudhachuuf yaaluun nijira.Erga furiin argamee taphichi nidhuma .Haata’u malee hamma qondaalaa bira gahutti fiigichaan geessuu yoo hin dandeenye walharkaa butanii fudhachuun

qondaalicha qaqqabsiisuun nidanda'ama. Qaamni furii argates kanaaf dursee of-eeggannoo gochuun irraa eegama.

Taphni ijoollee kun caalaatti sochiidhaan waan dabaalame fakkaatus, walii abboomamuu, ajajamuu, ajaja raawwachuu, sakatta'anii barbaaduufi waan dhokatee jiru tokko addaan baafachuu barsiisuuf oola. Kana malees,xiinxaluun dhimma/yaada tokko addaan baafachuu daa'immanii daran dabala. Afaan dhalootaa barsiisuu keessattis hubannoo dandeettii afaanii gama kanaan jiru hiriyyootni akka walirraa baratan jajjabeessa jechuudha jechuun mangudddootni yaada isaanii ibsaniiru. Barsiisotni Afaan oromoos taphoota akkasii kanneen daree barnootaa keessatti fiduudhaan barattootni gahee  bahachuun akka taphatan gochuudhaan hubannoo dandeettii ajajamuu/abboomamuu, morkii/xiiqeffannaa qajeelaa, gadifaggeenyaan xiinxaluu barattootni isaanii akka gabbifatani gochuun nidanda'ama.

#### 4.1.2.4. Tapha ijoollee Qaaxee

Taphni qaaxee 'bijammirii' jedhamuun beekamu kun, gosoota tapha ijoollee sochii qaamaatiin walqabatan keessaa isa tokko ta'ee, mana barumsaas ta'ee bakka tika looniifi mana jireenyaatti miila tokko lafa hanqisanii hokkoluudhaan miila tokko qofaan sarara qophaa'e keessa utaalaa, yeroo kaan immoo, miila lamaaniinuu sararoota eeyyamamu keessa ejjataa kan taphatamuudha. Taphni kun saala lamaaniinuu kan taphatamu ta'ee, garee ijoollee lamaafi isaa ol of keessaa qabuun taphatama. Akka odeeffannoo barattootaa manneen barnootaa odeeffannoo keessaa fudhatamee yommuu ijoolleen tapha kana taphatan hubatameera. Akkaataan taphni kun itti taphatamu, bakkaa bakkatti garaagarummaa akka qabu daawwannaa bakka adda addaatti taasifame irraa hubachuun danda'ameera.

Haata'u malee, akka daawwannaa   kana irraa hubachuun danda'ametti, jalqaba ijoolleen taphaaf qophaa'an lafa walqixxaayaa ta'e filatanii faltii loonii fuudhanii nama sararuu danda'uun sararootni roga afur ta'anii gidduu gidduu isaaniitti kutaa kutaa qabantu qophaa'u. Sararootni qophaa'an baay'inaan 8 hanga 10 yommuu ta'an kan ittiin taphatan immoo ulee jalli isaa qara qabuuniidha. Sararootni ijaaraman kunniin maqaa dhuunfaa isaanii qabu. Isaan jalqaba irraa kanneen gidduu osoo hin muramiin hafan „mana‟ jedhamu. Isheen manneen kanatti aantee jalqaba irratti gidduu muramte immoo "maskootii‟ kan maskootii kanatti aanee argamu tokko immoo "falfalo‟ yoo jedhamu kan gara dhumaatti gidduu kutamee mul‟atu immoo „mangee‟ jedhamuun

beekamu.Taphicha jalqabuuf dursa dabaree waliif kennu. Akkaatuma kanaan jecha „bijammir‟jedhu namni dura dubbate dursee tapha jalqaba jechuudha.



***Suuraa: Tapha Bijammirii/Qaaxee/***

Haala kanaan dabaricha jalqaba fudhachuuf daddafee mucaan tokko bijammir jechuudhaan dabaree 1ffaa yoo qabatu, kanneen hafan walduraa duubaan Biqaxxil, Bisallis, Bicarris,Bishaan woraabo,Mana haro jechuudhaan waliif hiru. Yommuu jalqabanus akkuma taphoota biroo akkaataa ittiin jalqabamu qaba. Kunis jalqaba mucaan dabaree tokkoffaa argate jedhe sun, ulee qara qabu sana qabatee dhiyaachuun ulicha darbatee mana jalqabaa keessa erga waraanee booda miila tokko ol qabatee miila isa hafe sanaan immoo mana uleen waraane sana irra utaaluudhaan kan itti aanu keessa miila tokkoon ejjataa akkasumas miila tokkoon hokkolfataa itti fufuun bakka maskootii jedhaman sana immoo miila lamaaniinuu keessa ejjataa dhumarra yoo gayanis akkasuma ofirra naanna’ee duubatti deebi’a. kanaan booda haaluma jalqaba gara fuulduraatti deeme sanaan gara duubaatti deebi’uun ulee sana akkuma miila tokkoon dhaabate sanatti buqqifatee utaalee gara alaatti baya.

Akkaatuma kanaan yeroo lammataas mana itti aanee lammaffaa irra jiru waraanee irra utaaluun yoo ofduuba deebi’u ammoo ulee sana fudhatee gara alaatti bayuun hanga mana hunda waraanee xumurutti taphata. Yeroo taphatan ammoo seerotni hordofamuu qaban, osoo taphataa jiranuu miilaan sarara irra yoo ejjatan, uleenis sarara irra yoo waraananiifi gatantaranii miila lamaaniinis bakka eeyyamameen ala yoo ejjatan badeera yookiin gubateera waan jedhamaniif taphaan ala ta’uun abbaa itti aanuuf dabaree kennu. Haata’u malee bakki maskootii jedhaman durumaayyuu hara galfachuuf miila lamaaniin akka irra ejjataniif waan tolfamaniif yoo ishee bira gayan miila

lachuunuu keessa ejjatanii sokondiif foorfatu. Haaluma kanaan namni gubatee taphaan ala ta'es, yeroo dabareen isaa naanna'ee itti deebiyu bakkuma irratti gubate sana irraa sirreessee taphicha itti fufa. Akkanumaan yoo kallattii dura jalqabeen manneen hundaa waraanee xumure kallattii jijjiirrachuun haaluma duraatiin mana hunda waraanee irra utaalee erga xumuree booda, gara alaatti bayee ija isaa dunuunfachuun ulee sanaan darbachuun mana tokko waraana.

Haalli kun "mana bituu" waan jedhamuuf mana tokko biteera jechuudha. Kanaan booda taphicha itti fuufee taphachuun yoo mana bitate bira gaye akkuma maskootii, luka lamaaniin mana isaa kanas keessa ejjata. Warri kuun garuu mana isaa bira yoo gayan irra utaalu. Wanti hubatamuu qabu garuu mana bituun kan danda'mu tapha tokko taphatanii yoo xumuraniifi mana bituu kan danda'u ammoo, nama sirritti taphicha danda'uufi seera isaa hunda eeggataa taphatuudha. Haala kanaan inni seera taphichaa hunda eeggachuun mana baay'ee bite dureessa (abbaa mana baay'ee) kan itti aanee mana muraasa bite ammoo, abbaa mana muraasaa yookaan 2ffaa, 3ffaa akkasumas hiyyeessa bondee jedhanii sadarkaa waliif kennuun taphicha xumuru.

#### 4.1.2.5. Taphoota ijoollee Sirbootaafi Shubbisa aadaa

Sirbi weedduu,yeeedaloofi sosochii waliin walqabata. Faaruu keessatti sochiin baayyee hin mul'atu. Sirbi garuu, faaruu caalaa sochii, yeedaloo qindaahaafi sochii walunatu barbaada. Kun immoo, akkaataa heddumina godinaalee Oromiyaatiin garaagarummaa niqabaata.Akka sakatta'a kitaabilee garaagaraa aadaafi sirboota, af-walaloowwan Oromiyaa garaagaraa wiirtuu jiildiiwwan garaagaraafi kitaaba Jiildii II Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaan maxxasiiserraa hubachuun danda'amutti goototaaf,jaalalaaf, jabaatanii hojjechuu ilaalchisee, biyyaaf, xiiqiidhaaf, siyaasaafi kkf sirbootni garaagaraa akka dhiyaatan agarsiiseera. Fakkeenyaaf, shaggooyyee,geelloo, shubbisaafi ragada gadtumee dhiichisa, kommeefi tirrii kkf eeruun nidanda'ama.Kunneenis,yeedaloo,sochii,meeshaaleefi uffannaa garaagaraan dabalamuun kan dhiyaatanidha. Kanneen keessaa sirbi geelloo yookiin sirbi jaalalaafi shaggooyyeen akka armaan gadiitti dhiyaatanniiru.

Xaafii qucuuccatte

Hundeetti naa hin haamtuu x2

Karraa lafaa jirtaa

Bubbeetti naa hin dhaamtuu x2

Bubbeen hin dabarsa

Buteen siqaqamsa

Asiif achi jiguuf

Bishingaan waabaraaf

Meessoo waacaalaaree

As dabee achi dabuu

Dhodhommoquu kanaa

Washoo waa caalaaree

Bishaan muummee keenyaa

Booruu booruu jedhaa

Yommuuttiin siyaaduu

Bo’uu boo’uun jedha.

Fiigee baduun jedhaa…. Itti fufa fakkeenya biraas

**Shaggooyyee**

Qaama gadi dachaasii

Yuubee dhangalaasii

Shaggooyyee naannooyyee

Harkaa natti kaasii

Aadaa nabarsiisii

Sabboontuu sabaa…….kkf

#### 4.1.3.Taphoota ijoollee Koornayaa addaan Baasuun Taphataman

Akka manguddootni odeeffannoo kennaniifi ragaan daawwannaa taasifame mul'isutti manneen barnootaa iddattoof filataman keessatti akkaataan hirmaannaa afoollan tapha ijoollee baayyeen isaa akkaatuma hawaasa keessatti mul'atuun dhiyaatu. Afoollan tapha ijoollee dhiirotaan qofa raawwataman/hurrubaman:Goobee,taaboree,fi kkf yommuu ta'an; dubartoota yookiin ijoollee shamarraniin qofaan kan dhiyaatan immoo ateetee,shinooyyee,faaruu shananiifi kkfdha.

## 4.2. Rakkoolee Afoola Tapha ijoolleen Afaan Dhalootaa Barsiisuu Keessatti Mul'atan

Kanatti aansuun dhimmotni akka qaaccessaatti dhiyaatan dokimantoota sakatta'uun barreeffamoota ,yaada beektotaa yookiin barreessitootni tokko tokko dhimmoota afaoola tapha ijoollee fi baruu barsiisuu afaan dhalootaa waliin walqabatan irratti walitti qabamuun qaacceffamanidha. Kuni akka itti aanutti ta'a.

Afoolaan afaan barsiisuun faayidaa guddaa akka qabu hayyoonni hedduun ibsaniiru. Haa ta'u malee, kitaaba afaaniif kutaa barnoota afaanii keessatti itti fayyadamuu irratti hanqinni jiraachuusaa hayyoonni ni ibsu.Sakatta'a kitaabilee yookiin barruu garaagaraa dhimma kana irratti kennaman keessaa Hill (1986:9-12) akka jedhutti, afoolli afaan ittiin barsiisuuf filatame waytii ramadameen walsimuu dhabuusaa (grading), rakkoolee xinqooqaa qabaachuu (linguistic difficulty)fi fudhatamummaa dhabuu (relevance) irraan kan ka'e kutaa keessatti itti fayyadamuurratti rakkoo uumuu danda'a. Afoolli dhiyaate madaalawaa ta'uu yoo dhabe kan durii ta'uusaatti, jechoota hin amaleeffatamiin keessattuu durduriifi sirboota, geerarsa fa'a keessatti akka mul'atutti, ulfaatinaafi salphina itti fayyadama afaanii ta'uu danda'u.

Ta'us barsiisaan seera afaanichaa waliin walbira qabuun seera qabeessa isa ta'e adda baasee beekuu itti fayyadamuun waan danda'amuuf akka rakkootti ilaalamuu hin qabu. (Ibson,1995:43) Rakkoon ulfaatina xinqooqaa rakkoolee seera afaaniin walqabatan kan ilaallatuudha. Rakkoon kun immoo afoola kutaa barnoota afaaniitiif yemmuu filatamu ofeeggannoo barbaachisu gochuun haala barattootaa madaaluun yoo qophaaye furamuu danda'a. Rakkoon fudhatamummaa dhabuu barreeffamoota yeroon irra dabran waan ilaallatuuf afaan barattoonni itti fayyadamaniin yeroo wal bira qabamu jechootaafi jechamoota barattoonni hubachuu hin dandeenye qabachuu danda'u.

Kanaafuu jechootaafi jechamoota yeroo waliin deemaan filachuun itti fayyadamuun fuurmaata ta'a.

## 4.3. Malleen Afoolaan Afaan Barsiisuu

Tooftaaleen afaan barsiisuu bifa adda addaa qabaachuun isaa beekamaadha. Akka Richardisfi Rodgers (1986:14)tti malli afaan barsiisuu karaa yookaan tooftaa qabiyyeen barumsaa filatamee ittiin barattootaaf darbuudha. Malli kun qabiyyee kaayyoo barumsa afaanii hojiirra oolchuu dandeessisudha. Adeemsa afaan baruufi barsiisuu keessatti mala barsiisuu filachuun itti fayyadamuun dhimma iddoon guddaan kennamuufii qabudha. Sababni isaas malli barsiisuu bu'a qabeessummaafi bu'a dhabeessummaa qabxii barattootaa ni murteessa. Fakkeenyaaf malli barsiisuu barsiisaan fayyadame barattoota kan hawwatuufi kan hirmaachisu akkasumas, kan kakaasu yoo ta'e, qabxiin barattootaa fooyya'uu danda'a. Yoo immoo barattoota kan hin hawwanne, hirmaachifneefi hin kakaafne ta'e firiin barattootaa fooyya'uu dhiisuu danda'a. Qabiyyeen barnootaa tokko kitaaba keessatti yemmuu qophaa'uufi kutaa barnootaa keessatti yemmuu dhiyaatu mala afaan barsiisuu akkamii akka barbaachisu xiyyeeffannoo kennuufiin murteessaadha.(Richardsfi Rodgers,1986:15- 16) Malleen afoolaan afaan barsiisuun ittiin dhiyaachuu qabu ilaalchisee afoolli kitaaba barnoota afaaniifi kutaa barnoota afaaniitiif filatamu malleen armaan gaditti dhiyaatan bu'uurreffachuun akka barbaachisu hayyoonni ragaa bahu.

### 4.3.1.Mala Dhiheenyaa Afaanii Bu'uurreffate ( Language Based Approach)

Mala afoolli afaan bu'uura godhamuun ittiin dhiyaachuu qabu ilaalchisee Lazar (1993:22-27) wantoota shanan itti aanan kaa'eera.

1. Akkaataa ogummaa afaanii gurguddoo dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu gabbisuu danda'urratti hundaa'uun dhiheessuu.
2. Afoola akka dirree qorannootti barsiisuuf kan bu'uureffate ta'uun dhiheessuu.
3. Akkaataan (stylistics) ta'uun ykn haalaan qophaa'uu.
4. Hirmaannaa dhuunfaa kan gabbisu (Oral literature for personal enrichment)
5. Gahee barumsi afoolaa qabu ilaalchisee kan dhiyaate ta'uu qaba.

Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu, adeemsa barumsa afaanii keeessatti kaayyoo barumsa afaanii galmaan gahuuf malli dhiheenyaa hordofuu qabnu jiraachuusaati. anis qorannoo koo kana keessatti kanan ilaale ogummaa afaanii gurguddoo barattoota gonfachiisuuf nifayyada kan jedhameefi mala ogummaa afaan buʽʽuura godhachuun dhiyaatudha.

### 4.3.2. Mala Dhiheenyaa Ogummaa Afaanii Bu'uurreffate ( Language Skill Based Approach)

Lazar (1993:23) dhimma kana ilaalchisee yemmuu ibsu, malli dhiheenyaa ogummaa afaanii bu'uureffate afoola fayyadamuun afaan barachuun walitti dhufeenya afaaniifi afoolaa akkasumas ogbarruu kaayyoo barumsa afaaniitiin walitti fiduuf gargaara. Kunis barattoonni beekumsa afaanii barumsaaf dhiyaatee akka gabbifataniif gargaara.Malli dhiheenyaa ogummaa afaanii gabbisuu kun xiyyeeffannoon isaa afoola akka dirree qorannootti qorachuu miti. Xiyyeeffannoon isaa inni guddaan afoola kitaaba barnoota afaaniifi barumsa afaanii keessatti akkamitti eessatti fayyadamuun akka dandaʽʽamurrattidha. Hojiileen kalaqaa adeemsa itti fayyadama ogummaa afaanii waan siʽʽeessaniif akka madda afaan barsiisuutti akka oolaniif haala kan mijeessaniidha. Dabalataanis, hojiileen kalaqaa marii garee kutaa keessaatiif carraa waan kennaniif, barattoonni ogummaa afaanii hundaanuu keessattuu,dubbachuufi barreessuurratti dammaqinaan hirmaannaa hooʽʽaa akka taasisaniif gargaara. Kana hojiirra oolchuuf immoo afoolli afaan barsiisuuf filatamanii kitaaba barnootaa keessatti hammataman ogummaa afaanii dhaggeeffachuu, dubbachuu, barreessuufi dubbisuuf kan mijaaʽʽan taʽʽuu qabu. ( Lazar,1993:27)

Karaa biraatiin Brumfitifi Carter (1986:110) akka ibsanitti barattoonni yeroo hundumaa gosa afoolaa kitaaba barnootaa keessatti dhiyaateef tokko irratti ibsa gahaa kennuuf qophaawoo waan hin taaneef haala qabatamaarraa ka'uun ibsa kennuu kan dandeessisuufi hojiilee ogummaa afaanii buʽʽuura godhachuun qophaa'an dursanii barachuu qabu.Yaadolee armaan olitti dhiyaatanirraa hubachuun akka danda'amutti tokko tokkoon malleen dhiheenyaa kaayyoo barumsa afaanii kan galmaan gahuu danda'amu yoo ta'e filatama. Kanas gochuun kan danda' mu haala mijataa afoolli kitaaba barnootichaa keessatti hammatameefi qophiifi hordoffii barsiisaan afoolaan ogummaa afaanii barsiisuuf taasisuunidha.

### 4.3.3. Mala Dhiheenyaa Kalaqaa ( Creative Methology)

Barnoota afaanii keessatti mala kalaqaa jechuun yaaddolee ogbarruu kalaqaa waliin bifa waliif firoomuutiin afaan dubbii yookiin afoolaafi barreeffamaa fayyadamuun kaayoo barumsa afaanii

yaadame galmaan gahuuf mala barumsaa hojiirra oole jechuudha. ( Ibson,1995,1995:147) Haaluma walfakkaatuun mala kalaqaatiin afaan barsiisuun ogummaa afaanii barataan akka gabbifatu irraa eegamu ilaalchisee yemmuu ibsu: dandeettii itti fayyadama afaanii barreessuufi haalaafi dirree barumsa kamuu keessatti fiixaan bahiinsa argachuuf qooda olaanaa qaba. Kanarraa kan ka'e waytii barsiisu tokkotti dandeettii walii galtee (communicative competence) gabbisuuf gargaara.

Qophii Kitaababaafi barumsa afaanii keessatti hiika jechootaa barbaaduun ,ogummaa afran faanii (dhaggeeffachuu,dubbachuu,barreessuufi dubbisuu) walitti kan hidhudha. Dabalataanis,barattoonni dandeettii hawaasummaa (social skill) Eenyu? Eenyu wajjiin? Eenyuuf? Yoom?... gaffilee jedhan hubachuun afaan barumsaa sana akka sirni duudhaa hawaasa sanii eeyyamutti akka itti fayyadaman taasisa.

## 4.4. Haala Afoolli Caaccuu Barnoota Afaaniitiif Filatamuuf Ittiin Dhiyaatu

Afoola akka meeshaa deeggarsa barnoota afaan dhalootaatti itti fayyadamuuf, ulaagaalee inni guutuu qabu ilaalchisee waan baay'een jedhameera. Isaan keessaa yaada Mckay (1986),Brumfitfi Carter (1986) McRae (1991), Carteriifi Long (1991)fi Lazar (1993) kaasan gabaabsuun ilaaluun ni danda'ama.

1. Aadaa barattootaa kan hin tuqne ta'uu qaba.

Kana jechuunis, mana barumsaa tokko keessatti ubarattoota naannoo adda addaarraa dhufan akka naannoo irraa dhufaniitti kan dubbatan, akka hawaasa keessatti guddataniitti dandeettiin ittiin fayyadama afaan isaanii adda adda ta'uu danda'a. Kanaafuu afoolli barumsa afaaniif filatamu barattoota giddutti siyaasa, hawaasummaa, diinagdee, aadaafi kkf garaagarummaa kan hin uumne ta'uu qaba.

2. Dandeettii xinqooqa barattootaatiin kan wal madaalu ta'uu qaba.

Barattoonni kanaan dura beekumsa afoolaa qabachuufi dhiisuu isaanii adda baafatee kan dhiyaate ta'uu qaba. Barattoonni kanaan dura muxannoo afoolaan afaan barachuu qabu taanaan afoola filachuufi qopheessuun nama hin rakkisu. Barattoonni kanaan dura afoolaan afaan barachuufi dhiisuu isaanii gaaffii afaaniitiin ta'ee barreeffamaatiin mirkaneeffachuun nidanda'ama.Ulaagaaleen armaan olitti ibsaman yemmuu afoolli tokko kitaaba barnoota afaaniifi

barumsa afaaniitiif filatamu dhimmoota xiyyeeffannoon itti kennamuu qaban beekuun murteessaadha. Itti aansuun Kan Lazar (1993) akka sadarkaa lammeessootti ilaalamuu ykn guutuu qaban jedhee lafa kaa'u:

3. Afoola hanga barbaachisu beekuu

Afoolli filatamu gosaafi hangam ta'uu qaba? Afoolli sun akkamitti harka barsiisaafi barataa gala?

- Dheerina afoola filatamuu beekuu
- Kutaa keessatti ittiin hojjachuuf yeroon gahaan jiraa? Barattoonni ittiin shaakaluuf yeroo hangamii fudhata?
- Afoola filatameen kutaa keessatti barsiisuun kan danda'amu kan filatame guutummaa isaatimoo hanga murtaa'e?
- Hojiirra ooluu danda'uusaa beekuu
- Kaayyoo yaadameef galma gahuufi dhiisuusaa akkasumas, barattoonni hubachuufi dhiisuusaanii beekuuf gilgaalota yookaan madaalliiwwan keessaa qopheessuun ni danda'amaa?
- Afoolli filatame kaayyoo barbaadame galmaan gahuuf meeshaalee deeggarsaa biroo kanneen akka waraabbii sagaleefi vidiyoo...qabaa?yoo qabaate gahumsi isaanii hangam? Yoo hinqabu ta'es maal gochutu danda'ama?

Yaadoleen armaan olitti ibsaman kan hubachiisan afoolli yemmuu kitaaba afaanii keessatti qophaa'u ta'ee, yemmuu daree barnoota afaanii keessatti barnootaaf oolu ofeeggannoon godhamuu akka qabudha.

Afoolaan afaan barsiisuu jennee yemmuu kaanu waan dubbatamu yookaan waan dubbifamu akka nubarbaachisu beekkamaadha. Haa ta'uyyuu malee, afoolli dubbiffamu barattoota hunda birattii fudhatamummaa wal qixa qabaachuu dhiisuu danda'a. Afoola barattoonni hundi hubataniif isaan kakaasu filachuun barbaachisaadha. Sababnisaa afoolli amaloota akkasii qaban bakka hin jirretti ogummaa dubbisanii hubachuu ta'ee, ogummaalee afaanii biroo gabbifachuun akka hin danda‟amne (William,1986:42) ibseera. Kanaafuu afoola umurii,sadarkaa

barnootaaa,aadaa,amantii,siyaasaafi jireenya hawaasummaa barattootaatiin walsimu fayyadamuun barbaachisaadha. Afoola afaan ittiin barsiisuuf yemmuu filannu dursa kan kennuufii qabnu gahee inni ogummaa afaanii gabbisuu keessatti qabu malee, qabiyyee kitaabichaatiif qofa osoo ta'uu baatee filatamaadha.

Afoolli sadarkaa garagaraatti dhiyaatu kaayyoon isaa inni guddaa qabiyyee isaa qofa hubachuun hojiitti jijjiiruu qofa osoo hin taane kaayyoo sirna barumsa afaanii keessattuu,ogummaa gurguddoo afran afaanii ( dhaggeeffachuu,dubbachuu,barreessuufi dubbisuu) kan dhugoomsanii galmaan gahan yoo ta'e bu'a qabeessa. Fakkeenyaaf, kaayyoon sirna barumsichaa keessatti kaayyeffatame barattoonni afaanichaan dhaggeeffachuu, dubbachuu, barreessuufi dubbisuu akka danda'aniif yoo ta'e,akkaataa afoolli itti filatamuun kitaaba afaanii keessatti qophaa'u haala kaayyoo barbaadame kana galmaan gahuun yoo ta'e wayya.

## 4.5. Gosoota Gilgaalota Afoola Afaan Oromoo Tokko Keessaa Qophaa'uu Danda'anii

Afoola tokko keessa ogummaa dubbisanii hubachuutiin ogummaa biroo kanneen akka hiika jechootaa galumsarraa barbaaduu, seerlugaa, keeyyata barreesssuufi gabbisuu amala gilgaalotaa warra gurguddoo ta‟an Nuttal (1982)fi Silberstein (1994) akka armaan gadiitti ibsu.

A. Gilgaalota Afaaniin Deebii Barbaadan

Gaaffileen akkasii barattoonni gad fageenyaan osoo itti hin yaadin waanuma dubbisan salphaadhumatti afaaniin deebisuu akka danda'aniifidha. Afoola dhiyaateen deebilee argachuu qaban kan ofkeessatti hammatan ta'u. Barattoonnis afoola dhiyaate irratti hundaa'uun galumsarraa deebii akka kennanitu isaan irraa barbaadama.

B. Gilgaalota Deebii Ibsa Dhuunfaa Barbaadan

Gilgaalonni akkasii barattoonni jechaafi ibsa mataa isaanii fayyadamuun deebii akka kennaniif affeeramuudha.Kana gochuufis yaada afoolichaa sirritti hubachuun isaan barbaachisa.Gama birootiin,barattoonni afoola dubbisan keessatti jecha ulfaataa,yaadaafi fakkoommii hiika isaan dabarsan osoo hin rukutiin waan ibsa barbaachisu itti kennuus kan danda'anidha.

C. Gilgaalota Deebii Galumsaa Barbaadan

Gilgaalonni kunneen akkuma maqaan isaanii ibsutti afoola dhiyaate dubbisuun yookaan dhageeffachuun yaada ergaa afoolichaa irratti hundaa'uudhaan kan deebiin bakka duwwaa guutuu , gosoota tarreessuu fi kkf itti kennamudha.

D. Gilgaalota Madaallii Barbaadan

Gilgaalonni akkanaa deebii karaan ittiin argatan madaallii taasisuun yoo ta'u afoola dhiyaate sana kallattii hedduun xiinxaluun deebiin kan itti kennamu ta'a.

E. Gilgaala Dandeettii Waa yaaduufi xiinxaluu Barbaadan

Gaaffileen afoolaa gilgaalota dandeettii mata-duree irratti diyaatan ,ergaa afoolichaa irratti hundaa'uun sammuu bilchina qabuun xiinxaluun deebii kan argatanidha.

## 4.6. Qooda Fudhattootaafi Haalota Mijachuu Qaban

Odeeeffannoo af-gaaffii, daawwannaafi sakatta'a irraa argameen akka hubachuun danda'ametti, manneen barnootaa keessatti Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barachuu barattootaafi afoollan tapha ijollee gargaaramuu keessatti caalaatti qooda fudhattoota ta'uun kan beekaman maatii barattootaa, barsiisota Afaan Oromoo, barattoota mataa isaanii, qooda teeknooloojii ammayyaa eeramaniiru. Gaheefi haallan mijachuu qabanis akka armaan gadiitti tokko tokkoon ilaaluun nidanda'ama.

### 4.6.1. Barsiisota Afaan Oromoo Gahumsa Qaban

Akka yaada odeeffannoo kennitootaatti gaheefi itti gaafatamummaan barsiisotni Afaan Oromoo afoollan taphoota ijoollee daree barnootaa afaan dhalootaa keessatti hojiirra oolchuu keessatti qaban daran ol'aanaa akka ta'e ibsaniiru. Kunis, yaad-hiddama, dayeessota afaan dhalootaa barsiisuu gargaaramuun daa'imman dandeettii afoola hawaasa isaanii akka hubataniif carraaqqiin guddaa kan bahachuu qaban waan ta'eefidha. Kanaafis, malleen garaagaraa, caacculee afaan barsiisuu adda addaa keessatti afoola akka mi'eessituutti hojiirraa oolchuun irraa eegama. Fakkeenyaaf, guyyaa waltajjii garaagaraa mana barumsaa keessatti gaggeeffaman barattootni eebbisuu akka danda'an carraa kennuu, walaloo agaraagaraa,afoollaan garaagaraa dhiyeessuun

akka hubannoo cimsatan deeggaruuf kkf kanneen addaan bahanidha. Haata'umalee,yeroo sagantaadhaan hojiirra oolan manneen barnootaa daawwataman keessatti baayyee hin mul'atu.

### 4.6.2. Kaka'umsa Barattoota Afaan dhalootaa baratanii

Inni lammaffaarratti odeeffannoo kennitootni cimsanii yaada kennan immoo barattoota yoota'u barattootni yookiin daa'imman dandeettii afoola afaan dhalootaa isaanii cimsachuun aadaa ,seenaa, hawaasummaa ,safuu, eenyummaafi hojiilee kalaqaa hawaasa Oromoo, miidhaginaa/bareedina aadaa hawaasaa isaanii akka dinqifatanii, jajaniifi keessatti hirmaatantu irraa eegama. Haata'u malee, yeroo ammaa kanatti miidiyaaleefi meeshaaleen teeknooloojii garaagaraa taphootaafi suur-sagalee garaagaraa yeroo isaanii akka fudhatan daawwannaa taasifameen addaan baafachuun danda'ameera.

### 4.6.3 Maatii Barattootaa

Akka odeeffannoo kennitootni jedhanitti gahee isa ol'aanaa ta'e afoollan taphoota ijoollee isaanii barsiisuu keessatti kan maatii barattootaa akka ta'e amantaa guutuudhaan himaniiru. Haata'u malee, haallan qaabatamaan bulchiinsa magaala Shaggar kutaa magaalaa Furii kana keessatti mul'atan garaagaraa garuu dhiibbaalee afaan dhalootaa irratti qaban daran olaanaadha. Fakkeenyaaf manneen amantaa garaagaraa iddootti ijoolleen hawaasummaa fi dhimmoota afuuraa guddifatan Oromiyaa keessatti naannoo magaalaa Finfinnee magaalaa Shaggar keessatti hundaahanii jiran Afaan Oromoon tajaajiluurra afaan qeenxee sanitti dhimma bahuun daa'imman afaan dhalootaa isaanii irraa fageessuu, gabaa keessatti, dhimmootni biroon illee shaakalli maatii baraattootaa harkifataa ta'uun fa'a eeruun nidanda'ama.

Gama biraatiin, akkuma beekamu naannoon kun naannoolee Oromiyaa kuun caalaatti naannoo afaanotni biroofi keessumaa Afaan Amaaraa baroota mootota Itoophiyaa durii kaasee keessatti dagaage waan ta'eef Oromootni dinagdee, hawaasummaafi dhimmoota hariiroo siyaasaan otoo hirmaannaa guddaa hinqabaatiin waan turaniif dhimmootni barnoota afaan dhalootaaf xiyyeeffannoon kennaan xiqqaadha. Kun immoo afoola ijoollee afaan dhalootaa baayyeen akka dagatamanii, kanneen afaanota bal'inaan dubbatamanii bahanii akka mul'aataniifi xiyyeeffannoo kennuu dhiisuufaa daawwannaa taasifameen hubatameera.

#### 4.6.4. Qaqqabummaa Teekinooloojii

Yeroo ammaa kana dagaaginni teeeknooloojii ammayyaa addunyaa keenya araddaa tokkotti galchee jira. Keessumaa dhimmootni hawaasummaa, barnootniifikkf xiyyeeffannoo guddaa argataa jiru. Daa'imman afaan dhalootaa cinaatti midiyaalee garaagaraan dandeettii afaan lamaffaafi afaan biyyoota alaa dagaagifataa akka jiran nibeekama. Haata'u malee, sadarkaan teeknooloojiitti dhimma bahuu garaagarumma dinagdeefi qaroominaan kan daangahu ta'us, qaqqabiinsi afoola taphoota ijoollee teeknooloojiin yoo deeggarame caalaatti bu'aa qabeessa ta'a jedhamee amanama.

Fakkeenyaaf, yeroo ammaa kanatti fiilmotni kaartuunii, animeeshinii, taphoota, baacoowwan kkf karaa teeleevizhinii, raadiyoo, miidiyaalee hawaasumma kan akka 'you tube' dhiyaataa jiran hawwatummaa guddaa waan agarsiisaa jiran daa'imman gara isaan kanatti duufaa akka jiran odeeffannoo kennitootni ni dubbatu. Kunis, karaa lamaan ilaalama. Tokkoon afaanota dhalootaa taphoota ijoollee garaagaraa fiilmootati jijjiiruun dhiheessuu kan dandahamu taanaan guddina AfaanOromoo akka  afaan dhalootaaf gahee ol'aanaa niqabaata. Haata'umalee, faallaa kanaan dhiyeessiifi qaqqabummaan isaanii afaan dhalootaa da'immanii kanneen dagachiisan kan akka mbc, mbc actionfi kkf yoota'e guddina afaan dhalootaa irratti dhiibbaan geessisan daran ol'aanaa ta'aa jira.

Walitti qabaatti, miidiyaaleen biyya keessaa gahee akkanaa kana irratti ciminaan hojjechuu dhabuunis nimul'ata. Fakkeenyaaf, miidiyaalee mootummaa fi dhuufaa garaagaraa yoo ilaalle waan afaan tokkicharratti xiyyeeffatanii hojjetan fakkaatu. Midiyaaleen Afaan Oromoo OBN irraa kan hafe chaanaalii ijoollee addatti " Gaammee" jedhu kan baneen ala Afaan Oromoo irratti kan hojjetaa jiru hinjiru. Midiyaaleen kuun chaanaalii addatti bananis Afaan Oromoo irratti hojjechuu irratti hanqinooa gurguddoo qabu. Kanumti OBN illee hammam filatamaafi qaqqabamaadha kan jedhu gaaffii guddaadha. Qorattuunis waa'ee dhimma kanaa qaamni dhimmi ilaalu xiyyeeffannoo guddaa akka itti hinkennine qorannoo kanaan   addan baastee hubatteetti.

### 4.7. Rakkoolee /Hudhaalee Miidiyaa Hawaasummaatti gargaaramuun Mul'atan

Miidiyaaleen hawaasaa akkuma olitti bu'aa isaanii ibsuuf yaalame karaa irraa dabee jennaan rakkoolee hawaasumma, diinagdee, fayyaa yookiin qaamaa, ilaalchaa, xiinsammuufi kkf uumuu

keessati gaheen qaban ol’aanaa dha. Fakkeenyaaf yeroo ammaa kana mobaayiloota meeshaalee elektirooniksii ‘smart’ ta’an kanneen gargaaramuun toora miidiyaalee hawaasummaa garaagaraa irraa muuxannoofi shaakala aadmalee ta’an safuu, duudhaafi bartee hawaasa Oromoon ala ta’an dabarsaniif saaxilamu. Kana malees, miidhaalee qaamaa, dandeettii ofiin waadalaguu hir’isuufi yaadsammuu, hariiroo hawaasumma, walitti dhufeeenya maatiif kkf hir’isuu/xiqqeessuun fa’a ni eeramu. Kanneen keessaa xiyyeeffannoo qorannichaa kan ta’e afoollan afaan dhalootaatti dhimma bahuullee nidagachiisa.



*Suuraa: taphoota geemta ijoolleen yeroo irratti dabarsan*

## 4.8. Taphoota ijoolleen yeroo hundaa Yeroo isaanii ittiin dabarsan

Manneen barnootaas ta’e naannoo qe’eetti taphootni ijoollee ittiin yeroo isaanii dabarsan akka daawwannaa taasifameen hubatametti, taphoota hiriyootaa waliin taasifamuun, akka carraa meeshaalee elektirooniksii qe’ee isaanii keesaatti maatiin mijeessameefiin, obboloota waliiniif kkf ta’ee argameera. Kanneen keessaa taphootni ijoolleen irratti xiyyeeffatan sochiilee qaamaan kan dabaalameen,qaaxii/bijamirii/, waldhokachoo taphachuun, afoollaniifi sochiidhaan kanneen dabalaman tokkooyyee/dibiyyoo dibii/ furiif kkf fa’a.

#### 4.8.1. Taphoota yeroo ammaa kana ammayyeeffamaa dhufan ijoolleen taphatan

Taphootni ijoollee yeroo ammaa kana ammayyeeffamaafi daran baratamaa dhufan kannen midiiyaalee hawaasummaafi manneen barnootaa keessatti hiriyootarraa akka muuxannootti fudhatamanidha. Isaan keessaa, geemota/taphoota ijoollee meeshalee elektiroonkisiin daddarbaa dhufan, afaan biroon kan dhiyaatan, Geemota elektiroonkisii garaagaraafi mobiyilaan dhiyaatan baayyeen isaanii tartiiba kan eegan, lola dhukaasaa meeshalee waranaa garaagaraa kan shaakalsiisan, kubbaa miilaa, konkolaataa garaagaraa waan shaakalsiisan kan fakkaatan fa'a. Kana malees, 'online' maallaqaan kan taphatamaniif baasii maallaqaa hin barbaachifneef maatii kan saaxilan, qumaara adda addaa taphachuu kan barsiisanidha.

#### 4.8.2. Geemota garaagaraa Daa'immaniif Dhiyaatan

Daa'imman yeroo ammaa taphoota ijoollee aadaa fi afoollan cinaatti daran guddisanii kan irratti hirmaatan geemota mobaayilaan dhiyaatan, fiilmota afaan biyyaa alaa, kan akka: mbc 3, mbc action fi kanneen kanaan walqabatan biyyoota garaagaraatiin dabarfaman akka ta'e oeeffannoo kennitootni eeruu kennaniiru. Kana malees, taphoota safuu, hawaasaa hin eegne aadmalee ta'an irratti hirmaatu jechuudhaan cimsaniiru.

Akka waliigalaatti odeeffannoowwan af-gaaffii, daawwannaa, mariigareefi sakatta'a dookumentii garaagaraa irraa argameen qaacceessi taasifameera. Odeeffannoowwan argamanis bifa bifa isaaniin mata-duree isaan ilaallatu jalatti walitti qabuun hariiroo qabaniin qaaccessa addeessaatti gargaaramuun akka olitti argamuun qaacceffameera.

# BOQONNAA SHAN: YAADA GOOLABAA, ARGANNOO FI YABOO

Boqonnaa kana keessatti odeeffannoon qaaccessa af-gaaffii, dawwannaaa, marii garee fi sakatta'a dookimantii garaagraa (kitaabilee afoolaa garaagaraa) irraa argaman bu'uura godhachuudhaan yaadni goolabaa fi yaaboon akka itti aanutti dhiyaataniiru.

## 5.1. Yaada Goolaba

Afoolli tapha ijoollee Afaan Oromoo akka afaan dhalootaatti barsiisuu keessatti qabuufi akka caaccuutti hojiirra oolchuu ilaalchisee qorattuun boqonnaa afur jalatti dhimmoota qaaccessaan kaa'aman irraa ka'uudhaan goolaba akka armaan gadiitti dhiyeessiteetti.

- Taphootni ijoollee godinaalee Oromiyaa garaagaraa keessatti hojiirra oolan baayyeen jiru. Kan dhiyaatanis Afaanuma Oromootiin bifa kitaabaatiin kitaabota garaagraa keessatti walitti qabamanii argamanis ammallee baayyeen isaanii qorannoo garaagaraa gaggeessuun walitti qabuun barbaachisaadha. Akka Bulchiinsa magaalaa Shaggar kutaa Magaalaa Furii keessatti afoollan tapha ijoollee daree barnootaa afaan dhalootaaf oolan. Fakkeenyaaf, taphoota ijoollee afaaniin seeneffaman akka durdurii fi af-walaloon kan dhiyaatan akka faaruuwwan garaagaraa , eebba , weedduufi sirboota; akkasumas, afaaniifi sochiin kan dabaalamuun dhiyaatan akka Tapha Furii, qaaxee, fi kkf akka jiran addaan basuun danda'ameera.
- Kanamalees, qorattuun daangaa qorannoo ishee Magaalaa Shaggar Kutaa bulchiinsa Magaalaa Furii xiyyeeffannoo godhachuun qaaccessiteen, taphootni ijoolleen afaan dhalootaa akka itti hiikkataniif gargaaran hedduun yoomessa garaagaraa keessatti taphataman, koornayaa garaagaraan dhiyaatan, waqiitiilee adda addaa keessatti dhiyaatan akkataafi haallaan hojiirra oolmaan isaanii walhinfakkaanne,garuu, afaan barsiisuu keessatti yoo hojiirra oolan milkaa'inaan gahan akka jiran odeeffannoowwan qaacceeffamerraa addaan baasuuf yaalameera.
- Afoollan taphoota ijoollee garaagaraa Kutaa Bulchiinsa Magaalaa Furii kana keessatti odeeffannoo argamerraa ka'uudhaan hudhaalee garaagraa baroota lakkoofsisan mootota Itoophiyaa darban keessatti mul'ataa turan dhiibbaa taasisaniin baayyee laaffachuu, afaanota biroon makachuu, miidiyaalee akka Tv, raadiyyoowwan garaagaraa, miidiyaalee

hawaasummaa gahaa ta'een deeggarammuu dhabuu, kanneen afaan birootiin dhiyaatan caalaatti qaqqabummaa qabaachuufi kkf odeeffannoo qaacceeffamerraa qorattuun addaan baasuu dandeesseetti.

- Hudhaalee biroon afoollan Afaan Oromoo tapha ijoollee afaan dhalootaa barsiisuu keessatti mul'atan: afaanotni barnootaa garaagaraa jiraachuu, af-lamee ta'uu daa'imman hedduu, fedhiifi kaka'umsa daa'immaniifi xiyyeeffannoo maatiin barattootaa Kennan adda durummaan akka hubatamuu danda'u odeeffannoo dhiyatee qaacceeffamerraa addaan baheera.
- Haalli dhiheenyaa afoollan ijoollee Afaan Oromoo keessatti rakkoolee fayyadama jechootaa, safuu, aadaafi duudhaa isaanii eeggatanii akka daree keessatti hojiirra hinoolleef hubannoon gama raawwii aadaan jiran, beekumsi hawaasaafi qaamota dhimmamtoota bira jiru,sababa amantaa, ilaalchotaaf kanneen kkf qaacceessa daawwannaa gaggeeffame keessatti addaan bahaniiru.
- Qooda fudhattoota garaagaraa birattillee ilaalchi akkanaa akka mul'atu:
- Maatiin barattoota gama aadaa hawaasa barattootni keessaa dhalatan kan cimsanii qabatanii akka ceesisaniif caalaatti akka guddisaniif onnachiisuu, fedhii keessatti uumuurra ilaalchota gama amantaafi haasaalee jibbiinsa kallattii garaagaraan ka'aniif gurra akka kennaa jiran. Fakkeenyaaf, gama Irreechaa, sirboota fi faaruulee garaagaraa akka ateetee, shananii, faaruu looniif kkf.jiru hanqina akka qabu qaaccessarraa habatameera. Faallaa kanaan qaamoleen hawaasaa aadaa isaanii sirritti hordofuun duudhaafi aadaa isaa eegan akka jiran hubatamuus danda'eera.
- Afoollan tapha ijoollee kanneen sirna barnootaan bocamanii kitaabilee sadarkaa daree garaagaraa keessatti gilgaalota dhaggeeffachuuf,dubbachuuf, dubbisuufi barreessuufi dandeettiiwwan afaan dhalootaa biroof qophaahanis barsiisota Afaan Oromoof gaarii akka ta'aniif hojiirra oolchuuf kan hin rakkisne ta'uun addaan baafameera.
- Walumaa galatti, cuunfaan olittti eeraman kun addaan bahuudhaan akka armaan gadiitti yaboon kennameera.

## 5. 2. Argannoo Qorannichaa

Yaada goolabaa armaan olitti tarreeffaman irraa ka'uudhaan argannoowwan qorannichaa akka armaan gadiitti eeramaniiru.

1. Afoollan Oromoo Tapha ijoollee daree barnootaa Afaan Oromoo akka afaan dhalootaaf oolchuu keessatti baratamu keessatti hojiirra ooluu danda'an baayyeen bulchinsa Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Furii keessatti hawaasa biratti kan beekaman kan jiran ta'uun ifoomeera.
2. Afoollan Oromoo taphoota ijoollee kutaa Magaalaa Furii kunneen yoomessa garaagaraafi akkaataa raawwii garaagaraan kan dhiyaatan ta'uu, dhimmoota hawaasummaa, dinagdeefi aadaa ta'uunillee akkasuma addaan baafameera.
3. Taphootni ijoollee kunneen daa'imman dhaloota borii aadaa,seenaa, duudhaafi safuu hawaasa Oromoota kutaa magaalaa Furii ceesisaniif dareee keessatti akka afaan dhalootaatti barataniif cimee dhiyaachuun  immoo rakkoolee Afaan Oromoon afaan hiikkachuu ijoollee akka furuu danda'ullee addaan baheera.
4. Afoollan taphoota ijoollee naannoo qorannoo kanaatti beekaman kanneen qooda fudhattootni manneen barnootaa faan Oromoo keessatti baratamuu Mootummaa naannoo Oromiyaa, hawaasni Oromoo, barattootniifi barsiisotni Afaan Oromoo cichanii irratti hojjechuun hudhaalee gama kanaan mul'atan furuufi hundeerraa dhabamsiisuuf kutannoo akka barbaadu addatti ifoomeera.

   Kanaafis, Miidiyaalee hawaasaa, Televizhinoonni, raadiyooleen , barruuleefi kitaabilee Afaan Oromoon maxxansamanillee miidhagina yookiin bareedina aadaa,afoola, safuufi duudhaa Oromoo daran beeksisuuf cimsanii gadfageenyaan irratti hojjechuun barbaachisaadha.

## 4.3. Yaada Furmaataa Qorannichaa

1. Afoollan Taphoota ijoollee garaagaraa afaan dhalootaa ittiin barsiisuuf oolan dandeettiiwwan afaanii garaagaraa keessatti dhimma bahuun barbaachisaa ta'a.
2. Qophiileen kitaabilee sirna barnootaa Afaan Oromoo sadarkaa daree garaagaraa keessatti yeroo ammaa kana haammatamanii jiran seecca'amanii madaalamuun barbaachisaadha.
3. Maatii, hawaasni naannoo, ollaan, hiriyootni, barsiisotni Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa gadii jiran xiyyeeffannoo barattootni aadaa ,duudhaafi safuu isaaniif kennan, akka boonanii kaka'umsaan afaan dhalootaa isaanii Afaan Oromoo akka barataniif ciminaan hojjechuun irraa eegama.
4. Manneen barnootaa keessatti qophii ayyaanotaa garaagaraa, miinii miidiyaa,gumiiwwan aadaafi afaan ilaallatan irratti barattootni sagantaalee afaan dhalootaa isaaniin dhiyaatan irratti akka hirmaataniif jajjabeessuun ,onnachiisuu,ceesisuun barbaachisaadha.
5. Afaan Oromoo akka biyya kanaatti afaan miidiyaa kan ta'e waggoota kurnan sadii waan caalu miti. Kanaafuu, Afaan Oromoo gama afoola taphoota ijoollee kanneeniin akka guddatuuf keessumaa Mootummaan Federaalaafi Mootummaan Naannoo Oromiyaa akkasumas dhaabbileen dhuunfaafi miti mootummaa cimsanii hojjechuun barbaachisaadha.
6. Carraa miidiyaalee yookiin qaqqabummaa miidiyaalee garaagaraa qophiilee bohaarsoo, bashannansiisaafi barsiisoo ta'an qaban daddabalamuufi heddummeessuu irraati hojjechuun taphoota ijoollee akka caaccuulee Afaan Oromoo afaan dhalootaa barsiisuuf oolchuu waan nama walgaafachiisu miti.
7. Kutannoon gama mootummaa, hawwaasa, dhaabbilee dhuunfaa, daa'immaniifi kkf dansa.
8. Qorannoowwan biroon mata-duree kanaan walqabatan hanqinoota biroollee ifoomsan naannoo kanatti otoo gaggeeffatan barbaachisaa ta'a.

## Wabiilee


Asaffaa (2006). Barruulee Qormaata waltina Afaan Oromoo.Finfinnee.

Asaffaa Tafarraa (2009). Eela. A.A. Far East trading PLC.

Asafa Tefera. (2004) Theorizing the Present Towards a Sociology of OromLiterature,Jaarsoo Waaqoo's poetry. Finfinnee branna printing enterprise.

Ben Amos (2006). Folklore in African Society.

Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaa (2005).Barruulee Qormaata waltin Afaan Oromoo. Finfinnee. Birhaanuu

Matiwoos (1999). Fundamental of Literature Addis Ababa.

Bukenya (1994). African Oral Literature. Nairobi. Nairobi University Press.

Finnegan, Ruth (1970). Oral literature in Africa. Nairobi. Oxford university press.

Geetaachoo Rabbirraa (2011) Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo. Finfinnee. Mana Maxxansaa Kurraaz Internaashinaal

Geetaachoo Rabbirraa (2011). Quba Qabduu? Bu'uuraalee Afaan Oromoo. Finfinnee:Kurraz international publishing enterprise

Addunyaa Barkeessaa. (2011). Akkamtaa, Yaadrimee Qorannoo Hujoo, Finfinnee.

(2016). Semmoo , Oromiyaa: Finfinnee.

Abdulmaliik Abdurahamaan. (2003) "Akaakuu Tapha Ijoollee Ibsuu Godina Harargee Lixaa

Aanaa Masalaa" Yuunivarsiitii Aaddis Ababaa:Waraqaa Qorannoo Digrii Duraa ( Kan hinmaxxanfamne)

Ann Birch. Developmental Psychology: Infancy to Adulthood. 2nd edition. Pal Grave: St Matsin‟sPress, 1997.

Ann Grideo.(1980) "The Study of Children‟s Folklore"Western states folklore society.

Anderzejewski B.W.(1985).Literatur In Cushetic Languages Other Than In Somali in literature in African languges , Cambridge :Cambridge University presslanguges

Ayyaanoo Shonbolee. (2007). Seenaa Ilka Waabee. Barruu hinmaxxanfamne.

Badhaasaa Buttaa. (2005). Handhuura Waabee. Hawaasaa: Teedii

Bascom, W. (1992). American Folklore In the New World Blooming to And Indiana Polis: Indiana Univarsity Press.

Ben Amos, Dan. (1975). “Folklore in African society.” In Research in African Literature 6(2) pp. 165-198.

Berg, B. (2001). Qualitative Research Methods for the Social Sciences, California state University, Long Beach. Best, J.

Bonney. (1985). Teaching Anthropology Throuth Folklore. Black well publishing on Behalf of the American anthropological association

Dastaa Dassaaleny. (2013). Bu‟uura Qorannoo. Addis ababa. Far Fast Trading PLC.

Dorson, M. (1972). Folklore and folk life studies: An introduction. The University of Chicago press.

Dundes, A. (1965). The Study of Folklore. Berkeley: prentice-hall,inc.

Hinseenee Makuriyaa, (2010). Gaachanna kormaa. Finfinnee: Far East trading PLC press.

Misgaanuu Gulummaa, (2011). Dilbii Bu’uura Afoolaa. Finfinnee: Oromoiyaa.

Walda Yohaannis warqinaa, (1998), Daaw’itii. Finfinnee. Commercia printing Enterprise.

Finnegan, R (1970). Oral Literature in Africa. Open Book publishers CTC Lid

Finnegan,(1976 ). Oral Literature in Africa. Open Book publishers CTC Lid

Geetaachoo Rabbirraa. (2009). Seer-luga Afaan Oromoo. Finfinnee. Dhaabbata Maxxansa Intarnaashinaalii.

Georges Robert A. and Michael Owen Jones. (1995). Folkloristics: An Introduction. Indiana University Press.

Goldsten, Q. (1964). A Guide for field workersin Folklore. Hat boro: Folklore Associates Inc.

Jilee Goobanaa.(2012). “ Qabiyyee Tapha Ijoollee Oromoo Gujii Aanaa Bulee Horaa Godina Booranaa” Yuunivarsiitii Aaddis Ababaa: Waraqaa Qorannoo Digrii Duraa (Kan hinmaxxanfamne).

Karbon, H. (1989). Sociology, Social Stucture and Social Conflict. New York Mc Millan Company.

Lachiisaa Birruu.(2011). “Haala Dhiyeenyaafi Qabiyyee Tapha Ijoollee Godina Shawaa Lixaa AanaaJalduu” Yuunivarsiitii Aaddis Ababaa: Waraqaa Qorannoo Digrii Duraa (Kan hinmaxxanfamne) Sims and Stephen.(2005). Living Folklore an Introduction to the Study

of Peopsand their Tra ditions. Utah State University Press.

Spradley, J.P. (1979). The Ethnographic Interview. New York. Holt, Rinehart and Winston. Solomoon Araaya, (2004). Qulitative Research: Beyond a Number Game. Inistitution Of Educational Research Flambeau. Addis Ababa University. (vol. aa,N.2)

Tadasse Jaleta. (2011). Children as Interpreters of Culture: Producing Meanings FromFolktales. InSouthern Ethiopia. Indiana University Press.

Tadesse Jaleta and Simonesen. (2014). “ The Role of Oromo Speaking Children in the Story

Telling Tradition in Ethiopia”. Journal of AmericanFolklore. Vol.45 No. 2. Indiana University Press.

Wasanee Bashaa. (1990). Qorii Hambaa. Finfinnee. Dhaabbata Maxxansa Meeggaa.

Wendy Reich. (1991). The Use of Folklore in Revitalization Movements.Taylor and Francis Ltd.

Zawudee Taddasaa. (2001). “Gosoota Afoola Afaan Oromoo”. Dhaabbata Qunnamtii Barnootaa. Ministeera Barnootaa.

Afaan Oromoo online https//afaan oromoo .com.

ዳፋ ጀሞ(1974) ኣዳ ኦሮሞ ዋላጋ፡ ሰንተራል ማተሚያ ቤት

ፈቀደ አዘዘ(ዶ/ር)፤ (1991) የስነ-ቃል መምርያ ፤ ኣሳታሚ ጀርመናዊ የጎልማሶች ትምህርት መረዳጃ ተቀም

ዘሪሁን አስፋው፡፡(1992)፡፡ የስነ-ጽሁፍ መሰረታዊያን፡፡ አዲስ አበባ፤ ንግድ ማተሚያ

## Dabalee A

Yunivarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanii, Jornaalizimii Fi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruu Fi Fookloorii Gabatee Qabxiilee Daawwannaa (Observation Check List)

**T.L. Wantoota Daawwataman**

1. Taphni aadaa ijoollee Magaalaa Shaggar Kutaa Magaalaa Furiitti beekamaniif ijoollee daree keessatti hojiirra oolchan kannen akkamiiti?

2. Taphni ijoollee Kutaa magaalaa Furii kanatti beekaman yoomessa akkamii keessa taphatamu ?

3. Akkaataan raawwiifi hojiirra oolmaa isaanii maal fakkaata?

3. Taphoonni kunniin seerota akkamiifaa hordofuun taphatamu?

3.1. Faaruu /walaloon dhiyaatuu?

3.2. Gareen taphatamuu?

3.3. Tarree galanii dhaabbatuu?

3.4. Dhuunfaan taphatamaa?

3.5. sochii ofkeessaa qabuu?

4 Yeroo taphatamu haala (sochii) hurruubummaa akkamii agarsiisu?

4.1.Duratti fiiguudhaanii?

4.2. Duubatti fiiguudhaanii?

4.3. Duraafi duubatti fiiguudhaanii?

4.4. Olutaaluudhaanii?

4.5. Okkolfachuudhaanii?

5. Hirmaattonni tapha kanaa eenyu fa‛‛i?

5.1. Shamarran qofaan taphatamaa?

5.2. Dhiira qofaan taphatamaa?

5.3. Saala lamaaniinuu kan taphatamudha?

6 Yoomessi taphoonni ittiin taphataman:

6.1. Yeroo Birraa

6.2. Yeroo Bonaa

6.3. Yeroo Arfaasaa

6.4. Yeroo Gannaa

7 . Barattootni hindi walqixa rakkoo tokko malee taphatuu?

8. Eessatti taphatamuu?:

8.1.. Bakka loon tiksanittii?

8.2. Mana Barumsaattii?

8.3. .Bakka Lamaanittiyyuu?

9. Daree barnootaa keessatti akka caaccuu barnooota afaaniitti hojiirra oluu danda'uu?

10. Hudhaaleen kanaan walqabatan jiruu? Yoo jiratan maaliin ibsamu?

## Dabalee B

### Af-gaaffii

Yunivarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanii, Jornaalizimii Fi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruu Fi Fookloorii

Kabajamtoota obboloota /abboota koo, duraan dursee gaaffii afaanii amma isiniif dhiyeessuuf akka naaf eeyyamtan kabajaan isin gaafadha. Kaayyoon gaaffii kanaa dhimma tapha aadaa ijoolleetiin walqabate irratti odeeffannoo sassaabachuu waan ta'eef, yaadaafi muuxannoo dhimma kanarratti qabdan osoo hinqusatin yoo gumaachitan bu'aan qorannoo kanaa olaanaa ta'a.

1.Akka naannoo kanaatti afoollan tapha ijoollee aadaa walqabatan jiru kan jedhaman

Isaan kam fa;a? /warra kam fa'aadha?

2. Taphoonni kunniin yeroo (waqtii) armaan gadii keessaa isa kam keessatti taphatama?

2.1. Kan yeroo gannaa taphatamu

2.2. Kan yeroo birraa taphatamu

2.3. Kan yeroo bonaa taphatamu

2.4. Kan yeroo arfaasaa taphatamu

2.5. Kan halkan taphatamu

2.6. Kan guyyaa taphatamu

2.7. Kanneen yoomessa garaagaraa keessatti taphataman kam fa'i?

3. Taphoonni kunniin bakka kam fa'atti taphatamu? Qe'eetti moo mana barumsaatti taphatamu?

4. Manattis ta'e mana barumsaatti ijjoolleen akkamiin taphatuu?

5. Taphoonni aadaa ijoollee afaanii kun ijoolleedhaaf faayidaa akkamii fa'a qabu?

6. Taphoonni aadaa ijoollee asiin olitti tarreessitan kun maal maal irraa qophaa'u?

7. Akkaataan qophii tapha aadaa ijoollee asiin olitti addeessitanii maal fakkaata?

Hudhalee jiran kanaan walqabatan maal fa'a?

8. Tapha aadaa ijoollee afaaniin walqabatan kana kan qopheessuu eenyu fa'a?

9. Haala raawwii tapha aadaa ijoollee afaaniifi sochii qaamaatiin walqabatanii ilaalchisee yeroo taphatan sanatti maal fakkaata?

9.1. Gaheen qooda fudhattootaa maali maal ta'uu qaba?

8.2. Hirmaattotni seera taphichaa eeggatanii akkamitti taphatu?

8.3. Kan moo'ame akka seera taphichaatti maal ta'a? kan seera cabse hoo?

9.4. Taphni warra dhiiraa qofaan taphatamu kam fa'a? maaliif?

9.5. Taphoonni warra shamarranii qofaan taphataman kam fa'a? maaliif?

9.6. Taphoonni saala lamaaniinuu taphataman kam fa'i?

10. Wantootni tapha aadaa ijoolleen kanarraan walqabatan hudhaalee maal maaltu jiruu? Yoo jiraatan maal fa'a?

## Dabalee C

Yunivarsiitii Addis Ababaa Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanii, Jornaalizimii Fi Qunnamtii Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruu Fi Fookloorii.

Gaaffilee Marii garee Kabajamoo barsiisota Afaan Oromoo, Jaarsolii beekamoofi barattoota odeeffannoo qorannoo kanaaf filatamtanii duraan dursee gaaffii marii amma isiniif dhiyeessuuf akka naaf eeyyamtan kabajaan isin gaafadha. Kaayyoon marii kanaa, dhimma tapha ijoolleetiin kutaa magaalaa Furii Afaan Oromoo akka afaan dhalootaaf akka caaccuu afaan barsiisuun walqabate irratti odeeffannoo sassaabachuu waan ta'eef, yaadaafi muuxannoo dhimma kanarratti qabdan osoo hinqusatin yoo gumaachitan buʿʿaan qorannoo kanaa olaanaa ta'a.

1. Akka naannoo kanaatti tapha ijoollee kan jedhamanii maal maal fa'aadha?

2. Faayidaan taphni kun ijoolleedhaaf kennu maal fa'aadha?

3. Taphoota armaan olitti tarreessitan kana ijoolleen yoomessa akkamii keessatti taphatu? Maaliif isinitti fakkaata?

4. Taphoonni kunniin eessa fa'atti taphatamu? Maaliif isinitti fakkaata?

5. Afoollan Taphoonni ijoolleeeertan kunniin maal maai irratti xiyyeeffatu?

6. Akkaataan qophii taphoota kanniinii akkami afaan dhalootaa barsiisuu kessatti maal fakkachuu qaba?

7. Tapha aadaa ijoollee kana eenyu fa'atu qopheessa? Hudhaaleen kanaan qalqabatanii mul'atan maal fa'i?

8. Wantootni tapha ijoollee afoolaan dhiyaataniif walqabatan kanarraan dhiibbaa geessisan jiruu?

9. Gara fuulduraatti taphoonni kun cimee akka ittifuufuuf maaltu godhamuu qaba jettu?